**MIIDHAGINA DURDURII OROMOO KEESSATTI: GODINA SHAWAA LIXAA AANAA ABUUNAA GINDABARAT**

**CAALAA TARRAFAA MUL'ATAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORIITIIN GUUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORII**
**KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII**
**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**SADAASA, 2014/2021**
**FINFINNEE**

# MIIDHAGINA DURDURII OROMOO KEESSATTI: GODINA SHAWAA LIXAA AANAA ABUUNAA GINDABARAT

# (LITERARY AESTHETICS IN THE NARRATION OF OROMO FOLKTALES: WESTERN SHOWA ZONE, ABUNA GINDEBERET DISTRICT)

**CAALAA TARRAFAA MUL'ATAA**

**GORSAAN: ASAFAA TAFARRAA DIBAABAA (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORIITIIN GUUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORII**
**KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII**
**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**SADAASA, 2014/2021**
**FINFINNEE**

**Yuunivarsiitii Finfinnee**

**Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo, Og-barruufi Fooklooriitiin guuttachuuf Caalaa Tarrafaa Mul’ataa, mata duree, “Miidhagina Durdurii Oromoo Keessatti: Godina Shawaa Lixaa Aanaa Abuunaa Gindabarat,” irratti xiyyeeffatee qophaa’e sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa’e guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa ______________________Mallattoo _____________ Guyyaa ______________

Qoraa Keessaa____________________Mallattoo______________ Guyyaa______________

Gorsaa _________________________Mallattoo _____________ Guyyaa ______________

Itti Gaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)

__________________________________________________________

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

A) Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame,qorannoon kun hojii koo ta'uusaafi kanaan duras Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hindhiyaatin ta'uusaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa ________________________________

Mallattoo ______________________________

Guyyaa ______________________________

B) Barataan Caalaa Tarrafaa Mul'ataa waraqaa qoraannoo isaa haala seera qorannoo eegeen qopheessuu isaafi muummeef galchuu danda'uu isaa ani gorsaan mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa ________________________________

Mallattoo ______________________________

Guyyaa ______________________________

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

**Baafata** ........ i

**Axereeraa** ........ iv

**Galata** ........ v

**Hiika Jechootaa** ........ vi

**BOQONNAA TOKKO: SEENSA** ........ 1

**1.1. Seenduubee Qorannichaa** ........ 1

**1.2. Ka'umsa Qorannichaa** ........ 2

**1.3. Kaayyoo Qorannichaa** ........ 2

**1.3.1. Kaayyoo Gooroo** ........ 2

**1.3.2. Kaayyoolee Gooree** ........ 3

**1.4. Faayidaa Qorannichaa** ........ 3

**1.5. Daangaa Qorannichaa** ........ 3

**1.6. Hanqina Qorannichaa** ........ 4

**1.7. Ibsa Bakka Qorannichaa** ........ 4

**1.8. Qindoomina Qorannichaa** ........ 6

**BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU** ........ 7

**2.1. Fookloorii** ........ 7

**2.1.1. Afoola (Oral Literature)** ........ 9

2.1.2. Gooroowwan Afoolaa ........ 10
2.1.2.1. Seeneffamoota Afoolaa/Raagoo (Oral Narratives) ........ 10
2.1.2.2. Afwalaloo (Oral Poetry) ........ 15
2.1.2.3. Qareeyyii (Witicism) ........ 15
2.1.3. Miidhagina Durdurii ........ 16
2.1.4. Faayidaa Durdurii Oromoo ........ 19
2.2. Yaaxxina Qorannichaa ........ 20
2.2.1. Yaaxxina Haalawaa ........ 20
2.3. Sakatta'a Barruulee Walfakkii ........ 22
BOQONNAA SADII: MALA QORANNOO ........ 23
3.1. Saxaxa Qorannoo ........ 23
3.2. Madda Ragaa ........ 23
3.3. Iddattoofi Iddatteessuu ........ 23
3.4. Irraawwatama Qorannichaa ........ 24
3.5. Tooftaalee Funaansa Ragaalee ........ 24
3.5.1. Daawwannaa ........ 25
3.5.2. Af-Gaaffii ........ 25
3.5.3. Marii Garee ........ 26
3.6. Ragaalee Galmeessuu ........ 27
3.7. Mala Odeeffannoo Qaaccessuufi Ragaa Kaa'uu ........ 27
3.7.1. Ragaa Kaa'uu (Data Transcription) ........ 27
3.7.2. Mala Odeeffannoo Qaaccessuu ........ 27

**3.7.3. Adeemsawwan Ragaalee Xiinxaluufi Hiikuu ........................................... 27**

**3.8. Naamusa Qorannoo ........................................................................... 28**

**BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE ................................................. 29**

**4.1.Qaaccessa Miidhagina Durdurii Oromoo Aanaa Abuunaa Gindabarat....... 29**

**4.2. Miidhagina Durdurii Oromoo Aanaa Abuunaa Gindabarat ........................ 74**

**4.3. Yoomessa Durdurii Oromoo.................................................................. 75**

**4.4. Hirmaattota Durdurii Oromoo............................................................ 76**

**4.5.Haala Dhiyeenyaa Durdurii Oromoo Aanaa Abuunaa Gindabarat............. 77**

**4.6. Faayidaa Durdurii Oromoo .................................................................. 78**

**BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ................................ 79**

**5.1. Cuunfaa................................................................................................ 79**

**5.2. Argannoo ............................................................................................ 79**

**5.3. Yaboo ................................................................................................. 81**

**WABIILEE ................................................................................................. 82**

**DABALEEWWAN....................................................................................... 84**

**DABALEE (A) ........................................................................................... 84**

**DABALEE (B) ........................................................................................... 85**

**DABALEE (C) ........................................................................................... 86**

**DABALEE (D) ........................................................................................... 87**

**DABALEE (E) ........................................................................................... 88**

**DABALEE (F)............................................................................................ 90**

# Axereeraa

*Mata duree, "Miidhagina Durdurii Oromoo Keessatti: Godina Shawaa Lixaa Aanaa Abuunaa Gindabaratitti," jedhu irratti qorannoo gaggeessuuf dhimmoota sababa ta'an keessaa inni guddaan dagatamaa deemuu durdurii Oromooti. Durduriiwwan afaniin himamaa turan dhaloota har'aatiin hir'aanfatamaa jiru. Durduriin yommuu dagatamaa deemu, miidhaginni isaatis waliin dagatamaa deema. Rakkoo kana furuuf, qoratanii barreeffamaan kaa'uun barbaachisaa waan ta'eef, qorataan mata duree kana filatee qorachuuf fedhiifi kaka'umsa godhatee jira. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa miidhagina durdurii Oromoo keessatti Aanaa Abuunaa Gindabaratitti qorachuudha. Kaayyoo kana galmaan ga'uuf mala qorannoo akkamtaatti dhimma bahame. Haaluma kanaan madda ragaa jalqabaatiin (maanguddootaafi dargaggoota irraa) odeeffannoon funanamanii jiru. Akkasumas, madda ragaa 2ffaatiin (kitaabileefi barruulee barreeffamaan jiran) dubbisuun odeeffannoon argaman dhimma itti bahamanii jiru. Mala qorannichaa keessatti gosti iddattoo hojiirra oole iddattoo akkayyoofi darbaa dabarsaati. Tooftaaleen funaansa ragaalee daawwannaa, af-gaaffiifi marii garee yommuu ta'an, ragaalee sassaabuuf gargaaranii jiru. Kanaaf immoo mala ragaalee galmeessuu: yaadannoo waraqaa irratti qabachuu, suur-sagaleen waraabuufi suuraa kaasuutti fayyadamuun ragaaleen argaman qaacceffamanii jiru. Yaaxxinni qorannoo kanaaf filatame yaaxxina haalawaadha. Sababni yaaxxinni kun filatameef, miidhagina durdurii Oromoo keessatti qorachuuf mijataa waan ta'eefi. Akkaataa odeeffannoo argameetiin durduriin Oromoo akkaataa jalqabbii (baninsa), haala dhiyeenyaa, akkaataa ergaa ittiin dabarsaniifi akkaataa goolabbii (cufinsa) mataa isaa kan qabudha. Haalli jalqabbii (baninsi) isaa, "Durdur…,Dur…, Bara durii…, Bar tokko…, Gaaf tokko…," jedhamee kan eegaludha. Qooddattoonni gurguddoon durdurii, jalqabarra dhiyaatu. Akkaataan goolabbii (cufinsi) immoo, "Akkasitti…jedhama," jedhameeti. Goolabbii irratti yeroo tokko tokko ergaa durdurichaa dhimma dubbatamaa jiru wajjin walqabsiisuun ibsuun nijira. Wantoonni miidhagina durdurii Oromootiif gumaachan kanneen akka akkaataa seenessuu/himiinsa(sochii qaamaan deeggaramuu, dandeettii akkeessuufi fakkeessuu, irra deddeebii, sagalee hawwataa qabaachuu, duraa duuba gochaa eeguun seenessuufi dhimma dubbatamaa jiruun walqabsiisuu), hirmaattonni qooda fudhachuu (gaafachuu, deebisuufi miira itti dhagahame calaqqisiisuu), haala dhiyeenya qabiyyeefi akkaataa ergaan ittiin darbu fa'i. Durduriin Oromoo miidhagina isaa eegee dhalootaa dhalootatti akka darbuuf maanguddoon, dargaggoonni, dhaabbileen barnootaafi qo'annoo aadaa uummataa bal'inaan durdurii Oromoo irratti xiyyeeffachuun gahee irraa eegamu bahuun barbaachisaadha.*

## Galata

Hunda dura Waaqa uumaa kiyya isa nagaa naaf kennee har'aan na gahe galanni haagahu. Itti aansuun, yeroo isaanii aarsaa gochuun gorsa barbaachisu naaf kennuun adeemsa qorannoo kanaa jalqabaa hanga dhumaatti kan naaf qajeelchan Dr. Asafaaa Tafarraa baay'een galateeffadha. Jiraadhaa! Umrii dheeraa qabaadhaan jedhaani. Kana malees, namoota yommuun qorannoo kana gaggeessu odeeffannoo naaf kennaniifi hayyoota mata duree qorannoo kiyyaarratti qoratanii barreessan kanan ani yaada isaanii fudhadhee qorannoo kana keessatti dhimma itti bahe hundaan galatoomaan jedhaani. Akkasumas, Yuunvarsiitii Finfinneetti Muummee Afaan Oromoo, Og-barruufi Fookloorii wantoota qorannoo kana gaggeessuuf akka muummeetti nabarbaachisan naaf kennuun milkaa'ina qorannoo kanaaf gumaacha naaf taasisaniif hedduun galateeffadha.

## Hiika Jechootaa

| | |
|---|---|
| Af-gaaffii | gaaffii afaaniin gaafatamu |
| Af-seenaa | seenaa afaaniin himamu |
| Af-walaloo | walaloo afaaniin dhiyaatu |
| Bultii Dhaabuu | gaa’ela godhachuu |
| Dallaa | mooraa (moonaa) |
| Du’a ga’ii | mana warra firri jalaa du’ee deemanii jajjabeessuu |
| Goodaa | urufa, dirree (lafa diriiraa) |
| Hallayyaa | qilee (bool’a gadi fagoo) |
| Hinkoo | gahee (qooda) |
| Ilaallannaa | gocha gaa’ela godhachuun dura raawwatamu |
| Jaargocha | sabseena, ijaarama gochaa |
| Labata | dhaloota |
| Qalqal’oo | meeshaa gogaa irraa hojjetamee miidhaan itti naqachuuf gargaaru |
| Qooddattoota | Namfakkiilee (taatota) |
| Safuu | Seera Uumaafi uumamaa |
| Shira | daba (cubbuu) |
| Yoomessa | yeroofi idoo, haala hawaasummaa seenaan tokko keessatti raawwate |

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee  Qorannichaa

Haala jiruufi jireenyaa keessatti hawaasni kamuu aadaa, seenaa, amantiifi afaan dhuunfaa isaa ni qabaata. Caacculeen jiruufi jireenyaa kunneen immoo walta'uudhaan dandeettii, muuxannoo, muudannoo, hubannoofi falaasama hawaasichaa ibsu.Hawaasni tokko aadaa mataa isaa qabaachuun eenyummaa isaa calaqqisiisa. Uummata haala kanaan eenyummaa isaa calaqqisiifachaa tureefi jiru keessaa uummatni Oromoo isa tokko.Yaada kana Asafaa, (2009:21) akka ibsutti, "Hawaasa eenyummaafi falaasama isaa karaa gara garaatiin ibsatu keessaa hawaasni Oromoo isa tokkoodha," jedha. Kana malees, Gada Melba, (1998:8) irratti yoo ibsu, "*Infact, Oromo is one of the most numerous nations in Africa, which enjoyes a homogeneous culture and shares a common language, history and descent and once shared common political, religious and legal institutions*," jedha. Kana jechuun, uummatni Oromoo saboota Afrikaa keessaa saba bal'aa aadaa isaatiin boonu, kan afaan, seenaa, achii as-dhuftee, haala bulchiinsaafi amantii, akkasumas, jaarmiyaalee seeraa kan mataa isaa kan qabuufi haalota kanneenis waliin qooddatee kan jiraatu jechuudha.

Beekumsa dhalootaa dhalootatti dabarsuun aadaa uummata Oromoo keessatti afoolaan, raawwiidhaan, daawwannaafi akkasumas, erga sirni barreeffamaa babal'atee barreeffamaanis hojiirra oolaa jira. Uummatni Oromoo afoola isaatti fayyadamee dhaloota barsiisa, seenaa yaadachiisa, quuqama ibsata, aadaa isaa tikfata. Kanaaf, beekumsa dhalootaa dhalootatti dabarsuu keessatti uummata Oromoo biratti afoolli gahee guddaa qaba. Akka Alamaayyoo, (1999:37) jedhutti, "Seenaa, muuxannoo fi aadaan hawaasa Oromoo keessatti dhaloota irraa dhalootatti akkasumas, miseensa gadaa tokkorraa gara itti aanutti kan darbu afoolani." Uummatni Oromoo durdurii isaatiin ijoollee isaa barsiisa. Garuu, yeroo ammaa kana dagatamaa jira. Miidhaginni durdurii keessa jirus walumaan dagatamaa jira. Kanaaf, qorachuun barreeffamaan kaa'uun barbaachisaadha. Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti miidhagina durdurii Oromoo keessatti Aanaa Abuunaa Gindabaratitti qorachuun kan ibsamuudha.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Uummatni Oromoo dhimmoota adda addaatiif durdurii isaatti dhimma baha. Durduriin kunis afaaniin himamuudhaan beekama. Hawaasa keessattis afaanumaan daddarba. Haa ta'u malee, yeroo ammaa hedduun isaanii dagatamaa jiru. Akka hinbadneef ykn guutummaatti hindagatamneef qoratanii bifa barreeffamaan kaa'uun barbaachisaadha. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaatis miidhagina durdurii keessa jiru qorachuun barreeffamaan kaa'uudha. Kana malees, beekumsi uummataa kun (durduriiwwan) Aanaa Abuunaa Gindabaratitti beekamaa turan baay'een isaanii sababa funaanamanii qaacceffamanii hinteenyeefi miidhaginni durdurii Oromoo aanichaa hinqoratamneef faayidaa adda addaatiif oolchuurratti hanqinatu mul'ata. Qaawwa kana duuchuuf beekumsicha qorachuun murteessaadha. Beekumsi hawaasaa qoratamee galmaa'ee taa'e jiruufi jireenya uummata sanaa qorachuuf akka madda ragaatti gargaara. Kana malees, qorataan aanaa kanatti dhalatee kan guddate waan ta'eef durduriiwwan aanicha keessatti himamanitti hirmaachaa waan tureef miidhagina durdurii Oromoo aanichaa akka qoratuuf kaka'umsa itti horee jira.  Kanumarraa ka'uudhaan miidhagina durdurii Oromoo keessatti: Aanaa Abuunaa Gindabaratitti qorataan qoratee jira. Gaaffileen qorannichaa armaan gaditti dhiyaatan qorannicha keessatti deebii argatanii jiru.

- ❖Miidhaginni durdurii Oromoo keessatti haala kamiin dhiyaata?
- ❖Miidhagina durdurii Oromoof maal maaltu gumaacha?
- ❖Jalqaba, dhiyeessaafi goolaba durdurii Oromoo keessatti maal maaltu dhiyaata?
- ❖Durdurii Oromoo himuu keessatti qabiyyeen haala kamiin dhiyaata? Ergaan akkamitti darba?

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa miidhagina durdurii Oromoo keessatti Aanaa Abuunaa Gindabaratitti qorachuudha.

### 1.3.2. Kaayyoolee Gooree

- Miidhaginni durdurii Oromoo keessatti haala kamiin akka dhiyaatu ibsuu,
- Wantoota miidhagina durdurii Oromoof gumaachan addeessuu,
- Jalqaba, dhiyeessaafi goolaba durdurii Oromoo keessatti maal maaltu akka dhiyaatan ibsuu,
- Durdurii Oromoo himuu keessatti qabiyyeen haala kamiin akka dhiyaatuufi ergaan akkamitti akka darbu ibsuu.

## 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Beekumsa uummataa dhalootaa dhalootatti dabarsuuf qorachuun barbaachisaadha. Faayidaan qorannoo kanaa abbaa beekumsichaa kan ta'e (uummata Oromoo) beeksisuuf nigargaara. Haala uummatni Oromoo durduriitti fayyadamee beekumsa, muuxannoo, hubannoofi falaasama isaa ittiin daddabarsu qaama hubachuu barbaaduuf qorannoon kun nifayyada. Kana malees, qaama durdurii Oromoo qorachuu barbaaduuf madda ragaa lammaffaa ta'ee tajaajila. Waajjirri Aadaafi Tuurizimii Aanaa Abuunaa Gindabarat qorannoo kana koppii isaa dhumarratti waan qorataarraa argataniif madda ragaa ta'ee isaan gargaara.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun Miidhagina Durdurii Oromoo Keessatti Aanaa Abuunaa Gindabaratitti qorachuurratti kan xiyyeeffateedha. Qorannichis kan gaggeeffame Fulbaana, 2012 ALH hanga Mudde, 2014 ALHtti. Qorataan mata dureefi bakka qorannoo haala kanaan sababni daangesseef baasii qorannoo salphisuufi yeroo qorannoo qusachuufi. Qorataan yommuu ragaa funaannachuuf dirree deemu aanicha keessatti dhalatee waan guddateef ragaalee qorannichaaf barbaachisan haala salphaa ta'een qaamolee gara garaarraa argachuu danda'a. Kun immoo baasii qorannichaa salphisuufi yeroo qorannoo qusachuu mala. Kana malees, mata dureen kun yeroo karoorfame keessatti qoratamee xumuramuu haala danda'uun kan dhiyaateedha. Mata duricha daangessuun kan barbaadameef gadifageenyaan qorachuufi.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Adeemsa qorannoo kanaa keessatti hanqinoonni tokko tokko qorataa muudataniiru. Hanqinni baajataa, yeroo, odeeffannoo kennuu diduu odeefkennitootaafi kanfaltii gaafachuu, akkasumas dhibee balaafamaa addunyaa gaaga'aa jiru (Vaayireesii Koronaa/COVID-19). Kana malees, kaameraa fayyadamuun ijoolleen ragaa kennuu irraa gara kaameraa ilaaluu, suuraa isaanii ilaaluufi sagalee isaanii dhaggeeffachuuf yaaduutti akka xiyyeeffatan taasisee jira. Qorataan hanqinoonni kunneen akka muudachuu malan dursee hubachuun itti fayyadama baajataafi yeroo haala qusannaafi karoorfameen hojiirra oolchuun hanqinicha keessa darbuu danda'eera. Odeeffannoo kennuu diduufi kanfaltii gaafachuu odeefkennitootaa ilaalchisees haala toofta qabeessa ta'een itti dhiyaachuudhaan akka fedhii qabaatan taasisuun ragaa barbaadame argateera.Vaayireesiin Koronaa(COVID-19) odeeffannoo funaannachuuf baay'ee kan qorataa rakkise ta'us, tooftaa ittisa vaayireesichaa fayyadamuun qorannichaaf odeeffannoo barbaachisu funaannachuun danda'ameera. Kana malees, ragaa waraabbachuu, interneetitti fayyadamuufi bilbilaaf rakkoon ibsaafi neetwooorkii qorataa muudatee ture. Kanaaf, qorataan bakka ragaa waraabbachuuf rakkatetti barreeffamaan yaadannoo qabachuudhaan ragaa funaannateera.

## 1.7. Ibsa Bakka Qorannichaa

Qorannoon kun Godina Shawaa Lixaa Aanaa Abuunaa Gindabarat Ganda Gaajoo Baddeessaafi Ganda Qarree Ceekaa keessatti kan gaggeeffamedha. Aanaan kun bara 1998 ALH kan hundeeffamte yoo taatu, aanaalee godina Shawaa Lixaa keessaa tokkodha. Aanaan Abuunaa Gindabarat karaa Kaabaa Shawaa Kaabaatiin, karaa Bahaa Aanaa Meettaa Roobiitiin, karaa Kibbaa Aanaa Jalduutiin fi karaa Lixaa Aanaa Gindabaratiin daangeffamti. Aanaan kun rooba gahaa, qilleensa gaarii, lafa bal'aafi qabeenya uumamaa adda addaatiin kan badhaateedha. Aanaan Abuunaa Gindabarat gandoota magaalaa lama (Magaalaa Bakkee Qalaaxeefi Magaalaa Haroo Biitee)fi gandoota baadiyaa 44 kan qabdu yoo taatu, magaalaa guddoo godina Shawaa Lixaa (Ambo) irraa km 135 (kiilomeetira dhibba tokkoofi soddomii shan) fagaattee gara Lixaatti kan argamtu giddu-galeessi teessoo ishee magaalaa Bakkee Qalaaxeeti. Haala ragaa jiruutiin bal'inni lafaa Aanaa Abuunaa Gindabarat hek.1358264 yoo ta'u, kunis bal'ina lafaa jiru keessaa lafti qonnaaf ooluu danda'u hek.88509.67dha. Lafti dheedhichaaf oolu hek.45761.74 yoo ta'u, lafti bosonaafi micireen qabamee jiru hek.1557fi  kan biroo hek.22644.67.

Lafti qonnaaf ooluu hindandeenye hek.21801.67 ta'a. Aanaan Abuunaa Gindabarat qilleensa baddaa, badda dareefi gammoojjii kan qabdu yoo taatu, haala qilleensaa dhibbeentaa jaahaatamii sadii (63%) gammoojjii, dhibbeentaa soddomii lama (32%) badda dareefi dhibbeentaa shan (5%) baddaadha. Roobni waqtii Arfaasaa ji'a Eblaa irraa eegalee hanga Caamsaatti yoo roobu, roobni Gannaa Waxabajjii irraa eegalee hanga Fulbaanaatti itti fufa. Giddu-galeessaan roobni waggaatti si'a tokko argama. Kunis waqtii Gannaa keessa. Diinagdeen uummata aanichaa loon horsiisuu, lafa qotuufi daldala kan bu'ureeffateedha. Baay'inaan Oromoo Maccaatu aanaa sana keessa jiraata. Darbee darbee Oromoon Tuulamaa jira. Gandootni qorannoon keessatti adeemsifamuuf qorataan filate kunnneen magaalaa aanichaa (Bakkee Qalaaxee) irraa tilmaamaan (Gandi Gaajoo Baddeessaa KM 12, gandi Qarree Ceekaa KM 18) fagaatanii argamu. Aanaaleen Abuunaa Gindabaratiifi Meettaa Roobii Laga guddaa "Malkaa Gaajoo/Laga Gaajoo/Laga Urgaahaa" jedhamuun waldaangessu. Lagni kun bonaa ganna yaa'a. Fulbaana keessa gamaa gamanaa namoonni walitti dhufanii malkaa sana daakanii ce'u.Dandeettiin bishaan daakuu achitti mul'ata.

Kanamalees, iddoowwan hawwata tuurizimii aanaa A/Gindabarat kanneen akka: Sulula Laga Abbayyaa(ganda Doggomaa Kibbiitti kan argamu), Fincaa'aa Qarsa sadeen(ganda Mandiidaa Sooleetti kan argamu), Fincaaa'aa Horan Dhiisaa (ganda Irjaajootti kan argamu), Laga Gaajoo (ganda Gaajoo Baddeessaafi aanaa Meettaa Roobii gidduutti kan argamu), Qaalaa Katabaa (ganda Giixireetti kan argamu), Haroo Saamaa (ganda Harootti kan argamu), Haroo Baantaa (Bakkee Qalaaxeetti kan argamu), Tulluu Muxxee (ganda Gaajoo Baddeessaatti kan argamu), Tulluu Warabboo (ganda Gaajoo Baddeessatti kan argamu), Bosona Buuluu (ganda Oborraatti kan argamu), Bosona Barrachaa (ganda Jamma'oo Finnootti kan argamu), Kaabii Gaajoo (Bakkee Qalaaxeetti kan argamu), Gaara Jimaafi Bosona Laagaa (ganda Gaajoo Baddeessaatti kan argamuu)fi Lafa Olka'aa Badda Xinnoo (Badda Xinnotti kan argamu)dha.

Uummatni Oromoo aanaa kana jiraatu aadaa mataa isaa kan jiruuf jireenya ittiin gaggeeffatu qaba. Kunis, aadaa walgargaarsaa (daboo, jigii, dugdee/waanfala…), aadaa fuudhaafi heerumaa (kaadhimannaa, Aseennaa, Dhaala, Abaabbaltii/Hawwii…), aadaa nyaataafi dhugaatii (Cuukkoo, Caccabsaa, Irra dibaa, Kochee, Daadhii/Booka, Farsoo geeshoo, Farsoo bordee, Xajjii, Araqee,…) aadaa uffannaa, aadaa awwalchaafi kkf kan qabanidha. *(Madda: Waajjira Aadaafi Tuurizimiifi Waajjira Lafaafi Eegumsa Naannoo Aanaa Abuunaa Gindabarat)*

## 1.8. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shanitti kan qoodamudha. Boqonnaa tokkoffaa keessatti seensa, ka'umsa qorannichaa, gaaffilee qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaafi hanqina qorannichaatu argamu. Boqonnaa lammaffaa keessatti sakatta'a barruutu dhiyaata. Mata duree qorannichaa ilaalchisee yaada hayyootaa madda ragaa lammaffaatiin(barreeffamaan jiran) sakatta'amanii dhiyaataniiru. Kana malees, yaaxxinni qorannichaaf mijatu dhiyaateera. Akkasumas, sakattaan barruu walfakkii qorannoowwan kanaan dura mata duricharratti gaggeeffaman sakatta'amaniiru. Boqonnaa sadaffaa keessatti immoo, mala qorannichaatu hammatama. Kunis, madda odeeffannoo, iddattoo, malleen odeeffannoo funaanuu, adeemsaafi mala odeeffannoon ittiin qaacceffamu of keessatti qabata. Boqonnaa isa arfaffaa keessatti qaaccessa odeeffannoo funaanamaniitu dhiyaate. Boqonnaa shanaffaa kessatti immoo guduunfaa, argannoofi yabootu dhiyaate. Dhumarratti, kitaabilee wabii, rarraatuuwwan akka odeeffannoo funaanuutti tajaajilan, maqaa namoota odeeffannoo kennanii, durduriiwwan funaanamanii hinqaacceffamneefi fakkiiwwantu kaa'ame.

## BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaa kana jalatti yaada hayyoonni adda addaa fooklooriifi dameewwan fookloorii irratti barreessantu sakatta'amee dhiyaata. Hundaa olitti mata duree qorannoo kanaatti xiyyeeffachuun afoola keessumattuu miidhagina durdurii Oromoo keessa jiru ilaalchisanii yaada hayyoonni kennantu dhiyaata. Kitaabileefi barruuleen hayyootaan barreeffaman mata durichaan wal simsiisuun kan sakatta'amaniidha. Walumaa galatti, qorataan odeeffannoowwan madda ragaa lammaffaan argaman yaada mataa isaa itti kennuun kan ibsudha. Dastaa, (2013:96) sakatta'a barruu ilaalchisuun akka itti aanutti ibsa;

> *Qorannoon gaggeessinu ragaa beektotaatiin deeggaramee dhiyaachuu qaba. Waa'ee mata duree keenyaa beektonni kallattiidhaan waan jedhan jiraachuu danda'a. Qorannoon keenya ammoo yaada jaraa sana kan deeggaru ykn kan mormu ta'uu mala. Deeggarsaafis haa ta'uu mormiidhaaf yaada beektotaa iddoon itti barreessinu sakatta'a barruu kutaa jedhamu jalatti.*

## 2.1. Fookloorii

Sabni tokko aadaa, afaan, seenaa, duudhaafi hambaalee qabu fayyadamee eenyummaa ofii isaa ni'ibsata. Uummatni Oromoos, uummata aadaa, afaan, duudhaa, amantii, seenaafi falaasama mataa isaa qabuudha. Kun immoo eenyummaafi haala siyaasa diinagdee Oromoo kan calaqqisiisuudha. Yaaduma kana Dirribii, (2012:349) yoo ibsu, "Amantaa, seenaafi aadaan uummata tokkoo walqabatanii eenyummaa uummata sanaa waan ibsaniif siyaasaafi diinagdee uummata sanaa guddisuu irratti gahee guddaa qaba,"jedha. Afoolli gooroowwan fookloorii keessaa isa tokko ta'ee beekumsa hawaasaa dubbii afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarbudha. Maalummaa fookloorii ilaalchisee yaadni murtaa'aan irratti walii galame tokko dhabamus uumama maqichaa, kallattii xiyyeeffannoofi maal maal akka of keessatti hammatuun ibsuun nidanda'ama. Kanas yaada hayyoonni barreessan sakatta'uun ta'a. Dorson (1972:35) akka kaa'etti, *"Folklore is one of the significant aspects of the cultural and traditional wisdom of a people."* Yaada kanarraa akkuma hubannu, fooklooriin qaama aadaafi beekumsa uummataati.

Uummatni kamuu beekumsa jiruufi jireenya isaa keessatti ittiin jiraatu qaba. Jechi 'Folklore' jedhu jechoota Afaan Ingilizii 'Folk' fi 'lore' jedhaman irraa kan uummame yommuu ta'u, 'Folk' jechuun murna ykn garee hawaasaa jechuudha. Allan Dundes (1965) jecha '*folk*' jedhu yoo ibsu, *"The term "folk" share at least one common factor with a group. It does not matter*

*what the linking factor is…it could be a common occupation, language or religion, but what is important is that a group formed for whatever reason will have some traditions which it calls its own,"* jedha. Kana jechuun, murna ykn garee hawaasaa (*folk*) kan jennu kun hawaasa haala jireenyaa (hojii walfakkaataa), afaaniifi amantii walfakkaatu qaban ta'uu akka danda'u haa ta'u malee, murna (*folk)* jedhamuuf waan waliin qooddatan qabaachuun murteessaadha. Kana malees, Oring E. (1986 :135) Dundes waabeffachuun akka ibsitutti, *"Folk can refers to any group of people what so ever who share at least one common factor. The common factors create a sense of collective identity, so that any population with such a sense could be regarded as a folk"* jetti. Akkuma yaada kanarraa hubachuu dandeenyutti, jechi '*Folk*' jedhu kun garee hawaasaa kamuu yoo xiqqaate jiruufi jireenya keessatti waan waliin qooddatan tokko kan qaban kan ibsudha. Wanti waliin qooddatan sun eenyummaa waliinii akka qabaatan kan taasisudha jechuudha. '*Lore*' jechuun immoo beekumsa, muuxannoofi achii-asdhuftee jechuu yoo ta'u, '*Folklore*' jechuun beekumsa/muuxannoo/achii-asdhuftee garee hawaasaa tokko jechuudha. Beekumsa uummataa jechuudha.

*"Folklore is the social, material and oral culture of primitive societies. The social culture comprises such forms as festivals, dances and religious rites. The material culture comprises architecture and art and crafts. The oral culture includes songs, tales, legends, proverbs and riddles".* (A. Isaacs, 1981: 457). Akka yaada kanarraa hubannutti, fooklooriin aadaa hawaasummaa, aadaa qabatamaafi afoola(og-afaan) kan ofkeessatti hammatu yommuu ta'u, aadaan hawaasummaa kunis agarsiisawwan aadaa, shubbisawwaniifi raawwilee amantii hammata. Aadaa qabatamaa kan jedhamu immoo bocawwan ijaarsa adda addaa, aartiifi meeshaalee mana keessaa kan dhuunfatu. Afoolli faaruulee, durduriiwwan, afseenaawwan, mammaaksotaafi hiibboowwan kan hammatu akka ta'e ibsa.

Steven, (1976:552) akka ibsutti, *"Folklore is the traditional beliefs and customs of a community passed on by word of mouth,"* jedha. Akkuma yaada kanarraa hubannu,fooklooriin achii as-dhuftee amantaafi duudhaa hawaasaa dubbii afaaniitiin daddarbuudha. Akkasumas Oring (1986:135) Dundes (1965) waabeffachuun, qabiyyeewwan fookiloorii durdurii, raagamtaa, sheekkoo, baacoo, mammaaksa, cooka, hiibboo, eebba, abaarsaafi kkf qabata. Akka yaadolee kanaatti fookilooriin beekumsa kalaqaa afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbuudha. Dhalli namaa durii kaasee yaada, seenaa, aadaa, eenyummaa, falaasamafi wkf afoolaan ibsachaa ture.

Yaada kana Asafaa, (2009:20) yoo ibsu, “Ilmoon namaa barreeffamaan of ibsuu osoo hinjalqabin dura ogafaan (*Oral Literature*) ykn afoolaan (*Foklore*) ykn fakkiifi bocaan yaada ofiisaa ibsaa ture,” jedha.

Firiiwwan fookloorii garmalee baay’ee ta’an akaakuu akaakuudhaan toora qabachiisuuf, Richard Dorson (1972:3) gooroowwan gurguddoo fookloorii bakka afuritti qooda. Isaanis: Afoola (*Oral literature*), Duudhaa Hawaasaa (*Folk Custom*), Meeshaa Aadaa (*Material Culture*)fi Aartii Sochii Hawaasaa (*Performing Folk Art*) jedhamu. Fooklooriin Oromoo gooroowwan gurguddoo arfan hammachuu  Mohammed Kedir (2015:24) yoo ibsu,  *“The Oromo folklore embraces all forms and genres of folklore denoted by Dorson's (1972) classifications of folklore and folk life studies, namely oral folklore (oral literature), social folk customs, material culture, and performing folk arts, “* jedha. Gooroowwan fookloorii kanneen akka: wantoota(meeshaalee) aadaa, duudhaa hawaasaa, aartii sochii hawaasaafi afoola/ogafaan warra jedhamanidha. Haata’u malee, fooklooriin baay’inaan afoolarratti kan xiyyeeffatudha. Garuu afoola qofa akka hintaane hubachuu gaafata. Kana jechuun afoolli hundi fookloorii ta’uu danda’a; fooklooriin hundi garuu afoola jechuu hindandeenyu. Yaada kana gooroowwan fookloorii hayyoonni akkaataa armaan oliitti qoqqoodan kana waliin walqabsiifnee hubachuu dandeenya.

## 2.1.1. Afoola (Oral Literature)

Afoolli bara 1946 yeroo jalqabaaf moggaasa maqaa *‘Folklore’* jedhu haa argatuyyuu malee, maqaalee gara garaatiin bara eerame kana dura qoratamaa akka ture seenaan qo’annoo afoolaa *‘Folkloristics’* nimirkaneessa. Jechi ‘folklore’ jedhu meeshaalee qonnaan bultoota baadiyyaa waliin jiraachaa ture kan bakka bu’uufi jireenya durdurii kan mul’isudha jedhamee amanamaa dhufe. (Elliot Oring, 1986:6).  Akka Abarraa, (1995:48) ibsutti, “Afoolli aadaa, duudhaafi safuu hawaasa tokkoo dhaloota tokko irraa gara dhaloota itti aanutti afaaniin daddarbaa kan dhufe, darbaa kan jiru. Akkasumas, fuula durattis kan darbu damee aadaa saba tokkooti,” jedha. Yaada kanarraa akkuma hubatamu, afoolli aadaa, duudhaafi safuu hawaasaa calaqqisiisuufi dhalootatti dabarsuuf gahee guddaa qaba. Jaarraafi Wasanee (2008:162) akka ibsanitti, “Afoolli jijjiiramummaaf baay’ee saaxilamaadha. Bu’uurri isaa hawaasni jijjiiramuu waan danda’uuf afoolliifi hawaasni addaan bahanii hin ilaalaman” jedhu. Kun kan agarsiisu amala afoolaa keessaa tokko jijiirramummaa ta’uufi hawaasni hariiroo cimaa afoola waliin qabaachuudha.

Birhanu (1999:12) akka ibsetti *"The characteristics of oral literature is carried by memory and delivered by word of mouth. The performance may introduce variation in wording, structure or content"* jedha. Yaada kanarraa akkuma hubannutti, dubbii afaaniin himamuufi yaadatamee himamuun amaloota afoolaati. Hurruubummaan haala himiinsaafi caasaa ykn qabiyyeef haala mijataa uuma. Kun immoo miidhagina isaatiif hedduu gumaacha.

### 2.1.2. Gooroowwan Afoolaa

Afoola qoqqooduun hojii baay'ee xiyyeeffannoo barbaaduufi rakkisaa ta'eedha. Sababni isaas ulaagaan dhaabbataan hanqina tokko malee afoola ittiin qoqqoodan dhabamuu isaati. Haa ta'u malee, adeemsa qorannoo fookloorii keessatti hojiin jalqabaa qoqqooddiidha. Qoqqooddiin gadi fageenyaan waan san ilaaluufi qorachuuf gargaara. Qoqqooddii afoolaa kanaan dura itti dhimma bahamaa ture bu'ureeffachuu dandeenya. Kunis afoolli gosoota gurguddoo sadii qabaachuu nu hubachiisa.Isaanis: seeneffamoota afoolaa(raagoowwan), walaloolee afoolaafi qareeyyii(kanneen unka gaggabaaboo qaban) kan jedhamaniidha.

#### 2.1.2.1. Seeneffamoota Afoolaa/Raagoo (Oral Narratives)

Raagoowwan(seeneffamoonni afoolaa) seenaa kalaqaafi seenaa bara durii ykn yeroo dhihoo keessa dhugaadhaan raawwate jedhamee itti amanamu kan of keessatti hammatuudha. Seenaa kalaqaa yaadatamee afaaniin himamuudha. Mulugeetaa, (2005:1) akka itti aanutti raagoo ibsee jira.

> *Akaakuuwwan gurguddoo afoolaa keessaa raagoon isa tokkodha.Raagoon adeemsa muuxannoo jireenyaa keessatti uummanni kan dabarse kan waliif seenessu, naannoo keessa jiraatu kan itti hubatu, falaasama isaa kan ittiin gaggeessu, amantii isaa kan ittiin calaqqisiisu, waan gaariin dabarse yookiin gadheen raawwadhe jedhee kan itti yaadatu hojii sadaa(imaginative expressions)ti.*

Akkuma yaada kanarraa hubannu, seeneffamni afoolaa(raagoon) jiruufi jireenya uummataa kan calaqqisiisuufi beekumsa hawaasaa dhalootaa dhalootatti dabarsuuf gahee ol'aanaa kan qabuudha. Akka Mulugeetaa, (2005:29) hayyoota Oring (1986)fi Okpewho (1992) wabeeffachuun ibsutti, seeneffamni afoolaa(raagoon) Raagamtaa(*Myth*), Afseena(*Legend*)fi Durdurii(*Folktale*) jedhamuun qoodamuu danda'u.

## A. Raagamtaa (Myth)

Jechi ‘Raagamtaa’ jedhu jechoota ‘raaga’fi’ amantaa’ jedhaman irraa walitti dhufee kan ijaaramedha. Raaga amantaa jechuun waa’ee amantaan walqabsiisuun raaguu ibsa. Raagamtaan seeneffama afoolaa amantaadhaan walqabatu, kan dhugaadhaan ta’e jedhamee itti amanamuudha.”Raagamtaa yoo jennu waa’ee amantaa raaguu yookiin seenessuu yaada jedhamu ofkeessatti akka hammatu hubachuu barbaachisa.Moggaasni “*Myth*” jedhamu immoo jecha Afaan Giriikiitiin “*Mythos*” jedhamurraa akka dhufe qorannoon hayyootaa nimirkaneessa.” (Mulugeetaa, 2005:30). Jiruufi jireenya isaa keessatti hawaasni kamuu raagamtaa mataa isaa niqabaata. Akkuma aadaan hawaasa tokkoo kan biroo irraa garaagarummaa agarsiisu, raagamtaan hawaasa tokkoos garaagarummaa agarsiisuu danda’a. Kunis, kan bu’ureeffatu aadaa hawaasichaati. Raagamtaan durii kaasee jireenya ilma namaatiif hiikoo kennaa kan tureefi jiruudha. Hayyuun Campbell, (1973:3) yaada kana akka ibsetti, *“Religions, philosophies, arts, the social forms of primitive and the storic man, prime discoveries in science and technology, the very dreams that blister sleep boil up from the basic ring of myth,”* jedha. Akkuma yaada kanarraa hubannutti, guddinni saayinsiifi teeknoolojii osoo hinbabal’atin dura amantiin, falaasamni, aartiifi haalli jiruufi jireenyaa hundi kan hiikoo argachaa ture raagamtaa irraati.

Raagamtaan **Raagamtaa Uumamaa, Raagamtaa Ergamtootaafi Raagamtaa Goobaangalees-saa** jedhamuun qoodamuu danda’a. **Raagamtaan Uumamaa** uumamuu yookiin tolfamuu waan lafa kanarra jiruu kan nu hubachiisuu danda’uudha. Akka Mulugeetaa, (2005:32) ibsetti, “Akaakuun raagamtaa kanaa uumama waan tokkoo nu hubachiisa.Wanti tokko akkamitti uumame? Eenyutu uume? Gaaffiiwwan jedhaman deebisuuf ija amantaatiin kan raagamee itti amanamuudha,”jedha. Kanaafuu, raagamtaan uumamaa uumaafi uummama gidduu hariiroo jiru kan addeessuudha.

**Raagamtaa ergamtootaa** kan jedhamu immoo seeneffamicha keessatti qooddattoonni seenicha raawwatan ergamtoota kan ta’aniidha. **Raagamtaan goobangaleessaa** (*hero myth*) seenicha keessatti qooddataan namuma ta’ee nama uumama addaa kan humna oliin hoogganamu, kan waan yaade galmaan gahuuf kutannoo qabu, kaayyoo isaa galmaan gahuuf gufuu hedduun kan itti baay’atu ta’ee dhumarratti gargaarsa uumaatiin kan milkaa’uudha.

## B. Afseenaa (Legend)

Afseenaan akkuma gosoota raagoo kanneen biroo afaaniin kan himamuudha.Garuu akka raagamtaa dirqama dhimma amantiirratti hinxiyyeeffatu. Garaagarummaa afseenaan kanneen biroo irraa qabu Mulugeetaa, (2005:46) irratti akka itti aanutti ibsee jira.

> *Goobaangaleessi afseenaa gochi raawwate jedhamee raagamu dhugaa yookiin dhugaarraa kan fagaate ta'uu danda'a.Afseenaa keessatti goobaangaleessaa ta'ee seenaan isaa kan raagamu uummata keessatti olaantummaa kan qabaachaa ture ta'a. Mootii biyyaa, Abbaa duulaa, yookiin Abbaa Gadaa ta'uu ni danda'a. Uumamni goobaangaleessichaa kan raagamtaa wajjiin tokko miti. Kana jechuun akka goobaangaleessa raagamtaa amantaa wajjiniin dirqama walitti hidhiinsa hin qabu. Goobaangaleessi afseenaa kun adeemsa jireenya isaa keessatti bu'aa bayii hedduu keessa darbee sadarkaa olaanaa irra kan qaqqabu ta'a.*

Akkuma yaada kana irraa hubannutti, seeneffamni afseenaa dirqama dhimma amantii wajjin walqabachuu dhabuu isaatiin raagamtaa irraa adda ta'a. Kana malees, goobangaleessi afseenaa bu'aa ba'ii hedduu keessa darbee mo'icha ol'aanaan goolabuu isaatiin akkasumas, goobangaleessichi Mootii, Abbaa Gadaa, Abbaa Duulaafi kanneen kana fakkaatan ta'uudhaan gosoota raagoo kanneen biroo irraa adda ta'a.

## C. Durdurii (Folktales)

Gooroowwan gurguddoo raagoo (seeneffamoota afoolaa) keessaa tokko durduriidha. Durduriin/Oduun durii seeneffama kalaqaan guutame, dhalootaa dhalootattiifi yeroodhaa yerootti (baraa baratti) yaadatamee afaaniin himamuudhaan har'a kan gahedha.

> *Jechi durdurii jedhu kun madda garagaraarratti "oral narratives, oral prose narratives" jedhamee argamuu danda'a. Jechoonni kun isa tokko akka bakka bu'an hayyoonni ibsanis jiru. Fakeenyaaf, barreessaan Bauman (1992:117) jedhamu, "Folktales are oral narratives…," jedha. Asirraa wanti hubatamu jechi durdurii (folktales) jedhu him-afaaniin (oral narratives) bakka bu'uu akka danda'u nutti mul'isa. Yaanni kun akka ibsa ykn akka hiika durduriittis nu fayyaduu danda'a. "Durduriin him-afaani" jechuun kan afaaniin himamu; dubbii afaaniiti; dhimma odeeffamu jechuudha.* (Dastaa, 2018:78)

Yaada kana iraa akkuma hubannu, Durduriin afaaniin kan himamu, kan seeneffamu, dubbii afaanii kan bu'ureeffatee odeeffamudha. Durduriin(sheekkoon) hawaasa kamiyyuu keessa nijiraata. Wantoonni (gochoonni) seeneffamanis aadaa hawaasichaa bu'ureeffatu. Hawaasni kamuu durdurii/sheekkoo qabaachuu danda'a. Yaada kana Geetachoo, (2011:147) yoo ibsu,

“Sheekkoon hawaasa kamiyyuu bira kan jiruufi wantoota adda addaa kan akka horiitti, namatti, bineensotaatti, mukatti, dhagaattiifi kan kana fakkaatan bu’ureeffachuun kan himamudha,” jedha. Nuuraddiin Ibraahim, (2020:162) yaada kana akka itti aanutti cimsa.

> *Sheekoon damee afoolaa keessaa tokko ta’ee seenaa, duudhaa, amantaa, muuxannoo, ilaalcha, falaasama, hawaasummaa, diinagdeefi kkf dhalootarraa dhalootatti karaa ittiin dabarfannu keessaa isa tokko. Sheekoon bifa dubbiin fakkiin jireenya hawaasa kaleessaa maal akka ture, har’a maal akka fakkaatu, fuulduratti immoo maal akka ta’uu qabu nu akeeka. Sheekoon wantoota akka horii, namaa, bineensotaa, mukaa, dhakaafi kkf irratti bu’uureffachuun bifa walaloofi hololootiin himamsa afaaniitiin kan dhiyaachuu danda’uudha.*

Akkuma yaada kanarraa hubannutti, durduriin seeneffama afoolaa yaadatamee afaaniin himamu ta’ee, kan jiruufi jireenya hawaasa keessatti himamuu calaqqisiisudha. Durduriin gooroowwan seeneffama afoolaa kanneen biroo irraa adda ittiin ta’u niqaba. Akkaataa himinsaafi sadarkaa dhugummaa seeneffamichaa bu’ureeffachuun addummaa kana hubachuun nidanda’ama.

Raagamtaan seeneffama dhugummaan isaa daran itti amanamu yommuu ta’u, durduriin garuu seeneffama afoolaa kalaqaan guutame kan bashannansiisuufi barsiisuuf ooludha. Yaada kana Sesan, Azeez A Kinwumi, (2014:78) Bascom (1943) wabeeffachuun akka itti aanutti ibsa.

> *Bascom (1943), in his taxonomy identifies two forms of narrative in Yoruba oral traditions. These two classes are myths (Itan) and folktale (Alo). Myths are more valued than folktales because they are more factual and historically true and reliable. On the other hand, it is believed that folktale is fictional and factually undependable.*

Kana jechuun, Bascom (1943) qoqqooddii isaatiin afoola Yoruba keessaa gosoota seeneffamoota afoolaa lama adda baasee ture. Isaanis: raagamtaafi durduriidha. Raagamtaan waan qabatamaan raawwate, dhugaadha jedhamee itti amanamu yommuu ta’u, durduriin immoo hojii kalaqaa sadarkaan dhugummaa isaa gadi bu’aa ta’e (qofaa isaatti dhugaa of danda’ee himamu kan hintaane) jechuudha. Akkuma yaada kana irraa hubannutti, durduriin hojii kalaqaa (uumee) qooddattoonni adda addaa (bineensota, nama, muka, dhagaa…) seeneffamicha keessatti qooda fudhachuun seenaa raawwate kan bashannansiisuufi barsiisuuf afaaniin himamudha.

Qorannoo durdurii taasisuuf qoqqooduun barbaachisaadha. Qoqqooduuf immoo ulaagaa barbaachisa. Ulaagaan dhaabbataan hanqina hinqabne dhabamus, qorattoonni durdurii irratti qorannoo adeemsisan akka qorannichaaf mijatuuf ulaagaalee qoqqooddii kaa’uuf yaalanii jiru. Yaada kana Dastaa, (2018:79) ulaagaalee qoqqooddii Okpewho wabeeffachuun akka itti aanutti ibsee jira.

*Okpewho (1992) haala durdurii ittiin qoqqoodan bakka afuritti hiree dhiheessa. Inni jalqabaa hirmaattota bebbeekamoo durduriirratti hundaa'udhaan (on the basis of protagonists) ta'a. Lammaffaan qabiyyee durduriirratti hundaa'udhaan qoqqooduu yoo ta'u sadaffaan amaloota durduriirratti xiyyeeffachuudhaan qoqqooduu ta'a. Qooddii arfaffaan hayyuu kanaan kaa'ame haala durduriin keessatti himamu (context), wayitii itti seeneffamu (occasion) irratti hundaa'uudhaan ta'a. Durdurii qoqqoduuf haalli mijataadha jedhamee yaadamu arfan kanneen ta'anis qoqqooddii kana keessatti garuu yaadonni tokko tokko addaan baasudhaaf kan nama rakkisan ta'anii argamu. Akka fakkeenyaatti jechoonni akka seen-dubbiifi ('legend') raagamtaa ('myth'), durdurii goch-seenaa ('epic tale'), durdurii namaa 'human tale' jedhaman qooddiiwwan eeraman jalatti ramaduuf rakkisaa akka ta'an hubachuun nidanda'ama.*

Ulaagaalee qoqqooddii durdurii ilaalchisee yaada biroo kan dhiyeesse, Dorson (1972: 59) dha. Akka Dorson jedhutti, *"…a perfect classification based on form, content, and function would hardly be possible,"* jedha. Kana jechuun durdurii qoqqooduuf ulaagaaleen qabiyyee, caasaafi faayidaa isaanii bu'ureeffachuun gahaa miti jechuudha.Kun yaada Okpewho dhiyeesse kan diigudha. Yaada hayyoota kanneeniirraa kan hubannu, durdurii qoqqooduun salphaa akka hintaaneefi ulaagaan durdurii qoqqooduuf guutuu ta'e dhabamuudha. Haata'u malee, qoqooduun hindanda'amu jechuu miti. Moggaasa maqaa durdurii Oromoo yommuu ilaallu, durdurii, oduu durii, mammaaksa, him-afaan jedhamanii maqaa garaagaraatiin wamamu. Kun haala adda addaa keessatti amala jijjiirrachuufi iddoo itti himaman bu'ureeffachuu ibsa. Qoqqooddiifis rakkisaa ta'a. Ta'ullee, ulaagaalee kanaan dura jiran bu'uureeffachuun qorachuun nidanda'ama. Haala (*context*) durduriin sun keessatti himame bu'ureeffannee yoo qoqqoodne filatamaadha.

## Caacculee Durdurii

Durduriin caacculee mataa isaa qaba. Caacculee durdurii akka itti aanutti ilaaluun nidanda'ama.

**Fakkaattii/Namfakkii(Character):** durdurii keessatti namfakkiileen nama, bineensa, horii, muka, uumama biroofi kkf ta'uu danda'u.Namfakkiileen kunneen amala namummaa goonfatanii seeneffamicha keessatti gahee isaanii ba'u.Yeroo baay'ee namfakkiilee durdurii gidduutti amalaafi dandeettii waliif faallaa ta'antu mul'ata.Gamnafi gowwaa, gootaafi dabeessa, beekaafi wallaalaa, gara laafessaafi gara jabeessaafi kkf argina.

**Jaargocha/Sabseena(Plot):**Sabseenni durdurii haala salphaa ta'een ijaaramee fuulduratti kan adeemuudha.Akka kan asoosamaa walxaxaafi micciirramaa miti.Akka Mulugeetaa, (2005:59) ibsetti, "Ka'umsiifi ta'umsi (cause and effect) durdurii hangas kan jabaatu miti.Gochi tokko gara fuulduraatti furii walharkaa darbaa soroorratee hanga dhumaatti kan deemu." Dabalataanis Oring, (1986:333) yoo ibsu, *"The plot of folktale proceeds as a logical sequence of events.Each*

*event in the tale logically conditions the events that follow,"* jedha.Kana jechuun, jaargochi durdurii tartiibumaan fuulduratti haala salphaan tankaarfataa kan deemu ta'uu isaati.

**Waldhabbii (Conflict):**Durdurii keessatti waldhabbii jabaataan uumamuu baatus namfakkiilee gidduutti waldhabbii salphaan uumamuun seenichi fuulduratti akka deemuufi qalbii hawwatu kan taasisu nijiraata.

**Gocha (Action):** Adeemsa raawwii durdurii keessatti gochoonni raawwataman yeroo baay'ee walfakkaatoodha. Irra deddeebiifi gochoota walfakkaatootu mul'atu. Inni tokko waan tokko raawwata. Inni kan biraanis gocha fakkaattiin duraan raawwate akkeessuun raawwata.

**Yoomessa (Setting):**Yoomessi durdurii adda bahee hinbeekamu.Yoom akka raawwateefi eessatti akka raawwate akkasumas, haala hawaasummaa akkamii keessatti akka raawwate ifatti wanti beekamu hinjiru. Bara durii jedhamuun seeneffama/himama. Kun amala durdurii seeneffama biraa irraa adda taasisuudha.

### 2.1.2.2. Afwalaloo (Oral Poetry)

Afwalaloon walaloo afoolaa ogummaan miidhagee dubbii afaaniin daddarbuudhaan kan beekamudha. Walalooleen afoolaa afoolawwan akka: sirba(sirba daboo, sirba jaalalaa, sirba gaa'elaa, sirba gadaafi arrabsoo dubaraa), geerarsa(geerarsa ajjeesaa, geerarsa aaloo/xiiqiifi geerarsa gaabbii), faaruu(faaruu loonii, faaruu Waaqaa, faaruu deessuu, faaruu Ateetee, faaruu lafaafi faaruu buddeenaa)fi weedduu kan of keessatti hammatuudha. Abdurrahmaan, ( 2008: 25) Fennegan (1970,1990) wabeeffachuun akkaataa Fennegan afwalaoo itti qoqqoodde yoo ibsu, "(*poetry& patronage*), faaruuwwan (*panegyric*), afwalaloo gaddaa ykn du'aa (*elegiac poetry*), af-walaloo adamsituu (*special purpose war and hunting*), af-walaloo marartee (*lyric*), af-walaloo siyaasaa (*political poetry*),uruursa daa'immanii (*children songs &rhymes*), " ta'uu isaa ibsee jira.

### 2.1.2.3. Qareeyyii (Witicism)

Qareeyyiin gosa afoolaa keessaa tokko ta'ee unka gaggabaaboo qabaachuudhaan kan beekamuufi bilchina/cimina/dandeettii fiduufi itti fayyadamuuf kan gargaaruudha. Qareeyyiin afoolawwan akka: mammaaksa, hiibboo, jechama, arrab-qarii, soorgoofi sookoo kan hammatudha. Hiibboofi arrab-qariin yeroo baay'ee ijoolleen kan shaakalanii ittiin barataniifi bashannaniidha. Mammaaksi, jechamni, soorgoofi sookoon immoo namoota bilchina qabaniin

kan dhimma itti ba’amanidha. Dubbii dubbatamaa jiruun walqabsiisanii/walsimsiisanii fayyadamuu barbaachisa. “Mammaaksi soogidda dubbiiti,” jedhama. Dubbii mi’eessuuf gargaara jechuudha. Yaada kana Chinua Achebe, (1962:6) yoo ibsu, *"Proverbs are the palm oil with which words are eaten"* jedha. Kun kan agarsiisu, mammaaksi dubbii keessatti humna akkamii akka qabudha. Bilchinni kunis muuxannoodhaan, umrii dheeraa qabaachuudhaan kuufama beekumsaa argamudha. Walumaagalatti, qareeyyiin sammuu qaruuf/dandeettii cimsuuf kan gargaarudha.

## 2.1.3. Miidhagina Durdurii

Qorataan fookloorii tokko miidhagina fookloorichaa hubachuuf akkaataa dhiyeenyaa, ogummaa dhimma itti bahameefi waa’ee duriitiin kan ammaa ibsuu danda’uurratti xiyyeeffachuu qaba. Yaada kana Martin Kyiileyang, (2016:222) yoo ibsu, *“Folklorists speak of aesthetic issues in terms of style, artistry, and the relation of tradition and innovation,”* jedha. Kana jechuun fooklooristoonni dhimma miidhaginaa haala, aartiifi walitti dhufeenya kalaqaafi aadaa gidduu jiruun walqabatee dhiyaate ilaaluu qabu jechuudha. Miidhaginni durdurii keessatti karaa adda addaatiin mul’ata. Yaada kana Asafaan, (1991:137) akka itti aanutti ibsa.

> *Wal’aansoon sun araaraan (harmony) xumurama. Araarri sun bu’uun bilchina sammuusaaf , si’aayina qaamasaaf, boqonnaa qalbiisaaf bu’uura. Afoolli uumama waliin wal hammachuun kunimmoo miira miidhagaa (aesthetic perception) hawaasichaa calaqqisa. Midhaaginichis (beauty) fedhiisaa, gochasaa, hawwiisaa, waliin jireenyasaa…kkf keessatti mul’ata. Miidhagi agadaafi hoffaa adduma adda.*

Yaada kana irraa akkuma hubanutti, miidhaginni afoolaa fedhii, gocha, hawwiifi waliin jireenya hawaasichaa keessatti kan calaqqisudha. Kana hubachuufis miidhagina karaalee kanneen mul’atu gadi fageenyaan xiinxaluu gaafata.

Miidhaginni durdurii Oromoo keessatti akkuma kan durduriiwwan Afrikaanotaa kanneen biroo ni argama. Miidhagina durduriiwwan biyyoota Afrikaa irratti qorannoowwan hayyootan gaggeeffaman muraasa yoo ilaallu: Martin Kyiileyang, (2016:222) hiikaafi miidhagina durdurii Maragoli biyya Keenyaa xiinxalame akka itti aanutti ibsee jira.

> *Kabaji (2012) examined the meaning and aesthetics of the Maragoli folktale in Kenya. The study covered a sample of eight Maragoli folktales selected on the basis of their popularity. These were carefully analysed in order to demonstrate certain features about the Maragoli folktales. The first*

> *point to note is the fact that the Maragoli folktale is properly structured and the structural patterns express meaning both at the surface level and the deeper level. The researcher argued that the Maragoli folktale manifests what the Maragoli consider good or bad, beautiful or ugly. Additionally, the tales express views about the world as seen by the Maragoli.The various modes through which the folktales appeal to the aesthetic sensibilities of the audience are examined. Some of these include the manipulation of the invariant structure, the integration of songs, voice modulation, body movement and gestures. Collectively, all these contribute to the aesthetic appeal of the audience at the time of performance.*

Akkuma yaada kanarraa hubatamu, hiikaafi miidhagina durdurii Maragoli Keenyaa ilaalchisuun Kabaji (2012) qorannoo godhee ture.Qorannichis durduriiwwan jaalatamoo Maragoli saddeet irratti ture.Amaloota durduriiwwanii san adda baasuuf of eeggannoo cimaadhaan xiinxalli taasifamee ture.Haaluma kanaan durduriin Maragoli haalaan kan caaseffameefi caaseffamni kun immoo hiika bal’aafi gadi fageenyaa akka qabaatu taasisuun bira ga’ame.Qoratichi akka ibsutti, durduriin Maragoli waan uummatni Maragoli gaariidha/badaadha, bareedaadha/fokkisaadha jedhu kan ibsu yommuu ta’u, addunyaa kana akkaataa uummatichi itti hubatuun ibsa.Kana malees, karaaleen durduriin miidhaginaan daawwattootaaf dhiyaatu irratti haalaan caaseffamuu, sagaleen seenessaa nama hawwachuu, sochiin qaamaafi gidduu gidduutti faaruu fayyadamuun kanneen baay’ee barbaachisan ta’uun ibsamee jira.Kun yommuu durduriin himamu sanatti miidhagina daawwattootaaf uummuun akka haalan dhaggeeffatamu taasisa.

Yaada kana miidhagina durdurii Oromoo keessa jiruun walqabsiifnee yoo ilaallus kan jiruudha. Durdurii Oromoo himuu keessatti akkaataan itti himamu, sochiin qaamaa/hurruubummaan, gaheen hirmaattotaa, sagaleen seenessaafi waltajjiin irratti himamu miidhagina durdurii Oromootiif baay’ee gumaachu.Durduriin Oromoo akkaataa Oromoon addunyaa kana itti ilaalu (maaltu gaarii/badaa akka ta’e, eenyu maal hojjechuu akka qabu, xiqqaafi guddaa gidduu safuun akkamii akka jiruufi hiriyoota gidduu waliin jireenyi akkamii jiraachuu akka danda’u) haala miidhagina qabuun dhiyeessa. Kana malees, Martin Kyiileyang, (2016:222) itti dabaluun akka kaa’etti, “Sekoni’s *analysis of Nigerian folktales (cited in Okpewho’s, 1992, p. 140) reveals that there are several components of oral narrative performance. However, three of these are intertwined and as such inseparable. These are captivation of audience, participation and retention of audience and the skilful transfer of cognitive experience to the audience,”* jedha. Kana jechuun, xiinxala durduriiwwan Naajeeriyaa irratti taasifameen qaamoleen seeneffama afoolaa himuu keessatti barbaachisan hedduudha.Kanneen keessaa daawwattoonni jiraachuu, hirmaachuufi irra deebi’anii himuu/seenessuufi muuxannoo durdurii seenessuu qabaachuun

kanneen barbaachisoo ta’aniifi gargar bahuu hin dandeenye ta’uu ibsa.Irra deddeebiin akkaataa seenessuu durdurii (style) miidhagsuun akka dhaggeeffatamu taasisa.Humna irra deddeebiin durdurii seenessuu/himuu keessatti qabu Dorson, (1972:61) akka itti aanutti ibsa. *“Repetition of passages sequences or the whole narrative adventure is essential to tale structure itself, and also provides a tread for the narrator in his composition techniques as he puts flesh on the tale skeleton,”* jedha.

Durdurii Oromoo himuu keessatti seenessaafi daawwataan/dhaggeeffataan walta’uun gahee guddaa qaba.Kunis haala seenessaan seenicha ittiin himu bu’ureeffata.Akkaataan seenessuu kan nama hawwatu yoo ta’e daawwattoonni si’aayinaan daawwatu/dhaggeeffatu.Haalli dhiyeessuu kan nama hin hawwanne yoo ta’e garuu daawwachuufis ta’ee dhaggeeffachuuf fedhii hin qabaatan.Kana malees, seenessaan daawwattootarraa haamlee ykn hirmaannaa yoo hin arganne seenicha itti fufee himuuf fedhii dhaba.Haamleefi hirmaannaa daawwattootaa yoo argate garuu dandeettii kalaqaa isaa/ishee dabalaa itti fufee seenessa. Yaadni itti aanee jiru kanuma mirkaneessa. *“In a situation where a narrator-to-be is not acceptable to the audience, his calls could be ignored at any of these stages. If he receives the appropriate responses as he progresses, the storyteller may now go straight to the tale.”* (J . Nwachukwu-Agbada, 1991:24) Akka yaada kanarraa hubannutti, seenessaan yoo daawwataa biratti fudhatama hin qabaanne, dubbiin isaa waltajjicharratti hin jaalatamu.Yoo daawwattootaan tumsame garuu itti fufee seenessuuf fedhii horata.Kanaafuu, akkaataan seenessuu fudhatama argachiisuufi dhabsiisuu danda’a jechuudha. Yoo miidhagsee akkaataa daawwataa harkisuun seenesse, ni jaalatama; ni dhaggeeffatama/ni daawwatama.Kun dandeettii/muuxannoo seenessuu waliin walqabachuu danda’a.

Leech & Short (1981:10) akka ibsanitti, *“Style refers to the way in which language is used in a given context by a given person for a given purpose,”*jedhu. Yaanni kun akkaataan haala itti fayyadama afaanii naannoo murtaa’e tokkotti namni tokko faayidaa tokkoof itti gargaaramu ibsa. Itti fayyadama afaanii yoo jedhamu qooddattoota, irra deddeebii yoomessaafi jaargocha kan ilaalu. Fayyadamni afaanii kunis dubbii qoolaa (malleen dubbii) kan hammatuudha.

## 2.1.4. Faayidaa Durdurii Oromoo

Faayidaan durdurii Oromoo akkuma durduriiwwan uummata Afrikaa kanneen biroo karaalee hedduudhaan hubatamuu danda'a.Faayidaan durduriin Oromoo inni jalqabaa barsiisuudha. Aadaa uummaata Oromoo keessatti durdurii dhiyeessuudhaan ijoollee barsiisuun beekamaadha.Waan barsiisuu barbaadan sana (qabiyyee) haala miidhagina qabuun ijoolleedhaaf dhiyeessu.Kun akka ijoolleen dammaqinaan hordofaniifi sammuu isaanii keessatti yeroo dheeraaf yaadatan taasisa. Mercy Nnyigide Nkoli fi Adaobi Ngozi Okoye (2016:3)irratti Epuchie and Amaechi fi Onuko and Ezuko (2012:127) wabeeffachuun waa'ee faayidaa durdurii uummata Igbo akka itti aanutti kaa'anii jiru.

> Epuchie and Amaechi assert, *"During the pre-colonial days, the Igbo people use folktales to educate their young ones on various aspects of Igbo history, values, norms, beliefs, language and so forth". In support of the above view,* Onuko and Ezuko (2012:127) *posit; "The pedagogical impact of such stories in children is immense because the subjects discussed are meaningful to their immediate natural environments. The stories not only entertain but, also have some purging effects on their listeners. They teach morals by exposing the follies and wicked characters and extol the virtuous action in the story. Whether the stories had animals, human being or spirits as their characters, they often ended with some moral lessons for the listeners.*

Akkuma yaada waraabame kanarraa hubatamu, koloniidhaan dura uummatni Igbo durdurii isaatti fayyadamee seenaa, duudhaa, safuu, amantaa, afaaniifi kanneen biroo dhaloota barsiisaa turaniiru.Akkaataan durduriidhaan barsiisan sun haala qabatamaa naannoo isaaniitiin waan walqabatuuf haala uumamaa keessatti ijoolleen akka waa hubatan taasisa.Seeneffamichi bashannansiisuuf qofa osoo hin taane dhaggeeffattoota waan barsiisu akka qabu hubachiisa.Dhugaan kun faayidaa durdurii Oromoo himuu keessattis kan hubatamuudha.

Kanumatti dabaluun, Mercy Nnyigide Nkoli fi Adaobi Ngozi Okoye (2016:2) irratti yoo ibsan, *"In traditional Igbo society, life was full of cultural activities. Presentation of folktales was usually done during the moonlight night. This encouraged moral development of the children as well as communal living among the people. Folktales are normally told in the evening after the evening chores,"* jedhu. Kun kan ibsu, jireenyi durii uummata Igbo aadaa uummatichaatiin kan guutameedha. Akka aadaa uummata Igbootti durduriin kan himamu galgala addeessa keessatti ijoolleen walitti qabamanii bakka jiranitti. Kun immoo waliin jireenyaafi safuu hawaasa keessa jiru kan ibsudha. Aadaa uummata Oromoo keessatti durduriin yeroo baay'ee galgala bakka

ijoolleen walitti qabamanii abidda hoo'ifachaa taa'anitti.Inni himu ni dhaggeeffatama.Kanneen dhaggeeffatan haalan caqasu; bakka hin galleefitti ni gaafatu; ni hirmaatu.Guddaan(umuriidhaan) xiqqaa barsiisa; xiqqaan guddaarraa barata.Walbarsiisuufi barachuu kana keessa walkabajuutu jira.Walkabajuun kun immoo aadaa uummaticha keessa jiru kan calaqqisiisuudha.Kana malees, durduriin Oromoo beekumsa dhalootatti dabarsuuf, aadaafi seenaa kuusuuf, bashannansiisuuf, tokkummaafi waldanda'anii jiraachuu itti fufsiisuuf faayidaa qaba.

## 2.2. Yaaxxina Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuuf yaaxxinaalee beekumsa qoratamaa jiruuf mijatan filachuun itti gargaaramuun barbaachisaadha. Kun kallattii qorannoo keenyaa xiyyeeffannoo keessa galchuu kan barbaadudha. Haata'u malee yaaxxina mijataa ta'e filachuun itti fayyadamuun rakkisaa ta'uu isaa hayyoonni ni ibsu. Dastaa Dassaalany, (2018:81) yaada kana hayyoota wabeeffachuun akka itti aanutti ibsa.

> *Yaaxxina gaariifi filatamaa ta'e filachuudhaan itti fayyadamuun rakkisaa akka ta'e hayyoonni ni'ibsu. Kuni ammoo keessattuu ogafaan qorachuurratti mul'ata. Kanaafis yaada itti aanee dhihaate kana xiinxaluun gaaridha. "Choice of theory in the study of African oral literature has been and still remains problematic. This is because scholars in this field have not ventured into inventing theories that would be directly relevant to the field." ( Muleka, 2014: 91) Akka yaada kanaatti ogafaan Afrikaa qorachuudhaaf yaaxxina sirrii filatanii itti fayyadamuurratti hanqinni akka jiruudha. Karaa birootiin hojii qorannoo tokkootiif yaaxxina sirrii ta'e filatanii itti fayyadamuun murteessaa ta'uu yaanni kun cimsee nugorsa.*

Akkuma yaada armaan olii irraa hubatamu qorannoo tokkoof yaaxxina sirrii filachuun itti fayyadamuun barbaachisaadha. Kanaaf, qorataan qorannoo kanaaf yaaxxina haalawaa filachuun itti fayyadamee jira.

### 2.2.1. Yaaxxina Haalawaa

Qorataan yaaxxinaalee qorannoo fooklooriif gargaaran keessaa yaaxxina haalawaa (contextual theory), gargaaramuun qorannoo kana kan gaggeesse yommuu ta'u, yaaxxinni filatame kun seeneffamoota afoolaa keessumattuu mata duree qorannichaa (Miidhagina Durdurii Oromoo Keessatti) qorachuuf mijataa waan ta'eef filatameera.Yaaxxinni kun bara 1960 keessa Yuunvarsitiiwwan Indiyaanaafi Pennislavaaniyaa keessatti ogeeyyota afoolarratti doktorummaa fudhachaa turaniin akka eegale himama. Deeggartoonni yaaxxina kanaa kanneen akka:Dan Ben-

Amos, Roger Abrahams, Alan Dundes, Robert Georgesfi Kenneth Goldstein yommuu ta'an, hafeen yoomessa afaanii, amala, walquunnamtii, hurruubummaa, akkaataatti hurruuban(ibsan) `*expression*` keessatti ilaalamuu qaba jedhu.

Yaadrimeen yaaxxina kanaa afoolli hafee(*text*) keessaa otoo hinta`iin yoomessa hurruubummaa keessa jira yaada jedhudha. Akka fakkeenyaatti yaada isaanii kallattiin yoo ilaalle, *" ---the folklore concept apply not to a text but to an event in time in which a tradition is performed or communicated."* (Dorson, 1972: 45). Yaaxxinni haalawaa haala raawwii qabiyyee, barruufi haala keessatti raawwatame hubachuun danda'amurratti kan xiyyeeffatuudha. Yoomessaafi haala raawwiin tokko keessatti raawwate qorachuurratti kan fuulleffateedha. Kana jechuun gosoota waliigaltee aadawaa, dhugaa murtaa'aa/qabatamaa, aartii ittiin dhiyaateefi deemsa waliigaltee irratti xiyyeeffata jechuudha. Akka yaaxxina haalawaatti raawwiin hurruubummaa ykn waliigaltee guutuun waraabamuu qaba. Namni ragaa guuru, barruu qofa barreessuu ykn waraabee galuun daangahuu hinqabu. Haala ragaaleen keessatti dhimma bahaman guutummaatti qorachuun barbaachisaadha. Kun waltajjii dhugaa/haala qabatamaa keessatti qorachuu ibsa. Qorannoon fookloorii yoomessaafi haala keessatti raawwatamerratti hundaa'amee yoo gaggeeffame gaariidha. Kunis haala qabatamaa fooklooricha marsee jiru hubachuun qorachuu dandeessisa. Kunis haala qabatamaa afoolli sun keessatti hurruubamu, akkaata itti hurruubamu, waantota yeroo hurruubbii hurruubaan dhimma itti bahamu, walumaagalatti yoomessa sana keessatti argamuun waan afaaniifi gochaan raawwatu faana bu`uun kan geggeeffamu ta`uu nu hubachiisa. Sims & Stephens (2005:136) akka ibsanitti, *"The physical settings and social situations in which members of folk groups share folklore, as well as the relationships among audience members and performers, make up the context of performance,"*jedhu.

Akka yaada kanarraa hubannutti, yoomessi qabatamaafi haalonni hawaasaa, walitti dhufeenyi daawwattootaafi dhiyeessitootaa garee hawaasa fookloorii waliin qooddatan keessatti haala raawwii sana qajeelchuu keessatti gahee guddaa qaba. Kun immoo miidhagina durdurii Oromoo keessa jiruuf qooda mataa isaa qaba. Yaaxxinni haalawaa haala durduriin keessatti himamu qorachuuf waan gargaaruuf, qorannoo kanaaf mijataadha. Kanaafuu, qorataan yoomessa oduun durii/durduriin keessatti himamu bu'ureeffachuun yaaxxina kanatti fayyadamee qorannoo gaggeessee jira.

## 2.3. Sakatta’a Barruulee Walfakkii

Qorataan qorannoo sadarkaa adda addaatti durdurii irratti gaggeeffaman sakatta’uun garaagarummaafi walfakkeenya qorannoo kana wajjin qaban adda baaseera. Qorannoowwan sakatta’aman keessaa tokko mata duree, “*Qaaccessa caaseffama durdurii Oromoo:Godina Shawaa Dhihaa Aanaa Ejeree*” irratti qorannoo sadarkaa digirii 2ffaatti Wandimmuu Gadaatiin kan hojjetame yommuu ta’u, qorannoon kun durdurii Oromoorratti waan xiyyeeffatuuf qorannoo kana waliin walfakkeenya qaba.Gama biraatiin, xiyyeeffannoon qorannichaa qaaccessa caaseffama durdurii Oromoo irratti yoo ta’u, qorannoon kun garuu qaaccessa miidhagina durdurii Oromoo irratti waan fuulleffatuuf garaagarummaa qaba. Kana malees, Addisu Temesgen (2012) qorannoo digirii 2ffaa mata duree, “ *The Functional Analysis of Folktales in Eastern Wallagga Oromo: with Reference to Limmu Gelila Wereda*” jedhuun durduriiwwan Oromoo tajaajila akkamiitiif akka oolan xiinxalee ture.Mata durichi durdurii Oromoo irratti gaggeeffamuudhaan qorannoo kana wajjiin walfakkeenya kan qabu yommuu ta’u, xiyyeeffannoon qorannichaa garuu tajaajila/faayidaa irratti ta’uudhaan qorannoo kana irraa adda ta’a. Akkasumas, Dastaa Dassaalany (2018) mata duree, “*Akkaataa Himiinsa Durdurii OromooTuulamaa,*” jedhu irratti qoratanii Gadaa Journal/Barruulee Gadaa irratti maxxanfamee jira. Mata dureen kun akkaataa himiinsa durdurii Oromoo qorachuu irratti xiyyeeffachuudhaan mata duree qorataa (miidhagina durdurii Oromoo keessatti) jedhu waliin walfakkeenya qaba. Miidhagina durdurii Oromoo keessatti qorachuun garuu akkaataa himiinsaa qofatti kan hindaangofne ta’uudhaan qorannicha irraa adda ta’a. Hirmaattotaafi waltajjii durdurichi irratti himames qorachuu barbaachisa. Barruun walfakkii qorataan sakatta’e kan biroo qorannoo Abdurrahmaan Abdulqaadir, (2008), “*Qaaccessa Afoolaa Ogummaa Afaanii Gurguddoo Afran Barsiisuu Keessatti:* Waraqaa Qorannoo Digrii 2ffaa (MA) Yuunivarsiitii Finfinneetti” gaggeessedha. Qorannoon Abdurrahmaan kun afoola irratti xiyyeeffachuu isaatiin qorannoo kanaan kan walfaakkaatu yommuu ta’u, xiyyeeffannoon isaa ogummaa afaanii gurguddoo arfan barsiisuu keessatti ta’uu isaatiin garaagarummaa qaba.

## BOQONNAA SADII: MALA QORANNOO

Qorannoo tokko gaggeessuuf malli qorannoo isa murteessaafi barbaachisaadha. Adeemsa qorannoo kanaatiif qorataan odeeffannoo gahaa argachuufi mata duree qorannichaa bu'ureeffachuun mala qorannoo Akkamta(qualitative research method) fayyadameera.

### 3.1. Saxaxa Qorannoo

Qorannoon tokko odeeffannoo funaanuufi ibsuu irratti hundaa'ee gosoota garaagaraatti qoodama. Haaluma kanaan, qorannoon kunis qorannoo Akkamtaati. Sababni isaas, qorannoon Akkamtaa waa'ee aadaa, barsiifata, ilaalcha,duudhaa, seenaa, afaan, afoolaafi falaasama hawaasaa gadifageenyaan qorachuuf mijataa waan ta'eefi qorannoon kun kanneen armaan olitti tarreeffaman keessaa afoolarratti waan xiyyeeffateefi. Addunyaa, (2011:10) irratti waa'ee qorannoo akkamtaa yoo ibsu, "Qorannoon akkamtaa gaaffiiwwan maalif? Akkamitti? Jedhan deebisuuf kan carraaqudha.Akaakuun qorannoo kanaa dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan mara jechaan ibsa."jedha.

### 3.2. Madda Ragaa

Qorannoo yeroo adeemsisan bakka ragaa irraa argatan beekuun barbaachisaadha. Maddi ragaa qorannoo kanaa: maanguddoota, namoota durdurii himuuf shaayii ta'an (ijoollee, dargaggoota, gaheessota)dha.  Kanaaf qorataan qorannoo kanaas madda ragaa 1ffaatti gargaaramee qorannoo kana gaggeesse. Kunis, namoota  oduu durii/durdurii sirriitti beekan irraa ragaa funaannachuudhaan madda ragaa tokkoffaatti dhimma bahe jechuudha.

### 3.3. Iddattoofi  Iddatteessuu

Qorannoo gaggeessuuf iddattoon barbaachisaadha. Dastaa (2013:132) Trochim (2006) wabeeffachuun maalummaa iddattoo yoo ibsu, "Iddattoo filachuun adeemsa jamaa tokko keessaa odeeffannoo argachuudhaaf namoota ykn qaamota jamaa sanaa fudhatanii itti fayyadamuudha," jedha. Kanaaf, qorataanis namoota bakka qorannoon kun itti gaggeeffamu jiraatan hunda irraa odeeffannoo funaannachuun ulfaataa waan ta'uuf kana salphisuuf  iddattoo filateera. Mala iddatteessuu keessaa iddattoo miti carraa ta'ee akkayyoofi darbaa dabarsaatti fayyadame. Iddattoo akkayyoo jechuun mala iddatteessuu ta'ee namoota mata duree qorannoo sanaarratti

beekumsa qaban filachuun odeeffannoo irraa funaannachuudha. Kana malees, darbaa dabarsaan karaa odeeffannoon dhimma qorannichaa nama namarraan iyyaafachuun(namni waa'ee mata durichaa sirriitti beeku karaa namaatiin namaaf eeramuun) kan argamudha. Qorannoo kana keessatti odeefkennitoonni: ijoolleefi dargaggoota (ijoolleefi dargaggoonni kunneen oduu durii himuudhaan hawaasa keessatti kan beekamani), maatii ijoollee kanneen durdurii ijoollee isaanitti himaa guddisan, maanguddootaafi hojjettoota mootummaa waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Abuunaa Gindabarat. Odeefkennitoota iddattoon filataman kanneen irraa tooftaalee funaansa ragaa akka af-gaaffiifi marii gareetti fayyadamuun ragaalee barbaachisan walitti qabachuun danda'amee jira. Kanaafuu, qorataan qorannoo kanaas mala iddatteessuu miti carraa armaan olitti ibsaman lamaan fayyadamee odeeffannoo walitti qabateera.

## 3.4. Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatamni qorannoo qaama yookiin wanta qorannoon tokko irratti gaggeeffamu yommuu ta'u, qorannoon kun afoola Oromoo keessaa miidhagina durdurii Oromoo keessatti aanaa Abuunaa Gindabaratitti qaaccessuurratti kan bu'uureeffateedha.

## 3.5. Tooftaalee Funaansa Ragaalee

Adeemsa qorannoo keessatti malli funaansa ragaalee murteessaafi barbaachisaadha.Ragaalee qorannichaaf barbaachisan argachuuf tooftaalee barbaachisan adda baafatanii itti fayyadamuu gaafata. Yoomessa uumamaa keessatti durdurii Oromoo qorachuun barbaachisaadha. Kun bakka qorannoon itti gaggeeffamu deemuun haala uumamaa keessatti qoratanii odeeffannoo funaannachuudha. Yoomessa uumamaa fayyadamuu ilaalchisee Dastaa, (2013:108) akka itti aanutti ibsa;

> *Yoomessa uumamaa fayyadamuudhaan kan jedhame qorataan iddoo oduun durii Sitti himamu (tarii galgala maatiinfi ollaan walitti dhufuudhaan ta'uu danda'a) dhaquudhaan kan durdurii walitti qabatu ta'a.Asirratti maatiin ollaa waliin walitti dhufanii durdurii kan walitti himan qorataadhaa jedhanii osoo hintaane sagantaa mataa ofiitiin yoo ta'e.*

Haaluma kanaan, qorataan miidhagina durdurii Oromoo keessatti yommuu qoratu Godina Shawaa Lixaa Aanaa Abuunaa Gindabarat deemuun yoomessa uumamaafi waltajjii qopheessuu fayyadamuun tooftaalee funaansa ragaalee keessaa: af-gaaffii, marii gareefi daawwannaa fayyadamuun ragaalee barbaachisan funaannateera.

### 3.5.1. Daawwannaa

Daawwannaan tooftaa odeeffannoon fuulaa fuulatti (kallattumaan) bakka waanti tokko itti raawwatamu deemanii ilaaluun argamuudha.

> *Observation offers the opportunity to record and analyse behaviour and interactions as they occur, although not as a member of the study population. This allows events, actions and experiences and so on, to be 'seen' through the eyes of the researcher, often without any construction on the part of those involved.* ( Jane Ritchie and Jane Lewis, 2003:35)

Akkuma yaada kanarraa hubannutti, daawwannaan carraa raawwii tokko waraabuufi haala qabatamaa keessatti amaloota walitti dhufeenya raawwilee xiinxaluuf kan nu gargaaruudha. Kunis qorataan ta'iiwwan, gochootaafi muuxannoowwan ijaan ilaaluun akka qoratu godha. Qorataan qorannoo kanaas yeroo ijoolleen durdurii walitti himaniifi maatiin isaanii durdurii itti himan bakkichatti argamuun haala himiinsa isaa daawwachuun odeeffannoo walitti qabateera. Daawwannaan kan barbaachiseef haala durduriin ittiin himamu qabatamaan ilaaluun mirkaneeffachuufi.

### 3.5.2. Af-Gaaffii

Af-gaaffiin qorannoo kana keessatti kan barbaachiseef namoota beekumsa durdurii irratti qaban irraa odeeffannoo walitti qabachuufi. Fakkeenyaaf, durduriin yoom hima? Maalii? Durdurii himuu eessaa baratu?.. Af-gaaffiin tooftaa odeeffannoo ittiin funaannatan ta'ee odeeffataafi odeef-kennaan wal arguun kan raawwatamuudha.Yaada kana Dastaa, (2013:111) akka itti aanutti ibsa. "Af-gaaffiin gosoota odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu keessaa isa tokko ta'ee kan qorataafi odeef-kennaan (informant) fuulleetti walarganii odeeffannoo walii kennani." Qorataan af-gaaffiitti fayyadamee hawaasa Aanaa Abuunaa Gindabarat keessa jiraatan bira deemuun(bakka hojii isaanii deemuudhaan, mana manarra deemuun, waltajjii dhimma biroof qophaa'erratti/iddoo warra du'aafi dabootti argamuun ji'oota Sadaasa, Mudde, Amajjii, Guraandhala, Caamsaafi Waxabajjii keessa waa'ee durdurii/oduu duriifi dhimmoota oduuu duriin walqabatan irratti namoota hubannoo, beekumsaafi muuxannoo qaban waliin gaaffiifi deebii taasiseera. Haaluma kanaan dhiira digdama (20)fi dubartoota kudha sadii (13) walumaagalatti odeefkennitoota soddomii sadii (33) irraa odeeffannoon walitti qabamee jira. Oduun durii/durduriin yoom, akkamitti, eenyuun, eenyuufi maaliif akka himamu akkasumas,

durduriin Oromoo maal maal akka of keessatti hammatu, durdurii himuu keessatti haala kamiin akka jalqaban, haala kamiin akka goolaban, haala kamiin qabiyyeefi ergaa akka dhiyeessaniifi miidhagina durdurii keessa jiru gadifageenyaan gaafachuun odeeffannoo argame hojii dirreerratti qalamaafi waraqaatti gargaaramuun yaadannoo qabachuufi sagalee waraabuun ragaaleen funaannamaniiru. Af-gaaffiin odeef-kennitoota kamirraayyuu odeeffannoo argachuuf baay’ee garagaara. Sababni isaas, namoota dubbisuufi barreessuu danda’aniifi hindandeenye walqixa hirmaachisuu waan danda’uufi. Kanaaf, qoraataan tooftaa kanatti fayyadamuun namoota irraa odeeffannoo funaannateera. Odeeffannoo haala kanaan funaanames qorannicha keessatti qaaccessuun itti gargaaramee jira.

### 3.5.3. Marii Garee

Mariin garee tooftaalee odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa isa tokko. Namoota iddattoon filataman walitti qabuun gaaffileen mata duree qorannichaan walqabatan keennameefii isaanis irratti mari’achuun karaa ittiin qorataaf odeeffannoo kennaniidha. Mariin garee kan barbaachiseef waa’ee durduriiirratti namootni filataman yaada adda addaa dhiyeessuun walfalmuun odeeffannoo qorataaf akka kennaniifi. Haaluma kanaan, qorataan iddoo qorannoon kun itti gaggeeffame deemuun namoota iddattoo akkayyoofi darbaa dabarsaan filataman garee afuritti qindeessuun gareen tokko miseensota afur (arfanuu dhiira), gareen lammaffaan miseensota jaha (dhiira sadiifi dubartoota sadii), garee sadaffaan miseensota afur (arfanuu dubartoota), garee arfaffaan miseensota shan (dhiira sadiifi dubartoota lama) kan of keessaa qabu, walumaagalatti mala kanatti fayyadamuun odeef-kennitoota kudha sagal (dhiira kudhaniifi dubartoota sagal) irraa odeeffannoo funaannateera. Kunis, durdurii ilaalchisee akkaataa jalqabbii, haala dhiyeessuu, akkaataa goolabbii, akkaataa ergaa ittiin dabarsaniifi kanneen kana fakkaatan irratti xiyyeeffachuun odeeffannoon kan funaanamanidha. Kanaafuu, qorataan mala kanatti gargaaramee miidhagina durdurii Oromoorratti odeeffannoo walitti qabateera.

## 3.6. Ragaalee Galmeessuu

Qorataan mala ragaalee galmeessuu qorannoo qulqulleeffataa keessatti beekaman keessaa sadiitti dhimma bahee jira. Inni duraa hojii dirreerratti yaadannoo waraqaarratti qabachuudha. Kan lammaffaa ragaalee suur-sagalee waraabuun (*Audiovisual recording*) ragaa argame galmeeffachuudha. Kan dhumaa, ragaa argame qabatamaa ta'uu isaa mirkaneessuuf suuraa kaasuu(*Photography*)tti dhimma bahee jira. Tooftaaleen ragaalee galmeessuu kunniin heddumminaan yeroodhuma hojii dirree qorataan kan fayyadamedha.

## 3.7. Mala Odeeffannoo Qaaccessuufi Ragaa Kaa'uu

### 3.7.1. Ragaa Kaa'uu (Data Transcription)

Ragaa kaa'uun (*Data Transcription*)'n mala qorataan ragaa hojii dirreerratti argate ykn galmeeffate qorannoo isaa keessatti gara barreeffamaatti jijiiruun kaa'uudha. Qorannoo kana keessatti qorataan ragaalee walitti qabate osoo gara qaaccessuutti hince'iin dura akkuma abbaa ragaa irraa argatetti, akkuma namni ragicha isaaf kenne dubbatetti/himetti barreeffamatti jijiiruun sana booda qaaccessee jira. Ragaa hafee (*original data*) akkuma jirutti barreeffamatti jijjiiruun kan fayyadameedha.

### 3.7.2. Mala Odeeffannoo Qaaccessuu

Odeeffannoon maloota armaan olitti ibsamaniin erga funaanamanii booda qaacceffamanii jiru. Qorataan odeeffannoowwan funaanaman akkaataa walfakkeenyaafi walitti dhiyeenya isaaniitiin mata duree mata dureedhaan bifa barreeffamaatiin qoqqooduun qaccessee jira. Kunis, addeessuu, ibsuufi raawwileetti hiika kennuu kan hammatuudha.

### 3.7.3. Adeemsawwan Ragaalee Xiinxaluufi Hiikuu

Qorataan adeemsawwan itti aananii jiran hordofuun ragaalee qorannichaa kan qaaccesseefi hiikeedha.

1. Ragaalee funaanaman akkaataa walfakkeenya isaaniin mata duree itti kennuun qoqqooduu,
2. Akkaataa jalqabbii (baninsa), akkaataa goolabbii (cufinsa), akkaataa dhiyeenyaafi miidhagina durduriiwwan Oromoo funaanamanii xiinxaluu,

3. Akkaataa dhiyeenya qabiyyeefi ergaa durduriiwwan keessatti aadaa uummata Oromootiin walqabsiisuun hiika itti kennuu,
4. Xiinxala taasifamerratti hundaa’uun guduunfaafi yaboo (yaada furmaataa) kaa’uu.

## 3.8. Naamusa Qorannoo

Haala jiruufi jireenya hawaasaa qorachuuf naamusni baay’ee barbaachisaadha. Kun immoo milkaa’ina qorannichaafis hedduu gumaacha. Qorannoo kana yommuu gaggeessu qorataan namoota odeeffannoo kennaniif kabajuun, uffata safuu hawaasichaa eegu uffachuun(kan hawaasichi uffatu uffachuun), sirreeffannaa rifeensaa kan hawaasichaan walfakkeeffachuun, nyaata hawaasichi nyaatu nyaachuun, jechoota idilee ta’an fayyadamuurraa of qusachuun, odeefkennitootatti amalaan sirriitti dhiyaachuun, hawaasicha keessa jiraachuun, hojiileefi iccitii odeefkennitootaa eeguuniifi jiruu gamtaa hawaasichaarratti hirmaachuun ragaalee walitti qabatee jira. Kana yommuu taasisu, bakka gumaachi barbaachisutti gumaacha gochaa, dhimmoota odeeffatu kamuu irratti ofitti amanamummaadhaaniifi odeefkennitootaaf iftoomina uumuudhaani. Walumaagalatti, haala aadaan uummatichaa jaalatuun ykn daangessuun odeef-kennitootarraa ragaalee walitti qabatee jira.

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE

Boqonnaa kana jalatti miidhagina durduriiwwan Oromoo ijoollee, dargaggootaafi maanguddoota aanaa Abuunaa Gindabarat irraa funaanamantu qaacceffama. Akkaataan duraa duubummaa isaanii akkuma qorataan odeefkennitoota irraa galmeeffateen kan kaawwameedha. Durduriiwwan funaanaman kunneen mata dureen qorataadhaan kan itti kennamedha. Haalli qaaccessa miidhagina durduriiwwan funaanaman kanneenii akkuma tartiiba qorataan galmeeffateen ta'ee akkuma seeneffamichi xumurameen itti aansuun tokkoon tokkoon isaanii kan qaacceffamaniidha.

## 4.1.Qaaccessa Miidhagina Durdurii Oromoo Aanaa Abuunaa Gindabarat

Durduriin Oromoo akka aanaa kanaatti Durdurii/Oduu Durii jedhamuun beekama. Durduriin/Oduun durii Oromoo aanaa A/Gindabarat keessatti himaman akkuma kan aanaalee biroo akkaataa jalqabbii, akkaataa dhiyeenyaa, akkaataa goolabbii, akkaataa ergaan ittiin darbu, akkaataa qabiyyeen ittiin dhiyaatu kan qabu yommuu ta'u, haalonni kunneen miidhagina durduriitiif gumaachu.Miidhagina durduriiwwan funaanamanii akkaataa itti aanuun qaacceffamanii jiru.

**<u>Durdurii 1</u>**

Yeroon isaa: galgala, Fulbaana 14/01/2012

Bakki itti himame: mana keessa

Hirmaattonni: Ijoollee afur (umriin isaanii 7-12)

Aadde Dasii: Mee koottaa, ijoolle amma irbaanni gahutti oduu duriin isinitti himaa. Koottaa as taa'aatii na dhaggeeffadhaa. Tolee?

Ijoollee: Tole. Dhufnee teenye kunoo akkoo nutti himaa.

**<u>Hantuutaafi Jaldeessa</u>**

Bara durii hantuutaafi jaldeessatu waliin jiraatu jedhan.Odoo jiraatanii midhaan waliin qotanna jedhanii walii galan.Achumaan midhaan waliin qotatan.Waliin qotanii gaafa midhaan gahu walumaan haammatanii dhahatanii gootaraatti naqatanii olkaawwatan.Gootaraan isaanii manuma isaan keessa jiraatan keessa dhaabbatee jira.Gootaraa midhaan itti naqatan san gubbaa isaatiin dhoqqeedhaan maragan.Akka homtuu midhaan san hin qicanneef. Akkanumatti midhaan san

olkaawwatanii odoo jiranii hantuutni silaa gamnaa qaata lafa jalaan seentee gootaraa urtee midhaan jaldeessa waliin olkaawwatan san guurrattee fixxe. Gaaf tokko midhaan keenya kana illaalla jedhanii karaa afaan gootaraa duraan dhoqqeedhaan maragan san yommuu banan midhaan keessa hinjiru. Isaan lachuu, “situ guurrate, situ guurrate,” jedhanii wal lolu. Jaldeessi, “situ guurrate,” jedhaan. Hantuutni, “situ guurrate,” jettiin. Wallolaa oolanii boodarra hantuutni, “akkana goona,” jetteen. “Maal goona?” jedheen jaldeessi. “Nuti lamaaniyyuu asumatti balbala ofitti cufnee abidda mana kanatti qabsiifna.Namni hate abidda kanaan gubatee du’a; kan hin hanne immoo hin du’u,” jetteen. Jaldeessis, “haa ta’u, tole,” jedhee waliin balbala cufatanii abidda manichatti qabsiisan.Oggaa abiddi baaxii manaa qabatee boba’uu jalqabu hantuutni qaata bool’a duraan qopheeffattee turte lafa jala seente. Jaldeessi gara itti goru dhabee kophaa isaa as ilaala; achi ilaala; ol ilaala; gadi ilaala; waan godhu wallaale; lubbuun itti rakkatte. Abiddi sirriitti qabatee oggaa boba’uu jalqabu oggasuma bokkaa guddaan Waaqarraa roobee abiddicha dhaamsee galoon bishaanii mana keessa yaa’ee bool’a hantuutni keessa dhokattee jirtutti nam’ee hantuutittii achumatti ajjeesee jaldeessi abiddaan gubachuu jalaa bahe jedhama. *(Madda: Aadde Dasii Reebaa, Fulbaana, 14/01/2012)*

**<u>Qaaccessa Durdurii 1ffaa</u>**

### A. Haala Jalqabbii (Baninsa)

> *Bara durii hantuutaafi jaldeessatu waliin jiraatu jedhan. Odoo jiraatanii midhaan waliin qotanna jedhanii walii galan. Achumaan midhaan waliin qotatan…*

Oduun durii/durduriin kanaa olitti dhiyaate kun haalli jalqabbii isaa, “Bara durii” jechuun eegale. Bara durii maaltu akka raawwate dhaggeeffataan qalbiin akka hordofu taasisa. Seenaan sun bara durii raawwachuu isaa akeeka. Haala jalqabbii mataa isaa qaba.

### B. Haala Dhiyeenyaa

Haalli durduriin kun ittiin dhiyaate hawwataafi kan qalbii namaa harkisudha jechuun nidanda’ama. Durduriin kun galgala bakka maatiin walgahanii buna dhugaa jiranitti himame. Hirmaattonni qooda keessatti fudhachaa dhaggeeffatan. Duraa duuba eeggatee himamuun isaa miidhagina goonfachiise. Kana malees, irra deddeebiin jechootaa fakkeenyaaf, (*waliin qotatan, waliin qotatanii…, as ilaala, achi ilaala, ol ilaala, gadi ilaala…*) seeneffamicha mi’eessee jira. Seeneffamicha namni himu/seenessu sochii qaamaan deeggarameeti. Sochii qaamaan

deeggaramuun kun immoo dhaggeeffattoonni xiyyeeffannoon akka dhaggeeffataniif haala mijeessa. Kanaafuu, haalli dhiyeenyaa miidhagina durdurichaaf gahee ol'aanaa akka qabu hubachuun nidanda'ama.

### C. Akkaataa Goolabbii (Cufinsa)

> *... Abiddi sirriitti qabatee oggaa boba'uu jalqabu oggasuma bokkaa guddaan Waaqarraa roobee abiddicha dhaamsee galoon bishaanii mana keessa yaa'ee bool'a hantuutni keessa dhokattee jirtutti nam'ee hantuutittii achumatti ajjeesee jaldeessi abiddaan gubachuu jalaa bahe jedhama.*

Akkuma goolaba durdurii kanaa irraa hubannutti, dhuma seeneffamichaatti maaltu akka ta'e hubachuun nidanda'ama. Kana malees, seenaan kun akkuma amma himame kanatti himamaa turuu ibsuuf xumura irratti akkaataa cufinsaatiin ibsamee jira. Kanaafis jecha " *jedhama*" jedhutti dhimma bahame. Akkaataan goolabbii (cufinsi) ergaa durdurichaa ibsuuf yaala.

### D. Qabiyyee

Akkuma durduricha irraa hubannutti, qabiyyeen durdurii kanaa waa'ee hawaasummaa, amanamummaa, qulqullummaafi gantummaati. Qabiyyeewwan kunneen barsiisuuf kan dhiyaatanidha.

### E. Hiika

Seeneffamichi dhugaa hawaasa keessatti mul'atu calaqqisiisuun isaa daran miidhagina itti hore. Seeneffamicharraa akkuma hubannu, namni ollaa walii jiraatu walii galee waliin jiraachuun, waliin hojjetee milkaa'uun, wal amanuun jaalalaan jiraachuun waanuma jiru. Haala waliin jireenyaa kana keessatti kan amanamummaa, jaalalaafi qulqullummaa qabu akkuma jiru faallaa kanaa immoo kan daba namatti yaadu, kan cubbuu hinsodaanne, kan dafqa namaa nyaatu, kan dabaan lubbuu namaa galaafatuufi kan amanamummaa hinqabne nijira. Kan waan gaarii hingoone akka adabamuufi kan waan gaarii raawwatuufi qulqullummaan jiraatu gargaarsa Waaqaatiin badii isaaf qophaa'e irraa akka oolu durdurii kanarraa nihubanna.Dhugaan hawaasaa keessa jiru kun bifa oduu duriitiin walqabsiifamee yommuu himamu dhaggeeffataan dhugaa jiruufi seeneffamicha walitti fidee akka hubatu godha. Kun immoo qalbii namaa hawwata; seeneffamichi akka dhaggeeffatamu godha. Dhuma durdurii kanaa irratti, "*Bokkaa guddaan Waaqarraa roobee abiddicha dhaamsee galoon bishaanii mana keessa yaa'ee bool'a hantuutni keessa dhokattee jirtutti nam'ee hantuutittii achumatti ajjeesee jaldeessi abiddaan gubachuu*

*jalaa bahe jedhama,*” jedha. Dhaggeeffattoonni oduu durii kana dhaggeeffatan nigammadu. Sababni isaas, namni daba namatti yaadu adabamuun waan nama gammachiisuufi. Hundaa olitti immoo waanuma nama biraa ittiin adabuuf ka’e sanaan adabamuun hedduu dhaggeeffattoota gammachiisa.

**F. Ergaa**

Ergaan durdurii kanaa, hiriyaan amanamummaa hinqabne gaarii akka hintaaneefi daba hiriyaa ofiirratti yaaduun barbaachisaa akka hintaane akkasumas, qulqullummaa, amanamummaafi dhugaa qabaachuun daba sobaan namarratti yaadame jalaa nama oolchuu akka danda’u kan hubachiisuudha.

**G. Qooddattoota:** Hantuutaafi Jaldeessa

**<u>Durdurii 2</u>**

## <u>Kanniisaafi Jaldeessa</u>

Yeroon isaa bara duriiti jedhankaa. Jaldeessaafi Kanniisatu ollaa walii jiraatu.Walitti dhufanii buna walwaamanii wajjin dhugu. Dabaree dabareedhaan dabaree dabareedhaan walwaamuuf waliigalan. Har’a yoo kanniifni waamtee obaaftee nyaachifte, boru immoo jaldeessatu waamee obaasee nyaachisa jechuudha. Jalqaba kanniifni buna danfiftee nyaata qopheessitee waamte. Jaldeessis mana kanniisaa dhaqee nyaatee dhugaa osoo jiruu,’nyaata akkanatti mi’aawu kana maalirraa hojjette? Akkamitti hojjette?” jedhee gaafate. “Waan biraa miti; fincaan kiyyaafi udaan kiyyarraan hojjedhe; kana lameen walitti makeen hojjedhe,” jetteen. Jaldeessi, “haa! haa!” jedhe mataa raasaa. Oggasuma anis galeen akkanatti hojjedha jedhee gara isaatti murteesse. Nyaatni kanniifni kenniteef sun damma. Dammicha nyaatee afaan mimmi’eeffachaa kanniisa eebbisee gara mana isaatti gale jaldeessi. Innis gaafa dabareen isaa gahu udaan isaafi fincaan isaa walitti makee bulbulee kanniisa waame. Kanniisonnis waamicha isaa kabajanii manasaa deeman. Akkuma isaan mana isaa gahaniin bishaan harkaa qiceefii nyaata qopheesse dhiyeesseef. Oggaa nyaata san fuuldura isaa kaa’u xiraa isaatifuu kanniisonni afaaniifi funyaan qabachaa, “hiip! hiip! hiip! Si haa xireessu; xiraayi. Nuti kabajaan si waamnee waan sirrii siif kenninee ati nu waamteet nu salphiftaa?” jechaa mataa isaa keessa, adda isaarra, harka harka isaa, dhaqana isaa bakka

hunda hiddanii ilkee itti buqqifatanii gaggabsanii gara mana isaanitti ka'anii galan. Erga gaafasiitii buna walwaamuu achumaan dhiisani.*(Madda: Dassaalanyi Caalaa Fulbaana 14/01/2012)*

**Qaaccessa Durdurii 2ffaa**

A. **Haala Jalqabbii (Baninsa)**

> *Yeroon isaa bara duriiti jedhankaa. Jaldeessaafi Kanniisatu ollaa walii jiraatu. Walitti dhufanii buna walwaamanii wajjin dhugu.…*

Akkuma akkaataa jalqabbii (cufinsa) durdurii armaan olii irraa hubatamutti, durdurichi yeroo seeneffamichi raawwate ibsuun jalqabe. "*Yeroon isaa bara duriiti jedhankaa,"* jedhee jalqaba. Seenicha himuuf jalqabuu agarsiisa. Akkaataa kanaan jalqabuun isaa dhaggeeffataan, "Bara durii maaltu ta'e?" jedhee qalbiin seeneffamicha akka dhaggeeffatu taasisa. Dhaggeeffataafi seenessaan qalbiin (xiyyeeffannoon) walhordofuun durdurichi jalqabaa hanga dhumaatti haalaan akka dhaggeeffatamu taasisa. Kun immoo miidhagina durdirichaaf hedduu gumaacha.

B. **Haala Dhiyeenyaa**

Durduriin kun haala ittiin dhiyaate qaba. Seeneffamichi gocha tokko irraa isa birootti yommuu ce'u taateewwan raawwataman himamaa deemu. Duraa duubaan dhiyaachuun, irra deddeebii qabaachuufi hirmaattonni qooda keessatti fudhachaa deemuun durdurichi akka miidhagina godhatu taasisee jira.Kana malees, haala dhugaa hawwasa keessa jiru ibsuuf yaaluun durduricha miidhagina itti horee jira.Seenessaan sochii qaamaan tumsaa deemuun daawwattoota ofitti harkisuu danda'eera.Sochiin qaamaa akka sochii harkaa, fuula ifaa (sesseeqaa himuu) durdurichaaf miidhagina gumaachee jira.

C. **Akkaataa Goolabbii (Cufinsa)**

> *…Nuti kabajaan si waamnee waan sirrii siif kenninee, ati nu waamteet nu salphiftaa?" jechaa mataa isaa keessa, adda isaarra, harka harka isaa, dhaqna isaa bakka hunda hiddanii ilkee itti buqqifatanii gaggabsanii gara mana isaanitti ka'anii galan. Erga gaafasiitii buna walwaamuu achumaan dhiisani.*

Akkaataa goolabbii (cufinsa) durdurii kanaa yoo xiinxallu, namoonni ollaa walii turan kun erga haala sanaan waldhbanii (wallolanii) jaalalli isaan duraan qaban akka hafe hubanna.*"Erga gaafasiitii buna walwaamuu achumaan dhiisani,"*hima jedhu irraa kanuma hubanna.Kun

akkaataa goolabbii durdurichaa kan ibsudha. Akkaataan goolabbii (cufinsaa) kunis ergaa durdurichaa himuuf yaala.

**D. Qabiyyee:** waa'ee waliin jireenyaa(hawaasummaa)fi ogummaa hojii mana keessaa

**E. Hiika**

Durduriin kun jireenya hawaasummaa ibsa. Ollummaa keessatti jaalalli, gammachuun, waliin jiraachuuniifi walkabajuun barbaachisaa akka ta'e dhiyeesse. Kanas adeemsa durduricha keessatti dabaree walwaamuun waliin nyaachuufi dhuguu yaadame irraa ni hubanna. Haata'u malee, waan hintaane wal nyaachisuufi wal obaasuun aadaa durduriin kun keessatti himame biratti safuudha. Safuun yoo cabe walitti bu'insatu uumama. Nagaatu dhabama. Safuun osoo beekaniis ta'ee, osoo hinbeekiin yoo cabe jaalalli bade jibbi, nagaan bade walitti bu'iinsi ni uumama. Durduricha keessattis kan uumame kanuma. Kana malees, waliin jireenya keessa walitti bu'uun akka jiru, wantoonni walitti bu'insaaf sababa ta'an jirachuufi kanneen kana fakkaatan ni'ibsa.

**F. Ergaa**

Ergaan durdurii kanaa, waliin jireenya keessatti ollummaan iddoo guddaa akka qabu, waliin nyaatanii waliin dhuguun akka jiru, ogummaa hojii mana keessaa walirraa akka baraniifi boosummaan ykn hojii mana keessaa wallaaluun kan balaaleffatamu ta'uu addeessa. Kana malees, aadaa nyaataa namoota waliin jiraatan biratti fudhatama qabu qulqullina isaa eeguun hojjechuun barbaachisaa akka ta'e dhaamsa durdurichaa irraa ni hubatama.

**G. Qooddattoota:** Kanniisaafi Jaldeessa

**Durdurii 3**

## Jaldeessaafi Niitii Leencaa

Dur jaldeessi daandii deemaa osoo jiruu leenca dhaltuu takka arge. Argee dhaabbatee ilaala. Yeroo isheen goodaa keessa deemtu ilaala. Bareedina ishee ilaalee dhaabbatee dinqisiifata. Garaa isaatti, "odoo haadha manaa kiyya taatee," jedhee yaade.Itti siqee oduma ilaaluu oduma ilaaluu, ilaalee ilaalee, "Gaafadhee yoo tole naaf jette, fuudhuun qaba,"jedhee garuma isheetti achi deeme. Bira gahee itti dubbachuu sodaatee calliseetuma ilaala. Achumaan isheen, "Obbo Jaldeessoo maali maalif calliftanii na ilaaltuu?"jetteen. Innis yoona karaa argatee, "lakkii yaduma; bareedina kee kanatu qalbiikoo hate,"jedhaan. Isheenis sesseeqaa, "Baay'een bareedaa?" jetteen. "Dhugaan siin jedha nama akkakeetti bareedu ani hin agarre. Odoo haadha manaa kiyya taatee akkaman ofitti gammadaa!"jedheen. Isheenis akka inni ishee jaalate argitee, "Isin haadha manaa hin qabdan moo?"jetteen. "Hin qabu; natti heerumi," jedheen ija ishee keessaa ilaalaa. Achumaan isheenis, "dura walqoranneet walsoqanna,"jetteenii mana ishee itti agarsiiftee, yeroo biraa mana ishee akka deemee gaafatu itti himtee gargar bahan. Jaldeessis baay'ee gammadee, "haadha manaa bareedduu akkanaa, kan mudhiin ishee soonsa fakkaatu argannaan moo!"jechaa ol u'utaalaa gara mana isaa gale.Torban tokko booda gara mana isheetti deebi'ee dhimmicha gaafata. Isheenis manatti ol seensiftee teechiftee waa'ee isaa gaafachuu jalqabde. "Harkakee kana maaltu akkana si godhe?"jetteen. "Ilma gootaa waanan ta'eefuu eeboo darbannaatu akkana na godhe,"jedheen. Ammas, "Ijjikee kunoo maalif akkana diimata?"jetteen. "Ija gootati,"jedheen. "Udduukee kana hoo maaltu akkanatti si quncise?"jetteen. "Farda gugsiitu akkanatti na luqqise,"jedheen. "Gaariidha; mee keessummaatu mana jiraa walbaraa,"jettee abbaa manaa ishee kan goofarroon isaa maal fakkaatu oggaa diinqaa as itti baaftu jaldeessi naasuudhaan urgufamaa, "Maali maalan si godhe, maalan si godhe?" jedhee watwaate. Abbaan manaa ishee leencichi, "Amma callisii taa'iitii waanan si gaafadhe soba tokko malee naaf deebisi,"jedheen. "Tole,tole gooftaakoo,"jedhee taa'e jaldeessichi. "Ijjikee kun maalif akkana diimata?"jedhee gaafate leencichi. "Ija daboorooti gooftaakoo," jedhee deebiseef. "Harkakee kana maaltu akkana si godhe?"jedhee gaafate. "Dhagaa garagalcheen mixii arraabaa oola; burii buqqisee nyaachuutu akkana na godhe,"jedheen. Ammas Leenci, "Udduukee kana maaltu si quncise?"jennaaniin, "Dhagaarran foqoqaa oola; isatu na quncise,"jedheen. Egaa, "qorichi sobduu kanuma," jedhee dhiitichoodhaan jaldeessicha dhahee balbala baase.Jaldeessichi

achumaan, “Yaa kottee na baasi,”jedhee ba’ee hafuuraa citaa fiigee fiigee fiigee of irra ilaalaa akkuma ta’etti mana isaatti gale jedhama. *(Madda: Aadde Dasii Reebaa, Fulbaana 15/01/2012)*

**<u>Qaaccessa Durdurii 3ffaa</u>**

### A. Haala Jalqabbii (Baninsa)

> *Dur jaldeessi daandii deemaa osoo jiruu leenca dhaltuu takka arge. Argee dhaabbatee ilaala. Yeroo isheen goodaa keessa deemtu ilaala. Bareedina ishee ilaalee dhaabbatee dinqisiifata…*

Durduriin kun akkuma durduriiwwan kanneen biroo ‘Dur’ jedhee jalqabe. ‘Dur’ jechuun ‘bara durii’ jechuu wajjin tokkuma. Seenaan kun yoom akka raawwate ibsuuf yaale. Yeroo raawwii seeneffamichaa ibsuuf qofa osoo hintaane akkaataa jalqabbii durdurii seenessuu kan hordofedha. Durduriin yommuu himamu haala ittiin jalqaban,haala ittiin dhiyeessaniifi haala ittiin goolaban/cufan qaba. Haalli jalqabbii/baninsi durdurii armaan olii durdurichi adeemsa durduriin ittiin himamu eegee jalqabuu isaa ibsa.

### B. Haala Dhiyeenyaa

Durduriin kun haala ittiin dhiyaate qaba. Duraa duuba eegee dhiyaate. Ta’iin kun akkamitti ta’e? Itti fufee maaltu ta’a? Jaldeessi leenca jaalate sana ni fuudhamoo ni dhiisa gaaffilee jedhan yommuu durdurichi himamu dhaggeeffataan sammuu isaa keessatti of gaafachaa qalbiin seeneffamicha akka hordofu taasisee jira. Kun duraa duubni gochaa seeneffamicha keessatti miidhagina itti horuuf hammam akka murteessaa ta’e agarsiisa. Akkasumas, irra deddeebiin jechootaafi gaalee nimul’ata. Fakkeenyaaf seeneffamicha keessaa, “*Itti siqee oduma ilaaluu oduma ilaaluu, ilaalee ilaalee, “Gaafadhee yoo tole naaf jette, fuudhuun qaba,”jedhee garuma isheetti achi deeme…*” kan jedhu yoo ilaallu, jechoonniifi gaaleewwan baay’inaan irra deddeebi’amanii dhimma itti bahaman argina. Jechootaafi gaalee irra deddeebiin itti fayyadamanii durdurii dhiyeessuun miidhagina durdurichaaf nigumaacha. Jechoonniifi gaaleewwan yommuu irra deddeebi’aman amala walaloo akka horatan taasisuun dhaggeeffachuuf nama hawwatu. Kana malees, itti fayyadamni jechootaafi walqabsiiftotaa seeneffamicha miidhagsuuf hedduu gumaachanii jiru.

### C. Akkaataa Goolabbii (Cufinsa)

> *… Egaa, "qorichi sobduu kanuma," jedhee dhiitichoodhaan jaldeessicha dhahee balbala baase. Jaldeessichi achumaan,"Yaa kottee na baasi,"jedhee ba'ee hafuuraa citaa fiigee fiigee fiigee of irra ilaalaa akkuma ta'etti mana isaatti gale jedhama.*

Akkaataan durduriin kun ittiin goolabame dhumni jaldeessichaa maal akka ta'e kan agarsiisuufi kan nama aja'ibudha. *"Qorichi sobduu kanuma,"* yaadni jedhu kan leenci dubbate kun sobduun kabaja kan hinqabne ta'uu ibsa. Gama birootiin, dubbiin jaldeessi dubbate,*"Yaa kottee na baasi,"* kan jedhu kun fiigee leenca jalaa bahuuf miila/kottee isaatti abdachuu agarsiisa. Ta'us, baqachuun mallattoo moo'amuu akka ta'e ni'ibsa. Dhumarratti,akkuma ta'e ta'ee jaldeessichi mana isaatti akka gale durdurichi addeessee jira. Jechi 'jedhama' jedhu kun yeroo baay'ee akkaataa goolabbii/cufinsa durdurii keessatti dhimma itti bahamuudhaan beekama.

**D. Qabiyyee:** jaalala, gaa'ela, of tuulummaafi qaanii

### E. Hiika

Durdurichi waa'ee jalalaafi gaa'elaa (abbaa manaafi haadha manaa ta'uufi jaalalaan qabamuu)ti. Akkuma durduricha irraa hubannu, haadha manaafi abbaa manaa ta'uun dura, fedhiin jaalalaa jiraachuutu dursa. Sana booda ilaallannaan, walqorachuun (firamoo fira miti? Hawaasa keessa jiraatu/ttu keessatti nama akkamiiti?, Sanyiin isaa/ishee akkami?,…) jedhanii qorachuu gaafata. Kun waanuma hawaasa keessa har'ayyuu jirudha. Akka durdurii kanaatti garuu jaldeessi nijaalate; kan isaa godhachuuf battaluma murteesse; hinqorannes hinsoqannes. Osoo qoratee jiraatee niitii leencaa ta'uu ishee waan baruuf salphinni akkasii isa hinmuudatu ture. Niitiin leencaa garuu beekaa sharrii irratti hojjette. Osoo abbaa manaa qabduu, "Abbaa manaa hinqabu; sittan heeruma," jettee jaldeessa jaalala isheetiin bu'ee ba'u itti fakkeessitee dhumarratti salphina guddaa irraan gahuun ishee akka sirrii hintaanetti fudhatama. Jaldeessis osoo hinhubatin ariifatee niitii leencaa jaalachuufi fuudhaaf gaafachuun dogoggora mataa isaa akka ta'e hubatama. Adeemsi isaanii lamaanuu aadaa kan hordofe miti. Kanaaf, dhumni isaa qaaniifi jibba ta'e. Adeemsichi osoo aadaa bu'ureeffatee jiraatee qaanii hanga kanaa bira hingahu ture. Kun kan agarsiisu aadaa hordofuu dhiisuun miidhaa akkamii fiduu akka danda'udha.

**F. Ergaa**

Ergaan durdurii kanaa, faayidaa ta’e tokko argachuuf fakkeessuun/sobuun, dhumni isaa qaanii akka ta’eefi humnaa ol boonuufi kooruun salphina akka namatti fiduu danda’udha. Kna malees aadaa faanuu dhiisuun miidhaa qaqqabsiisuu akka danda’u dhaamsa nidabarsa. Jaldeessi duraan goota of fakkeessee seenaa isaa himate. Booda gaafa abbaan manaa leencittii gaafatu dabeessa/ dabooroo/sodaattuu ta’uu isaa himate. “Karaan sobaan darban gala nama dhiba,” akkuma jedhamu, jaldeessichi afaanuma tokkoon lama dubbatee qaana’e. Ijaaramni seeneffamichaa haala kanaan deemee murtiirra gahuun ergaa dabarsuun isaa miidhagina durdurichatti horee jira.

**G. Qooddattoota:** Jaldeessa, Niitii Leencaafi Abbaa Manaa Leencaa

**Durdurii 4**

## Waraabessaafi Harree

Bara durii waraabessi harree baay’ee sodaata ture. Gurra harree dhedheeraa san gaanfa ittiin waraantu se’ee bara baay’ee alaalatti baqachaa ture. Gaaf tokko garuu akka tasaa walitti dhiyaatanii waliin haasa’uu jalqaban.Waraabessi, “Si waliin taphachuu nan barbaada garuu, gaanfakee dhedheeraa kanan sodaadha,”jedheen. Harreen, “Kuni gaanfa mitiim. Nama hinwaraanu. Ilaali atuu; homaa nama hinmiidhu,”jettee gurra ishee lamaan walitti rurrukuttee dadachaaftee akka nama hinwaraanneefi akka gogaa lallaafaa ta’e itti agarsiifte.Waraabessi garaa isaatti baay’ee gammadee, “Akkas taanan waliin haa taphannu,”jedhee wal’aansoo walqabanii wajjin taphachuu jalqaban. Achi fiiganii as fiiganii wal ari’uu, wal reebu. Kolfanii qasa’anii wajjin taphachuu itti fufan. Itti fufanii taphatu; inuma taphatu; inuma taphatu; inuma taphatu. Kanuma keessa wal’aansoo odoo taphatanii harreen waraabessa kuffifattee ukkaamsitee gubbaa teessee itti kofalte.Waraabessi jala ciisee, “Biyya keenyatti yoo nama kuffisan namarraa ka’uu, narraa ka’i,”jedheen. Harreenis achumaan irraa kaate. Ammas wal’aansoo walqaban. Ammas harreen kuffifattee gubbaatti baate. Waraabessi ammas jala ciisee, “Biyya keenyatti yoo nama kuffisan namarraa ka’uu, narraa ka’i,”jedheen. Achumaan harreen irraa kaate. Ammas wal’aansoo walqaban. Amma waraabessi harree kuffifatee gubbaatti bahe. “Biyya keenyatti yoo nama kuffisan namarraa ka’uu, narraa ka’i,”jetteen harreen. “Biyya keenyatti yoo nama kuffisan

namarraa hinka’an,”jedhee waraabessi harrittii achumatti boroqqoqee mar’imaan ishee keessaa jigsee nyaate. Sana booda harroonni hundi dubbii kana dhagahanii, “Lagni guutee waraabessa haa nyaatu,” jedhanii yommuu lagatti dhufan itti fincaa’anii bishaanicha baay’isanii akka bira darban waliigalanii amma har’aatti lagatti yoo dhufan itti fincaa’an malee bira hindarban. *(Madda: Darg. Dajanee Ammasaa, Caamsaa 15/09/2012)*

**<u>Qaaccessa Durdurii 4ffaa</u>**

**A. Haala Jalqabbii (Baninsa)**

> *Bara durii waraabessi harree baay’ee sodaata ture. Gurra harree dhedheeraa san gaanfa ittiin waraantu se’ee bara baay’ee alaalatti baqachaa ture. Gaaf tokko garuu akka tasaa walitti dhiyaatanii waliin haasa’uu jalqaban…*

Durduriin kun akkuma durduriiwwan kanneen biroo, “Bara durii…”jechuun eegale. Jalqaba durdurii kanaa keessatti waraabessi harree sodaachaa turuufi guyyaa tokko garuu walitti dhiyaatanii waliin haasa’uutu ibsame. Haalli jalqabbii isaa taateewwan itti aananii dhufan dhaggeeffachuuf kan nama kakaasudha. Haala durduriin Oromoo jalqabarratti ittiin eegalu hordofee dhiyaachuun durduricha miidhagsuuf hedduu gargaaree jira.

**B. Haala Dhiyeenyaa**

Durduriin kun akkaataa ittiin dhiyaate qaba. Akkaataa jalqabbii, haala dhiyeessuu, akkaataa goolabbiifi haala ergaan ittiin darbe yommuu xiinxalamu haalli dhiyeenya durdurichaa guutummaatti hubatama. Kana malees, gochoonni raawwataman duraa duuba eeganiiti. Gochi tokko erga raawwateen booda kan birootu itti fufa. Kun jaargocha seeneffamichaa fuulduratti hoofuuf gargaara.Midhaagina durdurichaafis nigumaacha. Haala dhiyeenya durdurii kanaa keessatti irra deddeebiin jechootaafi gaaleewwanii nimul’ata. Fakkeenyaaf hima durduricha keessaa fudhatame kana yoo ilaallu, *“Achi fiiganii as fiiganii wal ari’uu, wal reebu. Kolfanii qasa’anii wajjin taphachuu itti fufan. Itti fufanii taphatu; inuma taphatu; inuma taphatu; inuma taphatu…”* jedha. Hima kana keessatti irra deddeebiin jechootaafi gaaleewwanii miidhagina durdurichaaf gumaachuu agarsiisu.Irra deddeebiin kun hiika jecha jalqaba itti dhimma bahameen yommuu irra deebi’amu argina. *Kolfanii qasa’anii… wal ari’uu, wal reebu…* Hima kana keessatti kana keessatti kolfuun qasa’uudhaan, ari’uun reebuudhaan irra deddeebi’amuu argina.

Walumaagalatti, haalli dhiyeenya durdurii kanaa kan nama hawwatuufi miidhagina durdurichaa ibsuuf gargaarudha.

**C. Akkaataa Goolabbii (Cufinsa)**

> *… Sana booda harroonni hundi dubbii kana dhagahanii, "Lagni guutee waraabessa haa nyaatu," jedhanii yommuu lagatti dhufan itti fincaa'anii bishaanicha baay'isanii akka bira darban waliigalanii amma har'aatti lagatti yoo dhufan itti fincaa'an malee bira hindarban.*

Durduriin kun akkaataa cufinsaa/goolabbii of danda'e qaba. Akkuma durduricha irraa hubannutti, harroonni hundi waan fira isaaniirratti ta'e arganii qaama fira isaanii miidhe haaloo bahuuf waan hojjetan irratti waliigalanii hojjechuu isaanii hubanna. Addatti immoo akkaataa cufinsa durdurii kanaa yommuu ilaallu, "*amma har'aatti lagatti yoo dhufan itti fincaa'an malee bira hindarban.*" himni jedhu waan durii jalqabanii hojjetan har'a illee raawwachaa jiraachuu ibsuudhaan xumurame. Kun gaaffii harreen yommuu laga yaa'utti dhuftu maaliif fincoofti jedhuuf deebii kennuun kan goolabamudha. Kanaafuu, akkaataan goolabbii/cufinsa durdurii kanaa haala ergaa dabarsuu danda'uun miidhagee kan dhiyaatedha.

**D. Qabiyyee:** waa'ee iccitii ofii diinaf dabarsanii himuu

**E. Hiika**

Durduriin kun waa'ee waraabessaafi harreeti. Dhimmi isaa iccitii walii baruudha. Harreefi waraabessi waliif diina.Waraabessi harree nyaachuuf yeroo hunda barbaada. Sababa iccitii harree san hinbeekneef ishee nyaachuuf hinmijatuuf (nisodaata) ture. Garuu guyyaa icciticha bare irraa kaasee sodaa dhiisee tooftaadhaan harreetti michoomee nyaate. Jiruufi jireenya keessatti firaafi diina ofii adda baafachuun iccitii ofii nama itti himatan beekuu akka barbaachisu ibsa. Gama birootiin durduriin kun waan gaaffii har'a namatti ta'uuf deebii kenna. Harreen maaliif lagatti yommuu dhufte fincooftu malee bira hindabartu? Gaaffii kanaaf deebii kan ta'u akeeka. Duraa duubummaa gochaa, irra deddeebii, fayyadama jechootaa, sochii qaamaan tumsamuufi ergaa barbaadame dabarsuun dhimma himameefiif oluu danda'uun miidhagina durdurichaaf hedduu gumaachanii jiru.

**F. Ergaa**

Ergaan durdurichaa, iccitii ofii dhokfachuu dhiisuun diinaan nyaatamuuf akka nama saaxilu hubachiisa. Iccitii ofii eenyutti, akkamitti akka himatan beekuun barbaachisaa ta’uun dhaamsa durdurii kanaati.

**G. Qooddattoota:** Waraabessaafi Harree

**Durdurii 5**

## Jaarsaafi Dargaggeessa Waliin Karaa Deeman

Bara durii jaarsa tokkoofi dargaggeessa tokkotu waliin karaa deemu turan. Oduma deemanii deemanii deemanii loon baay’ee kan kormi keessa hinjirretti dhufan. Jaarsichi quba isaa gara loon sanaatti achi qabee, “Argitaa? Maali loon xiqqoon kun!”jedhe. Dargaggeessichi waan jaarsichi jechaa jiru waan wallaalchise. Loon baay’eedhaan xiqqoo jedhe waan ta’eef. Dargaggeessichi homaa hindubbanne. Ammas deemsa isaanii itti fufanii inuma deemu inuma deemu inuma deemu. Deemanii deemanii deemanii oduma deemanii ammas loon muraasa kan kormi tokko keessa jirutti dhufan. Jaarsichi dargaggeessichaan, “Agartaa? Ilaali loon baay’ee kana!,”jedheen. Dargaggeessichi, “Maal jechuu keessani? Loon baay’eedhaan xiqqoo jettu; loon xiqqoodhaan baay’ee jettu,”jedheen. Jaarsichi, “Ilaa ilma koo, loon baay’een duraan argine sun korma of keessaa hinqaban; kana booda walhoranii baay’achuu hindanda’an. Xiqqaachaa deemanii siruma dhabamuu danda’u. Loon xiqqoon amma argine kun garuu korma of keessaa qabu. Amma yoo muraasa ta’aniyyuu walhoranii sanyii baay’atanii karra baay’ee ta’uu danda’u. Sanyiin isaanii baay’ataa deema,” jedheen. Dargaggeessichis dubbii isaanii ajaa’ibsiifatee, “Dhugaa jettan amma naaf galee jira,” jedheen jedhama. *(Madda: Obbo Qajeelaa Nagahoo, Fulbaana 15/01/2012)*

**Qaaccessa Durdurii 5ffaa**

**A. Haala Jalqabbii (Baninsa)**

> *Bara durii jaarsa tokkoofi dargaggeessa tokkotu waliin karaa deemu turan. Oduma deemanii deemanii deemanii loon baay'ee kan kormi keessa hinjirretti dhufan…*

Durduriin kun akkuma durdiriiwwan kanneen biroo, "*Bara durii…*" jechuun jalqabame. Bara durii jaarsi tokkoofi dargaggeessi tokko waliin karaa deemaa akka turan ibsuun osuma karaa deemanii loonitti akka dhufan, jaarsichi loon baay'eedhaan xiqqoo jechuun waan nama ajaa'ibuufi itti yaaduun hubachuu barbaachisu ta'uu isaatiin dhiyeessee jira. Waan nma ajaa'ibuufi itti yaaduun hubatamuu qabu jalqabarra dhiyeessuun seenaa sana booda himamuuf xiyyeeffannoo kennuun hiika isaa akka argatan taasisa. Kanaaf, haala jalqabbii qalbii rarraasuun eegalame jechuun nidanda'ama.

**B. Haala Dhiyeenyaa**

Haali dhiyeenyaa durdurii kanaa hawaataafi miidhagina kan goonfatedha. Durdurichi duraa duuba gochaa eegee seeneffamuun, irra deddeebii qabaachuun fakkeenyaaf, *"…inuma deemu inuma deemu inuma deemu deemanii deemanii deemanii oduma deemanii…,"*jechuun seeneffamuun, dhugaa jiru ibsuun miidhaginaan dhaggeeffattoota akka hawwatu taasisee jira.Kun miidhagina ogbarruu durdurichi of keessaa qabu ibsa. Kanaafuu, haalli dhiyeenyaa miidhagina durdurii tokkoof murteessaa akka ta'e hubachuun nidanda'ama.

**C. Akkaataa Goolabbii (Cufinsa)**

> *… Dargaggeessichis dubbii isaanii ajaa'ibsiifatee, "Dhugaa jettan amma naaf galee jira," jedheen jedhama.*

Akkaataa goolabbii/cufinsa durdurii kanaa yommuu ilaallu, *"…jedheen jedhama,"* yaada jedhuun xumurame. Akkuma goolabbii durduriiwwan kanneen birootiin walfakkaata jechuudha. Akkaataan goolabbii kun ajaa'ibsiifachuu dargggeessichaafi wanti dura gaaffii itti ta'e sun deebi'uufii (ifa ta'uufii) ibsuun goolabame.

**D. Qabiyyee:** waa'ee hormaataa (sanyiin baay'achuu)

**E. Hiika**

Durduriin kun beekumsa maanguddoon qabu akkaataa dargaggeessa ittiin barsiisu ibsa. Kana malees, durduriin kun maanguddoon madda beekumsaa ta'uu agarsiisa. Dhaloonni maanguddoo irraa beekumsa akka dhaalan ibsa. Waan mul'atuun waan hinmul'anne barsiisuudha. Loon korma of keessaa hinqabne horuu akka hindandeenyeefi kan korma of keessaa qaban garuu horuu akka danda'aniifi sanyiin isaanii baay'achuu akka danda'u hubachiisa. Kormi loon keessa jiraachuun mallattoo mootiifi hormaataa (sanyiin baay'achuu)ti. Loon korma of keessaa qaban kabaja qabu; nisodaatamu. Kormi diina irraa dhoowwa; tokkummaa isaanii cimsa. Isaanis ni ajajamuuf. Kan korma (mootii) ofii hinqabne garuu tuffatamuufi miira gadaantummaa keessa akka jiraatanillee kan taasisudha.

**F. Ergaa**

Ergaan durdurii kanaa, sanyiin itti fufanii horuuniifi sanyiin akka itti fufu kan taasisu jiraachuun barbaachisaa akka ta'edha. Kana malees, sanyii baay'achuun kabajamuufillee barbaachisaa ta'uu durdurii kana irraa hubachuun nidanda'ama.

**G. Qooddattoota:** Jaarsaafi Dargaggeessa

**Durdurii 6**

# Qocaafi Sinbirroota

Bara durii qocaa beela'ee daandiirra taa'u tokkotti sinbirroonni waamicha deemaa jiran itti dhufan jedhan. Amma nagaa walgaafatanii oduma haasa'aa jiranii qocaan, "Eessa deemaa jirtu?" jedhee gaafate. Sinbirroonni, "Waamicha deemaa jirra," jedhaniin. Achumaan qocaan, "Maal ta'aree anaanis na fudhattanii yoo deemtan?" jedheen. Isaanis, "Nuti silaa baalleedhaan balaliinaa, atimmoo akkamitti nu wajjin deemtaree?" jedhaniin. Qocaanis, "Baallee keessan tokko tokko naaf kennaatii isin waliinan balali'a," jedheen. Achumaan, "tole" jedhanii baallee isaanii tokko tokko kennaniifii qocaanis akkuma isaanitti isaan wajjin qilleensarra balali'aa deeme. Kanumaan odoo mana warra waamichaa hinga'iin qocaan, "Maqaan koo eenyu beektuu?" jedhee sinbirroota gaafate. Isaanis, "Hinbeeknu," jedhaniin. "Maqaan koo, Hunduma

Keessaniif' jedhama," jedheen. Isaanis maqaan isaa, "Hunduma Keessaniif" akka ta'e baranii deemsa isaanii itti fufan. Mana warra waamichaa ga'anii warri waamichaa gadi bahanii simtanii manatti ol seenan. Achumaan nyaata dhiyeessaniif. Nyaata dhiyeessaniifii odoo nyaachuu hinjalqabiin qocaan warra nyaaticha dhiyeesseen, "Nyaanni kun eenyuuf dhiyaate?" jedhee gaafate. Warri nyaaticha dhiyeessanis, "Hunduma keessaniif," jedhanii biraa deeman. Qocaan sinbirroota wajjin jiraniin, "Argitanii! Nyaanni kun anaaf dhiyaate jechuudha. Kanaafuu, isin hin nyaattan," jedhee irraa dhoowwatee kophaa isaa nyaate. Sinbirroonni gocha qocaa kanatti baay'ee aaranii, "Baallee keenya kan siif kenninee turre nuuf deebisi," jedhaniin. Qocaan kadhatee kadhatee homaa ta'uu dide. Akka isaan baallee irraa hinfudhanne kadhata. Ammas ittumma deebi'ee inuma kadhata, inuma kadhata. Sinbirroonni didanii baallee isaanii irraa buqqifatan. Sinbirroota sana keessaa sinbirri gara laafessi tokko irraa hinbuqqifanne. Nidhiiseef. Warri kaan garuu baallee isaanii irraa fudhatanii galuuf ka'an. Amma qocaan, "Mee haadha manaa kiyyatti ergaa naaf himaa," jedheen. Warra baallee irraa buqqifatan saniin. "Maal jennee itti siif himnu?" jedhaniin. "Waan lallaafaa isaa oddoo keenya keessa hafii na eegi. Balali'aa dhufeen irratti bu'aa, jedhaa itti naaf himaa," jedheen. Isaanis, "Tole, itti siif himna," jedhanii galan. Dhaqanii haadha manaa isaatiin, "Abban manaa kee, waan qara qabu kan akka eebooo, burcuqqoo caccabaa, qoree qara qabufaa walitti guuriitii oddoo keenya keessa kakkaa'ii na eegi' siin jedhe," jedhanii biraa deeman. Isheenis akkuma isaan jedhanitti hundumaa raawwatte. Qocaan balali'aa dhufe. Balali'aa balali'aa dhufee oddoo keessatti gadi of dhiise. Achumaan eeboo, burcuqqoo caccabaafi qoreen achi kaawwamee jiru qaama isaatti nam'ee kanumaan du'e jedhama. *(Madda: Aadde Zinnaayee Mokonnin, Sadaasa 03/03/2012)*

**Qaaccessa Durdurii 6ffaa**

### A. Haala Jalqabbii (Baninsa)

> *Bara durii qocaa beela'ee daandiirra taa'u tokkotti sinbirroonni waamicha deemaa jiran itti dhufan jedhan. Amma nagaa walgaafatanii oduma haasa'aa jiranii qocaan, "Eessa deemaa jirtu?" jedhee gaafate…*

Akkaataan jalqabbii durdurii kanaa, "Bara durii…," jechuun eegale. Kun haala jalqabbii durdurii Oromoo eeguu isaa ibsa.Jalqabbii kana keessatti qooddattoonni durdurichaa gurguddoon dhiyaatanii jiru. Gochi jalqabaa maaliin akka jalqabe haala jalqabbii (baninsa) durdurii kanaa irraa hubachuu dandeenya.

**B. Haala Dhiyeenyaa**

Durduriin kun akkuma durduriiwwan kanneen biroo haala dhiyeenyaa mataa isaa qaba. Kunis kan hubatamu akkaataan himiinsaa jalqabaa hanga dhumaatti akkamitti akka raawwate hubachuudhaani. Durduriin kun irra deddeebii, duraa duuba gochaa eeguu, gochi raawwatame miira namaatti akkaataa dhagahamuu danda'uun kan dhiyaateefi akkaataa goolabbii qabaachuun isaa miidhagina itti horee jira. Durdurichi jaargocha walxaxaa qabaachuullee baatu gochoonni duraa duubaan raawwachuun xumuramuun, walitti bu'insa qabaachuufi ergaa barbaadame dabarsuu danda'uun miidhagina durdurichaa agarsiisa. Durduriin kun barsiisuufi bashannansiisuu of keessaa qaba.Kanaafuu, haalli dhiyeenyaa durdurichaa hawwataadha jechuun nidanda'ama.

**C. Akkaataa Goolabbii (Cufinsa)**

> *... Balali'aa balali'aa dhufee oddoo keessatti gadi of dhiise. Achumaan eeboo, burcuqqoo caccabaafi qoreen achi kaawwamee jiru qaama isaatti nam'ee kanumaan du'e jedhama.*

Akkuma durdurii kanarraa hubannutti, akkaataan goolabbii durdurii kanaa ergaa durdurichaa himuuf kan akeekuufi dhumni seeneffamichaa maal akka ta'e kan ibsudha. Haala kanaan goolabamuun isaa yaada dhaggeeffatamaa ture walitti qabuun dhaggeeffataan ergaa barbaachisu akka hubatu taasisa.

**D. Qabiyyee:** waa'ee walitti dhufeenyaa, ofittummaafi aaloo walba'uu

**E. Hiika**

Durduriin kun waa'ee qocaafi sinbirrootaa seenessa. Seeneffamicharraa akkuma hubatamu qocaan abshaalummaa isaatti abdatee sinbirroota isa gargaaraa turanirratti shira dalage. Kana amala namaatiin walqabsiifnee yommuu ilaallu, namni oolmaa namni ooleef ilaaluu dhiisee cubbuu nama sanarratti deebi'ee yaadu jiraachuu isaati.Warri dabni irratti yaadame hatattamaan aaloo isa bahuuf yommuu deeman isaanuma keessaa gara laafessi rakkoo namaa ilaalee bira darbuu hindandeenye (kan gargaaru) akka jiru hubachiisa. Qocaan cubbuu hiriyoota isaarratti hojjeteen deebi'ee miidhama guddaan irra gahee du'uun isaa cubbuun abbuma miiti kan jedhu sirriitti dhugoomse. Ofittoo ta'uun barbaachisaa akka hintaane, waliin jiraachuun mallattoo

jaalalaa akka ta'e ni hubanna. Haati manaa qocaa gowwummaa qabaachuu argina. Ajaja abbaa manaa ishee hanga feete yoo kabajje illee maaliif jettee qorachuu, inni eessatti akka hafe sababa wajjin gaafachuu qabdi ture. Yaada kana gara amala namaattis yoo fidne, namoonni tokko tokko miidhaafi faayidaa isaa sirriitti osoo adda hinbaasiin gochoota adda addaa yoo raawwatanii balaa garagaraaf yommuu saaxilaman ni argina.

**F. Ergaa**

Ergaan durdurii kanaa faayidaa dhuunfaaf jedhanii hiriyaa ofii jibbuufi ofittoo ta'uun barbaachisaa akka hintaanedha. Kana malees, oolmaa namni namaaf oole dagachuun sirrii akka hintaaneefi ofitummaan guutamuun miidhaa nama irraan gahuu akka danda'u dhaamsa dabarsa.

**G. Qooddattoota:** Qocaa, sinbirroota, warra waamicha waaman, haadha manaa qocaa

**Durdurii 7**

## Obbolaawwan Sadaniifi Bulgu

Bara durii obbolaawwan durbaa lamaafi dhiira tooko walitti sadiitu jiru jedhan. Isheen tokko gamna; lamaan hafan immoo gowwaadha. Rakkattoota(hiyyeessota)turan. Isheen gamni sun muka qilxuu guddaa tokko jala dhaabbattee, "Yaa qilxuun nana, yoon Haayyoo koo maqe, yoon Aabboo koo maqe mana naaf ta'i,"jetteen.Yeroodhuma sana tarattaramee mana ta'eef. Ammas irra deebitee akkuma duraanii jette. "Yaa qilxuun nana, yoon Haayyookoo maqe, yoon Aabboo koo maqe balbala naaf ta'i," jetteen. Ammas balbala ta'eef. Waan mana keessaammoo waan nyaatanii jiraatan waan hinqabneef Bulguun sooressi tokko ollaa isaanii jiraata ture. Achii waan inni qopheeffatu hundumaa ishii gamni sun yeroo inni manaa ba'u suuta jettee dhaqxee fuutee isaan nyaachisaa turte. Oduma kanaan jiranii guyyaa tokko ishee gowwaan sun, "Har'a ani dhaqu malee,"jetteen. "Tole dhaqi; yeroo dhaqxu garuu, of eeggadhuu kirrii inni xaxee jiru hundumaa eeggadhu,"jetteen ishee gamni sun. Achii booda ni dhaqxe. Oggaa achi geessu balbalumarra dhaabbattee, "Utubaan Bulguu sibiila, eeleen Bulguu sibiila,gombisaan Bulguu sibiila, sireen Bulguu sibiila,"jettee lallabdi. Oduma isheen achi dhaabbattee lallabduu Obbo Bulgu itti dhufe. Achumaan eelee olqabdee gombisaa jala seentee teessee dhokatte. Obbo Bulgu shakkee manatti ol seenee waan nyaataa hundumaa gadi guuree, "Kana eenyutu na wajjin

nyaata?”jedhe. Isheenis iddoo jirtuu, “Ana wajjin nyaadhu,” jetteen. Achumaan Bulgu ishee fuudhee qeensa ishee irraa qoree dhaqna ishee dhiqee yeroon deebi’un nyaadha jedhee hidhee qanqal’oo keessa kaa’ee fannifatee deeme. Isheen turraan maal taate jettee ishee gamni gaafa dhuftu, inni ishee hidhee fannisee deeme. Kana booda ishee keessaa baaftee muka guddaa(gurcuu)tokkoofi hiddii lama qanqal’icha keessa keessee fanniftee obboleettii ishee fudhattee galte. Achii booda Bulgu deebi’ee bakka fannise sanatti abidda jalaan ol bobeessee jala ciisee ol ilaala.Yeroo hiddiin tokko dhoowu, “Uffayi, ijji bitaa naaf dhoote,” jedha. Ammas hiddiin tokko dhoote. “Uffayi, ijji mirgaa naa dhoote,”jedhee gammade. Mukichi oduma boba’uu gagawu jedhee Bulgurratti garagalee abiddi itti boba’ee Obbo Bulgu ajjeese. Xiqqoo turtee oggaa intalli gamni sun deebitee ilaaltu, obbo Bulgu du’ee jira. Qe’een isaa hundinuu onee jira. Loon isaas nama yaasu dhabanii beelan dhumaa jiru. Kanarra jarri sadan qe’ee Bulguu dhufanii isa ofirraa gadi gottotanii baasanii gatanii itti galan. Kanarra ishee gamni warra gowwaa lamaan wal fuusiftee isaanis dhala walirraa godhatan. Ishiin gaafa dhaqxee ilaaltu, “Mucaan keessan boru iyyuu horii isiniif eega,”jetteenii galte. Isaanis dhuguma se’anii borumtaasaa harka mucaa eegee sa’aatti hidhanii horii waliin gadi dhiisan. Sa’i lafarra gottotaa waan oolteef mucaan du’ee galabaa nuugii keessatti sa’a irraa citee bu’e. Galgala oggaa horiin galan harka isaa qofatu eegee sa’ichaarratti rarra’ee hafe. Amma barbaacha deemanii argan. Oggaa arganii mucaan du’ee afaan isaatti mixiin duudee ciisa. “Ati nuugii namaa nyaachaa ooltee edaa,” jedhanii mucaa du’aa uleedhaan rukutaa oolanii baatanii fudhatanii galan. Ishee gamni gaafa dhaqxuu, “Ati akkas jennaan horii bobbaafne,”jedhaniin. Ishiinis, “Badaa isin warra badiitii,”jetteen. Isaanis galaa waan akka bassoofaa fudhatanii baduudhaaf deemaa osoo jiranii garba guddaa tokkotti dhufan. Dhaqii bishaanichatti gargaaramii nuuf hojjedhu jedheen abbaan manaa. Isheenis oggaa bishaanichatti seentu bishaanichi gadi fagoo waan ta’eef ishii liqimsee hambise. Abbaan manaa eegee eegee dadhabnaan waameee waamee dhabe. Achumaan dhagaa fudhatee karaa isheen bishaanichatti seente sanaan gadi itti darbate. Achumaan ishee bishaanicha keessatti mataa rukee burukse. Dhiigni bishaan gubbaatti bulluq ol jedhee diimesse. “Hahaa! Edaa kophaakee hojjetattee nyaachaa jirtaa? Ammammoo sirumaa barbaree itti godhattee nyaattaa?”jedhee wajjin nyaachuuf karaa isheen seente sanaan oggaa seenu bishaan isas liqimsee kanumaan isaan lamaanuu bishaanichatti dhuman jedhama. Kanaaf, “Gowwaan dur lafarraa dhume,” jedhu. *((Madda: Aadde Zinnaayee Makonnin, Sadaasa 03/03/2012)*

## Qaaccessa Durdurii 7^ffaa

**A. Haala Jalqabbii (Baninsa)**

*Bara durii obbolaawwan durbaa lamaafi dhiira tooko walitti sadiitu jiru jedhan. Isheen tokko gamna; lamaan hafan immoo gowwaadha. Rakkattoota(hiyyeessota)turan. Isheen gamni sun muka qilxuu guddaa tokko jala dhaabbattee,"Yaa qilxuun nana, yoon Haayyoo koo maqe, yoon Aabboo koo maqe mana naaf ta'i,"jetteen…*

Haalli jalqabbii durdirii kanaa dhaggeeffachuuf kn nama hawwatu, qooddattoota gurguddoo kan eereefi gochi jalqaba raawwate maal akka ta'e kan ibsudha. Adeemsa baninsa (jalqabbii) durdurii eeguun kan jalqabedha.

**B. Haala Dhiyeenyaa**

Haalli dhiyeenya durdurichaa jalqabaa hanga dhumaatti duraa duubni gochaa kan eegame, irra deddeebiin kan guutame, dhaggeeffataafi seenessaa kan hirmaachise, qabiyyeefi ergaa haala barbaachisuun kan dhiyeessedha. Haala kanaan dhiyaachuun isaa immoo durdurichi miidhagina goonfatee hawwataa akka ta'u taasisee jira. Kana jechuun duraa duuba gochaa eeguu, irra deddeebii qabaachuu, walqabsiistotatti fayyadamuufi akkaataa barsiisuufi bashannansiisuu danda'uun dhiyaachuun miidhagina durdurichaaf kan gumaacheedha.

**C. Akkaataa Goolabbii (Cufinsa)**

*…"Hahaa! Edaa kophaakee hojjetattee nyaachaa jirtaa? Ammammoo sirumaa barbaree itti godhattee nyaattaa?"jedhee wajjin nyaachuuf karaa isheen seente sanaan oggaa seenu bishaan isas liqimsee kanumaan isaan lamaanuu bishaanichatti dhuman jedhama. Kanaaf, "gowwaan dur lafarraa dhume," jedhu.*

Durdurichi akkuma durduriiwwan kanneen biroo akkaataa goolabbii niqaba. Akkaataa goolabbii kanaan ergaa dabarsuuf barbaadame bifa mammaaksatiin dabarsuun goolabe. Cuunfaa seeneffamichaa ergaa isaa kana irraa goolabbii kana irraa hubanna. Kanaafuu, haala nama hawwatuun goolabame jechuu dandeenya.

**D. Qabiyyee:** waa'ee gowwummaa, gamnummaa, mala jireenyaa

**E. Hiika**

Durduriin kun obboloota durbaa lamaafi Bulgu namfakkii taasisee kan seeneffameedha. Bulgu akka nama qabeenyaafi tooftaa qabuutti yommuu dhiyeessu durboota sana immoo tokko gowwaa tokko immoo gamna akkasumas, hiyyeeyyii (rakkattoota waan nyaatan hinqabne) kan ollaa Bulguu jiraatan godhee dhiyeesse. Gara dhugaa hawaasa keessa jiruutti yommuu fidnu, sooressi ollaa hiyyeessaa jiraachuun waanuma jirudha. Sooressi humna hiyyeessatti fayyadamuu, ergachuufi wkf godhu nijira. Hiyyeessi nyaatee buluuf sooressa jalaa harcaatuu funaannachuufi sanaa olittiyyuu yoo haalli mijateef hatee jiraachuu kan raawwatu jira. Gocha raawwatamu kamuu keessatti malli murteessaadha. Obboloonni durbaa sun tooftaadhaan isa humna qabu ofirraa galaafatanii qabeenya isaa dhaalan. Kun mala isaan gargaareedha. Gama birootiin gowwummaan jireenya keessatti miidhaa guddaa hanga lubbuu ofii galaafachuutti akka nama geessu durduriin kun ni ibsa. Uumaan namoota garraamiitti akka dhiyaatu, kadhaa isaanii akka dhaga'u, jiraachuuf wanti ittiin jiraatan barbaachisaa akka ta'e, intalli geese heerumuu akka qabdu, ilmi gahe fuudhuu akka qabu, ilmi dhalate warraaf akka ergamuufi kanneen kana fakkaatanitti durdurichi hiikamuu danda'a. Haa ta'u malee, gowwummaan jireenya keessatti akka nama miitus ni hubanna.

**F. Ergaa**

Ergaan isaa gamnummaan barbaachisaa ta'uufi gowwummaan hanga sanyii ofii duguuguutti akka nama geessu kan hubachiisuudha.

**G. Qooddattoota:** Bulgu, dubara lamaan, obboleessa durbootaa

**Durdurii 8**

## Namoota Lamaan Waliin Karaa Deeman

Bara durii namoota lamatu waliin karaa deema ture. Oduma deemanii oduma deemanii deemaa deemaa oduma jiranii gaala tokkotti dhufan. Isaan keessaa inni tokko gaala hinbeeku ture. Achumaan namicha isa waliin deemaa jiruun, "Namni kana hinbeekne nijiraam,"jedheen. Namichis, "Gaalamoo!"jedheen. "Eeyyee" jedheen. Kanumaan wallaalummaa isaa odoo ofirratti hinbeeksisin baree jedhama. *(Madda Obbo Amanuu Hirphaa, Caamsaa, 10/09/2012)*

**Qaaccessa Durdurii 8ffaa**

Durduriin kun waa'ee malaan waa beekuuti.Waan duraan hin beekne osoo namni nama irratti hin beekiin tooftaa mataa ofiitiin beekuu danda'uu agarsiisa. Durdurii kana wanti miidhagina itti godhe mala waan hinbeekne baruuf dhimma itti bahameedha. Inni hin beekne, "Namni kana hin beeknes nijiraam," yommuu jedhu inni beeku, "Gaalamoo?" jedhee maqaa beeyladichaa salphumatti himuun tooftaa nama ajaa'ibudha. Isa beekutti inni gaafate waan hin beekne itti hin fakkaanne. Kanaaf, salphumatti maqicha itti hime. Malaan gaafatee waan hinbeekne bare inni hinbeekne. Kanatu miidhagina durdurichaaf gumaacha guddaa godhe.

**Durdurii 9**

## Waraabeyyii Torban Waliin Karaa Deeman

Bara durii waraabeyyiin torba waliin karaa deemaa odoo jiranii sa'a hallayyaa keessatti kuftee jirtu takka argan. Waraabeyyii sana keessaa tokko, "Hallayyicha keessa buunee nyaachuu qabna," jedhe. Achumaan isaan keessaa inni jaarsi tokko, "Akkatti baatan hinqabdanii, hinbu'inaa," jedheen. Isaan garuu, gorsa isaa didanii waraabeyyiin jahanuu hallayyicha keessa bu'an. Bu'anii sa'attii nyaatanii erga raawwatanii akkatti hallayyicha keessaa bahan dhaban. Sana booda isa biraa hafe sana mala gaafatan. Innis, "Dabareedhaan wal nyaadhaa,"jedheen. Walnyaatanii inni tokko qofaa isaa hafe. Innis gaafa mala gaafatu,"Ati immoo achumatti du'a eeggadhu,"jedheen. Innis achitti odoo du'a eeggatuu waan nyaatu dhabee beelaan hallayyicha keessatti du'e. Kanumaafi kan, " Hima didduun du'a hindiddu," jedhaniif. *(Madda: Obbo Diroo Tolasaa, Waxabajjii /10/2012)*

**Qaaccessa Durdurii 9ffaa**

### A. Haala Jalqabbii (Baninsa)

> *Bara durii waraabeyyiin torba waliin karaa deemaa odoo jiranii sa'a hallayyaa keessatti kuftee jirtu takka argan...*

Durduriin kun, "Bara durii…" jechuun eegale. Haala baninsaa kana keessatti qooddattoota durdurichaa himee jira. Haalli jalqabbii kun eenyutu maal, yoomiifi eessatti akka raawwate ibsee

jira. Kun seenaa itti fufee seeneffamuuf bu'uura ta'a. Kanaafuu, haalli jalqabbii isaa adeemsa durdurii himuu kan eegeefi hawwataa ta'uu isaa hubachuu dandeenya.

**B. Haala Dhiyeenyaa**

Haalli dhiyeenya durdurii kanaa duraa duuba gochaa kan eege, irra deddeebii jechootaafi gaaleewwanii kan fayyadame, ergaa isaa mammaaksa Oromoo, " Hima didduun du'a hindiddu," jedhuun ibsuuf kan yaaleefi haala bashannansiisuun ergaa kan dabarsedha. Amala ilmoon namaatiin (waan hawaasa keessatti dhugaadhaan raawwatu) bifa duduriitiin dhiyeesse. Amala kanatu walitti bu'insa uumee akka durdurichi miidhagina godhatee nama hawwatu taasise.

**C. Akkaataa Goolabbii (Cufinsa)**

> *... Innis achitti odoo du'a eeggatuu waan nyaatu dhabee beelaan hallayyicha keessatti du'e. Kanumaafi kan, " Hima didduun du'a hindiddu," jedhaniif.*

Akkaataa goolabbii (cufinsa) durdurii kanaa yommuu ilaallu, xumura seenichaa bifa miidhagina qabuun (mammaaksaan faayuun) kan dhiyeessedha. Miidhaginni kun immoo ergaan durdurichaa akka yaadatamu kan taasisudha. Walumaagalatti, dudurichi akkaataa goolabbii durdurii kan eegeefi haala miidhagina qabuun kan goolabamedha.

**D. Qabiyyee:** waa'ee faayidaa ilaalanii miidhamuufi gorsa diduu

**E. Hiika**

Durduriin kun waa'ee bineensota waliin karaa deemaa osoo jiranii waan nyaatamu qilee keessatti arganii bu'anii nyaachuufi dhiisuurratti wal mormanii gorsa walii didanii miidhaan irra gahe ibsa. Isaan keessaa waraabessi dulloomaan akka qilicha bu'anii hin nyaanne akka itti bahan rakkoo akka itti ta'u itti himus warri kaan gorsa isaa didanii qilee bu'anii myaatan. Sana booda akka itti bahan dhabanii rakkatanii dabaree dabareedhaan wal nyaatanii walfixan. Kun kan agarsiisu gorsa walii dhagahuu diduufi nyaata yeroof jedhanii rakkoo boru nama qunnamuu danda'u fageessanii yaaduu dhabuun miidhaa guddaa akka namarraan gahudha. Waraabessi jaarsi (umriidhaan kan ture) beekumsa akka qabu hubanna. Namnis kan umriidhaan cime beekaa, nama fuulduratti fageessee yaadu ta'uu akka danda'u argina. Waraabeyyiin waan nyaatamu arganii qilee bu'an, amala namoonni tokko tokko faayidaa yeroo (dhuunfaa) bira darbuu dadhabanii booda ittiin qaana'an mul'isa. Aadaa uummata Oromoo keessatti, beekaan (jaarsi)

nigorsa. Kan gorfamu gorsa dhaga'uun aadaadha. Kan dubbii beekaa (jaarsaa) didu balaan muudachuu mala. Durduriin kun hiikawwan kanneen nicalaqqisiisa.

**F. Ergaa**

Ergaan durdurii kanaa angafa ofii dhagahuu dhabuun sirrii akka hintaaneefi faayidaa yeroof bakka kennanii jireenya boruu dagachuun rakkina keessaa hinbaane keessa akka nama galchu hubachiisa. Mammaaksi, "Gorsa didduun du'a hindiddu," jedhus ergaa durdurichaa ifa gochuun miidhagina durdurichaaf gumaachee jira. Kunis, namni gorsa didu miidhaan (balaan) irra gahuu akka danda'u kan ibsudha.

**G. Qooddattoota:** Waraabeyyiifi sa'a

**<u>Durdurii 10</u>**

## <u>Haadha Manaafi Abbaa Manaa Gowwaa</u>

Bara durii jedhan abbaa manaafi haadha manaatu ture jedhama. Lamaan isaaniyyuu gowwaa turan. Calluma jedhanii guyyaa gaaf tokkoo hindaaqqoo qalatan. Achumaan waxii isaa hojjetanii odoo hin nyaatiin olkaawatanii  muka ilkaan keessaa ittiin foon guurratan(gorogoratan) murachuuf bahanii odoo deemanii namicha tokkotti dhufan. "Yaa namichoo manni keenya kunoo gaara san jalaa mana keenyatti gortee waxii hindaaqqoo keenya akka nu jalaa hin nyaanne,"jedhaniin. Namichis achi goree jalaa nyaatee deeme. Oggaa isaan deebi'anii dhufan tisiisa malee homtuu distii keessa hinjiru. Haati manaas, "Tisiisatu nyaatee fixe," jettee abbaa manaatti himte. Innis tisiisa ajjeesutti distii dhahee cabse. Achumaan haadha manaas addarra qubatte tisiisni. Ammas tisiisa ajjeesuutti haadha manaa isaa dullaadhaan adda rukutee ajjeese jedhama.  *(Madda: Aadde Zinnaayee Mokonnin, Sadaasa, 05/03/2012)*

**<u>Qaaccessa Durdurii 10ffaa</u>**

**A. Haala Jalqabbii (Baninsa)**

*Bara durii jedhan abbaa manaafi haadha manaatu ture jedhama. Lamaan isaaniyyuu gowwaa turan. Calluma jedhanii guyyaa gaaf tokkoo hindaaqqoo qalatan…*

Durudiin kun akkuma durduriiwwan kanneen biroo, “Bara durii…” jechuun jalqabe. Haala jalqabbii kana keessatti qooddattoonni jajjaboon durdurichaa dhiyaatanii jiru. Gochi qooddattoonni kunneen jalqaba irratti raawwatan maal akka ta’e ibsamee jira. Gocha sanatti aansee maaltu akka raawwatamuuf jiru (seenessaan maal akka himuuf deemu) qalbii guutuun dhaggeeffataan akka dhaggeeffatuuf haalli jalqabbii kun mijaawaadha. Walumaagalatti, haalli jalqabbii durdurii kanaa hawwataafi miidhagaa akka ta’e ni hubatama.

**B. Haala Dhiyeenyaa**

Haalli dhiyeenyaa durdurii kanaa irra deddeebii jechootaafi gaaleewwanii, duraa duuba gochaa kan eegeefi dhaggeeffataa haala harkisuu danda’uun kan dhiyaatedha. Durdurichi amala gowwummaa qabatee dhiyaachuun daawwattoonni/dhaggeeffattoonni akka ajaa’ibsiifaman (dinqaman) taasisee jira. Kanatu miidhagina durdurichaaf gumaacheee akka hawwatamu taasise.

**C. Akkaataa Goolabbii (Cufinsa)**

> *… Achumaan haadha manaas addarra qubatte tisiisni. Ammas tisiisa ajjeesuutti haadha manaa isaa dullaadhaan adda rukutee ajjeese jedhama.*

Akkuma akkaataa goolabbii durdurii kanaa irraa hubannutti, durdurichi adeemsa durduriin Oromoo tokko ittiin goolabamu kan hordofedha. Kunis, jecha dhuma durdurii irratti, *“…jedhama,”* jedhamuun beekamu kan fayyadameefi ergaa barbaachisu xumura seenichaatiin walqabsiisuun kan ibsedha. Haala kanaan goolabamuun isaa immoo miidhagina durdurichaaf gumaachee jira.

**D. Qabiyyee:** waa’ee gowwummaafi ofittummaa (doqnummaa)

**E. Hiika**

Durduriin kun waa’ee abbaa manaafi haadha manaa gowwaa seenesse. Lamaan isaaniyyuu amala doqnummaa (waa namaa kennuu jibbuu) qabu. Nyaaticha nama biraa irraa dhoowwachuuf jedhanii maqaa gowwummaa isaanitiif nyaatichi jiraachuufi akka jalaa hin nyaanne himatanii of jalaa nyaachisan. Tooftaan itti fayyadamanii nyaata irraa dhorkachuuf ka’an faallaa waan isaan yaadanii ta’ee argame. Tisiisa rukutuuf bakka tisiisni qubatte (adda haadha manaa) rukutee haadha manaa ajjeesuun hangam akka namichi dofaa (gowwaa) ta’e agarsiisa.

**F. Ergaa**

Durduriin kun gowwummaan miidhaa nama irraan gahuu akka danda'u kan dhaamsa dabarsudha.

**G. Qooddattoota:** Haadha manaafi Abbaa manaa, namicha karaa deemu

**Durdurii 11**

## Namicha Gamna

Bara durii namicha gamna tokkotu jira jedhan. Namichi kun calluma jedhee ka'eet farda yaabbatee deeme. Oduma fardaan deemaa jiruu jaartii qoraan guurtee hidhachaa jirtutti dhufe. Jaartiin, "Maaloo qoraan kana na baachisi," jetteen. "Maalan godharee fardikoo yoo miilatti hidhatan malee hindhaabbatuu," jedheen. Achumaan, "Maal rakkoo qabaree, luka kiyyatti hidhi,"jetteen. Achumaan farda luka jaartiitti hidhee qoraan ol fuudhee yommuu jaartiirra kaa'uuf jedhu fardi dammaqee jaartii lafarra gottotee ajjeese. Achumaan jaartii duutuu fudhatee farda isaarra kaawwatee harkaan irratti qabee deeme. Oduma deemuu oduma deemuu galgalaa'e. Achumaan mana namaatti goree nagaa gaafatee, "Nu bulchaa," jedheen. Isaanis, "Manni kan Waaqii bulaa," jedhanii bulchan. Yommuu irbaata kennuufiif waaman jaartiin inni achi hirkisee jiru hindubbattu; hinsochootu. "Namana maali jaartiin nu jalaa dubbachuu diddee,"jedhaniin. "Isheen mutukumaadhaan sirriitti dhahan malee hindubbattuu dhahaa,"jedheen. Achumaan dhahan. Ammas waamnaan didde.Jaartiin silaa duutuudhaa. Achumaan namichi ofii itti darbee gadi jedhee jaartii sochoosee ilaale. Jaartiin silaa duraan duutee hindubbattu. "Maal namana haadha kiyya dhoofteet ajjeeftee," kan jedhu iyya kutee gadi dhiise."Hin iyyinii dhiisi, gumaa ishee siif kanfallaa,"jedhaniinii loon kennaniif. Innis loon san fudhatee deebi'ee gale. Ammas guyyaa biraa loon isaa keessaa tokko qalee gogaa ishee mataatti baatee gabaa bahe. Dhaaba loonii dhaqee gogaa sana, "gagag gagag," godhee urgufe. Achumaan namoonni loon gurgurachuuf dhufan, "Bakakkaan nutti bu'e,"jedhanii achumatti loon isaanii gatanii baqatan. Loonis akka dammaquu ta'anii dhaabbatan. Achumaan namichi gogaa lafa kaa'ee loon san ooffatee fudhatee gale.Yommuu inni mana isaaa gahu ollaan isaa itti dhufanii, "Loon kana hunda eessaa argatte?"jedhaniin. "Loon kiyya qaleen gogaa isaanitiin gabaa baheen

geeddaradhe,"jedheen. Isaanis, "gogaadhaan gabaa baanee loon geeddaranna,"jedhanii loon isaanii hunda qalanii gogaa mataatti baatanii gabaa bahanii, "Gogaadhaan loon nuuf geeddaraa,"jedhuun. Namoonni, "Gogaa badaa, badaa asii,"jedhuun. Ammas gabaa keessa nanaanna'anii, 'Gogaadhaan loon nuuf geeddaraa,"jedhuun. "Gogaan keessan haa baduu badaa asii,"jedhuun namoonni. Akkanumatti gabaa keessa naanna'aa oolanii homaa dhabanii gogaa gatanii galan. Ammas guyyaa biraa namichi gamni ollaa isaanii sun mana isaa gubee daaraa isaa qanqal'ootti naqatee afaan qanqal'oo hidhatee fudhatee deeme. Oduma deemuu itti dukkanoofnaan ganda namaatti goree, "Nu bulchaa,"jedheen. "Manni kan Waaqii bulaa,"jedhaniin. Achumaan irbaata kennaniifii ba'aa inni baatee deemu sanas olkaa'aniifii raffisan. Ganama bariidhaan ka'ee, "Nan deemaa mi'a kiyya naaf kennaa,"jedheen. Achumaan qanqal'oo isaa akkuma inni hidhatee jirutti kan olkaa'aniifii turan itti kennan. Isaanuma fuulduratti oggaa hiikuu daaratu keessa jira. "Nan bade, nan bade, xaafii adii kiyya keessaa naqattanii daaraa itti naaf naqxan,"jedhee, "Uu…Uu…Uu…"jedhee iyye. Achumaan, "Xaafii adiikee itti siif naqnaa hin hiyyin,'jedhaniinii daaraa keessaa naqanii xaafii adii itti naqaniifii kennaniif. Namichi fudhatee gale. Oggaa galu ollaan isaa dhufanii, "Xaafii adii kana eessaa argatte?" jeedhaniin. "Manakoo gubeen daaraa isaatiin geeddaradhe,"jedheen. Isaanis, "Nutis daaraadhaan xaafii adii geeddaranna,"jedhanii mana isaanii gubanii daaraa qanqal'ootti naqatanii deeman. Mana namaatti oggaa dhufan, "Daaraadhaan xaafii adii nuuf geeddaraa,"jedhuun. Namoonni, "Daaraa badaa, badaa asii,"jedhuun. Ammas mana namaa bira oggaa gahan, "Daaraadhaan xaafii adii nuuf geeddaraa,"jedhuun. Namoonni hundinuu, "Daaraa badaa, badaa asii,"jedhuun. Jooraa oolanii homaa dhabanii ofitti aaranii deebi'anii galan. Namichi gamni ollaa isaanii sun akkanatti ofii isaatii malaan fayyadamee warra kaan harka duwwaatti hambise jedhama. *(Madda: Darg. Mootii Abdiisaa, Waxabajjii 24/10/2012)*

**<u>Qaaccessa Durdurii 11ffaa</u>**

**A. Haala Jalqabbii (Baninsa)**

> *Bara durii namicha gamna tokkotu jira jedhan. Namichi kun calluma jedhee ka'eet farda yaabbatee deeme. Oduma fardaan deemaa jiruu jaartii qoraan guurtee hidhachaa jirtutti dhufe…*

Haalli jalqabbii durdurii kanaa akkuma kan durduriiwwan biroo, "*Bara durii…,*" jechuun kan eegaledha. Kana malees, qooddattoota gurguddoo durduricha keessatti qooda fudhatanii ta'iiwwan raawwatan jalqabbii kana keessatti ibsamanii (dhiyaatanii) jiru. Akkasumas, gochi

jalqaba durdurichaatti raawwateefi yoomessi ibsamuuf yaalamee jira. Haalli jalqabbii kun hundi durdurichatti miidhagina horuun haala nama hawwatuun akka dhiyaatu taasisee jira.

### B. Haala Dhiyeenyaa

Haalli dhiyeenyaa durdurii kanaa duraa duuba gochaa kan eege, irra deddeebii jechootaafi gaalee kan gargaarame, seenessaan yommuu seenessu sochii qaamaan kan deeggareefi dhuma durdurichaarratti ergaa dabarsuuf yaadame himuun kan dhiyaatedha. Miidhagina durdurii kanaaf wantoonni gumaachan amalli gamnummaa namichaafi gowwummaa jaraa wal hordofaa deemuudha. Iccitiin milkaa'ina namicha gamna sanii jaratti himamuu dhabuun jarri akka hinmilkoofne taasisuun ammas irra deebiin waan inni hojjete kan biraa akka hojjetan taasisuun seeneffamicha fuulduratti tankaarfachiiseera. Amalli gamnummaafi gowwummaa seenicha keessatti dhimma itti bahame miidhagina durdurichaaf hedduu gumaacheera. Walumaagalatti, haalli dhiyeenyaa seeneffama kanaa hawwataa ta'uu isaa hubachuun nidanda'ama.

### C. Akkaataa Goolabbii (Cufinsa)

> *… Namoonni hundinuu, "Daaraa badaa, badaa asii,"jedhuun. Jooraa oolanii homaa dhabanii ofitti aaranii deebi'anii galan. Namichi gamni ollaa isaanii sun akkanatti ofii isaatii malaan fayyadamee warra kaan harka duwwaatti hambise jedhama.*

Akkaataan goolabbii (cufinsi) durdurii kanaa adeemsa goolabbii durdurii Oromoo kan hordofedha. Kunis, dhumarratti, *"…jedhama,"* jechuun kan goolabameefi ergaa durdurichaa himuuf kan akeeke akka ta'e hubanna. Goolabni kun xumura gocha durduricha keessatti raawwatee kan ibsudha. Seenaan sun dhumarratti maal akka ta'e kan ibsudha.Haala kanaan goolabamuun isaa immoo durdurichi miidhaginaan gonfatamee dhaggeeffattoota akka hawwatu taasisee jira.

**D. Qabiyyee:** waa'ee gamnummaa, gowwummaafi of ta'uu dhabuu (akka ebeluun ta'aa)

### E. Hiika

Durduriin kun waa'ee gamnummaafi gowwummaa amala ilmoo namaa kan calaqqisiisuudha. Durduricha keessatti namichi gamnummaa isaatti fayyadamee waan argachuu hinmalle argatee jira. Namoonni warri kaan akka isaatti waan inni argate argachuuf waan inni godhe jedheen hunda raawwatanii homaa osoo hin argatin hafan. Namichi gamni iccitii milkaa'ina isaa itti hin

himne ture. Tooftaa ofii itti dhimma bahe jaratti hin himne. Jarris waanuma inni godhe ykn raawwadhe jedheen qofa irra deddeebi'anii gochuun milkaa'uu dhabuun isaanii gowwummaa isaanii agarsiisa. Namichi gamni sun osoo beekuu daaraadhaan xaafii geeddaratee gale. Jarri xaafii kennaniif garuu abshaalummaa namichaa hinbarre. Gochoota kanneen irraa gara laafummaa, qulqullummaafi cubbuu argina. Osoo beekuu sobee kakatee qabeenya namaa fudhate. Kun cubbuudha. Daba. Haata'umalee, jireenya namootaa keessatti namoonni tokko tokko dhugaa dhoksanii faayidaa isaaniif hinmalle yommuu argatan nimul'ata. Durduriin kun jireenya dhugaa hawaasa keessatti mul'atu nicalaqqisiisa. Namoonni xaafii kennaniif sun namichi akka malee iyyee waan dhiisuu dideef dhugaa qaba jedhanii qabeenya ofii kennaniif. Kun gara laafummaafi qulqullummaa kan agarsiisudha. Kana malees, namoonni ollaa namicha gowwaa san jiraatan akka isaatti qabeenya argachuuf yeroo baay'ee yaalanii milkaa'uu dadhaban. Dhumni isaanii aariifi qaanii ta'e. sirraa kan hubatamu, jiruufi jireenya keessatti iccitii jiru osoo hinbeekiin nama ilaalanii deemuun (of ta'uu dhabuun) qaaniif akka nama saaxiludha. Amalli akka kanaa hawaasa keessa jiraachuu isaa ni hubachiisa.

F. **Ergaa**

Ergaan durdurii kanaa gowwummaan akka nama miidhuufi gamnummaan bu'aa argamsiisuu akka danda'udha. Kana malees, namoonni nama ilaalanii deeman miidhamuu akka danda'an ni'ibsa.

G. **Qooddattoota:** Namicha gamna, jaartii qoraan guurtu, warra namicha gamna bulchaniifi, namoota ollaa namicha gowwaa jiraatan

**<u>Durdurii 12</u>**

## <u>Qocaafi Illeentii</u>

Bara durii qocaafi illeentiitu waldorgoman jedhan. Amma waldorgommiif qophaa'utti ka'an. Dorgommiin isaanii fiigicha ture. Warri dorgomsiisan, "Qocaa wajjin waldorgomtu; abbaan moo'ate badhaasa argata,"jedhaniin; illeentiin kolfa duute. Illeentiin fiigicha waan hinbaafneef, qocaan waan tirattuuf bineensonni warri kaaniyyuu dorgommii wal hinmadaalle kana oggaa dhagahan ni ajaa'ibsiifatan; kolfanii dhiisuu didan. Qocaan gama isaatiin,"Illeentii salphaattan moo'adha,"jedhee dhaadata. Illeentiin garuu tuffattee, "Nama si gitu wajjin dorgomi,"jettee itti

qoosti. Achumaan goodaa fiigicha itti jalqabanitti bahanii dorgommii fiigichaa jalqaban. Akkuma jalqabaniin illeentiin, “xaraph, xaraph,” jettee yeruma tokkoon qocaa gattee fagaattee deemte. Qocaan achumaa suuta tiratee deema. Amma oduma utaaltee fiigduu illeentiin qocaa baay’ee tokko gattee biraa fagaatte. Oduma fiigduu oduma fiigduu muka gaaddisa qabu tokkotti dhufte illeentiin. “Silaa qocaan har’a mitii boruyyuu na hin dhaqqabduu xiqqoo isheen muka kana jala boqodha,”jettee teesse. Oduma teessuu irriibni qabnaan shillim jettee rafte. Oduma illeentiin irriiba ishee hoo’ifattee raftuu qocaan suutuma tirachaa dhuftee bira dabartee moo’attee badhaasa qophaa’e fudhatte. Qocaan gammachuu dhiifteet of wallaalte. Bineensonni warri kaan qocaan moo’achuun dhugaa itti fakkaachuu didee illeentiin raftee qocaan akka moo’atte oggaa dhaga’an dinqamanii dhiisuu didan. Akkasitti qocaan illeentii moo’atte jechuufan jedhe. *(Madda: Obbo Abrahaam Qajeelaa, Adoolessa 05/11/2012)*

**<u>Qaaccessa Durdurii 12ffaa</u>**

**A. Haala Jalqabbii (Baninsa)**

> *Bara durii qocaafi illeentiitu waldorgoman jedhan. Amma waldorgommiif qophaa’utti ka’an. Dorgommiin isaanii fiigicha ture…*

Akkuma jalqaba durdurii kanaa irraa hubanutti, durduriin kun, *“Bara durii…,”* jechuun eegale. Kun durdurichi haala jalqabbii durdurii hordofuu agarsiisa. Kana malees, qooddattoota gurguddoofi yoomessa, akkasumas ta’ii jalqabaa haalli jalqabbii durdurichaa kun ibsee jira. Walumaagalatti, haalli jalqabbii durdurii kanaa hawwataafi miidhagaa ta’uu isaa hubachuun nidanda’ama.

**B. Haala Dhiyeenyaa**

Haalli dhiyeenyaa durdurii kanaa duraa duuba gochaa kan eege, irra deddeebiidhaan kan guutame, akkaataa goolabbiifi haala ergaa ittiin dabarsuuf gargaaru sirriitti kan hojiirra ooleedha.Kanaafuu, haalli dhiyeenya isaa akkaataa dhaggeeffattoota hawwateen miidhagee kan dhiyaatedha.

**C. Akkaataa Goolabbii (Cufinsa)**

> *… Bineensonni warri kaan qocaan moo'achuun dhugaa itti fakkaachuu didee illeentiin raftee qocaan akka moo'atte oggaa dhaga'an dinqamanii dhiisuu didan. Akkasitti qocaan illeentii moo'atte jechuufan jedhe.*

Akkaataan goolabbii durdurii kanaa xumura gochootaa seeneffamicha keessatti dhiyaatee kan ibsudha. Erfaa durdurichaas ibsuuf yaalee jira. Moo'icha qocaatiin seenichi xumuramuun akkaataan goolabbii durdurichaa ajaa'ibsiisaa akka ta'uufi hawwataa akka ta'u taasisuu danda'ee jira.

**D. Qabiyyee:** waa'ee gamnummaa, dorgommii, tuffiifi moo'icha

**E. Hiika**

Oduun durii kun waa'ee dorgommii fiigichaa illeentiifi qocaa kan himuudha.Waan wal hin madaalletu dorgommiif waliin dhiyaate. Qocaan, "sin mo'adha," jedhee dhaadachuufi illeentiin, "Nama simadaalu barbaaddadhu," jettee tuffachuun daran daawwattoota ajaa'ibsiise. Waan hindanda'amu jedhame tokko abdiifi kutannoodhaan nidanda'ama jedhamee itti deemmamuun milkaa'ina agarsiisee jira. Haalli kun jireenya guyyuu hawaasaa keessatti namoonni tokko tokko beekumsa, qabeenyaafi waan itti abdatan tokkotti hirkatanii namoota biroo tuffachuun, hamma kiyya gahuu hindandeessu jedhanii hamlee cabsuuf yaaluun kan jiru ta'uu isaati. Gama birootiin namoonni qabeenya, beekumsaafi waan itti abdatan dhabanis mala qabanitti fayyadamanii abdiidhaan nan danda'a jedhanii kutannoodhaan hojiitti yoo seenan milkaa'uu akka danda'an hubachiisa. Qocaan haala kanaan illeentii moo'achuun ishee nama gammachiisa. Adeemsi kun hundumtuu walitti dhufee miidhagina durdurichaaf hedduu gumaachuu danda'ee jira.

**F. Ergaa**

Ergaan durdurii kanaa, dandeettiin qaba jedhanii nama tuffachuun sirrii akka hintaaneefi hamleedhaan of amansiisanii miira nan danda'a jedhuun hojiitti yoo seenan milkaa'uun akka danda'amudha.

**G. Qooddattoota:** Qocaa, Illentiifi Namoota dorgommicha daawwatan

**Durdurii 13**

## Bofaafi Namicha Karaa Deemu

Bara duriiti jedhanii, amma namichatu karaa deemaa jira. Oduma karaa deemaa jiruu bofti daggala keessaa itti bahee mormatti marame. Mormatti maramee gadi dhiisuu dide. Namichi ofirraa buusuuf ofirraa harkisaa bofti dideetuma itti marama. Oduma akkanatti wal qaaqsaa jiranii namichi karaa deemaa jiru tokko itti dhufe. “Jarana maal taatan?”jedheen. Achumaan namichi, “Kunoo akkanatti daggaluma keessaa natti bahee mormatti na maramee narraa bu’i jennaan dide,”jedheen. Boftis isatu na miidhe jedhee mormaan. Achumaan, “Jaarsummaa nuuf taa’i,”jedhaniin. Namichi karaa deemaa odoo jiruu isaanitti dhufe sun,”Jaarsummaa isiniifan taa’aa, dura morma isaarraa bu’iitii lafarra atis as, atis achi dhaabbadhaa,”jedheen. Achumaan tole jedhanii boftis morma namichaarraa bu’ee walirraa siqanii dhaabbatan. Achumaan namichi, “Bofa lafa buutee, ulee lafa guutee situ beeka,”jedheen namichaan. Achumaan daddafee namichi ulee lafaa fudhatee bofa mataa mataa isaa keessa rukutee rurrukutee mimmicirissee ajjeesee ofirraa hiikee deemsa isaa itti fufee jedhama. *(Madda: Dajuu Fufaa, Adoolessa 10/11/2012)*

**Qaaccessa Durdurii 13ffaa**

**A. Haala Jalqabbii (Baninsa)**

> *Bara duriiti jedhanii, amma namichatu karaa deemaa jira. Oduma karaa deemaa jiruu bofti daggala keessaa itti bahee mormatti marame. Mormatti maramee gadi dhiisuu dide…*

Durdurichi akkuma durduriiwwan kanneen biroo, *“Bara durii…,”* jechuun eegale. Kun adeemsa jalqabbii durdurii Oromoo kan hordofe ta’uu agarsiisa. Akkasumas, yoomessaafi qooddattoota gurguddoo durdurichaa ibsee jira. Haalli jalqabbii kun miidhaginaafi hawwatamummaa durdurichaaf hedduu gumaache.

**B. Haala Dhiyeenyaa**

Haala dhiyeenyaa durdurii kanaa yommuu ilaallu, duraa duuba gochaa eegee jira. Jechootaafi gaaleewwan irra deddeebi’uun fayyadamee jira. Haala jalqabbii, akkaataa goolabbiifi akkaataa ergaa ittiin dabarsuu kan mataa isaa danda’e qaba. Kunniin hundi waltumsuun haala dhiyeenya durdurichaa miidhagsanii jiru.

**C. Akkaataa Goolabbii (Cufinsa)**

> *… Achumaan namichi, "Bofa lafa buutee, ulee lafa guutee situ beeka,"jedheen namichaan. Achumaan daddafee namichi ulee lafaa fudhatee bofa mataa mataa isaa keessa rukutee rurrukutee mimmicirissee ajjeesee ofirraa hiikee deemsa isaa itti fufee jedhama.*

Akkuma goolabbii durdurichaa irraa hubannutti, xumura durdurii kanaa irraa ergaa durdurichaa ni arganna. Kana malees, gocha xumura irratti raawwatame addeessee jira. Walumaagalatti akkaataan goolabbii durdurii kanaa hawwataa akka ta'e ni hubatama.

**D. Qabiyyee:** waa'ee rakkoo furuu, jaarsummaafi diina mo'achuu

**E. Hiika**

Durduriin kun waa'ee bofaafi namicha karaa deemaa jiruu seenessa. Bofti lafumaa kaatee namichi osoo homaa hinballeessiin morma isaatti maramtee hinbu'u jettee rakkifte. Namichi waan godhu dhabee baay'ee miixxachaa osoo jiruu namichi karaa deemu kan biraa dhufee furmaata kenneef. Kun kan agarsiisu, namni dubbii (namaan loluu) barbaade sababa malee namatti darbuu/nama loluudha. Dhugaa namaa dhoksuun humnan qaba jedhanii nama miidhuuf yaaluu agarsiisa. Haata'u malee, dhumarratti abbaan dhugaa mo'atee jira. Kan daba yaade lubbuu isaa dhabee du'aan adabame. Dhugaa baasuuf jaarsi iddoo guddaa qabaachuu durdurii kanarraa ni hubanna. Walumaagalatti, haalli namichi bofa wajjin wallolaa tureefi namichi karaa deemaa dhufee bofa morma namichaarraa buusee namichaaf mala male durdurichatti humna horuun miidhagsee jira.

**F. Ergaa**

Ergaan durdurichaa, humna qabna jedhanii dhugaa namaa dhoksuun nama miidhuun sirrii akka hintaaneefi adabbii cimaa namarraan gahuu akka danda'udha. Akkasumas, Abbaan dhugaa yoomiyyuu yeroo isaa eegee kan mo'atu akka ta'eefi jaarsi dhugaa baasuuf gahee kan qabu ta'uudha.

**G. Qooddattoota:** Bofa, namicha karaa deemuufi namicha jaarsummaa taa'eef

**Durdurii 14**

## Sardiida Bineensonni Akka Isa Fakkaatan gochuuf Yaale

Bara durii sardiidatu kophaa isaa deemaa ture jedhan. Oduma deemaa jiruu eega isaa duubaan wanti ta'e qabe. Eega isaa qabame kana harkaa baafachuuf inuma harkisa; inuma harkisa; harkisee harkisee harkaa baafachuu dadhabe. Ammas ittuma deebi'ee humnaan harkisaa, inuma harkisaa oduma harkisuu eegeen isaa qimix jedhee cite. Achumaan eega isaa cite kanaan bineensota keessa deemuu waan sodaateef guyyaa gaaf tokkoo bineensota jiran hundumaa walitti qabee, "Koottaa eega keenya ofirraa kunnaa," jedheen. Sababni isaa immoo, "Yoo teenyu nuuf hinmijatu; yoo deemnu namoonni nurra ejjetu waan ta'eef, eega keenya ofirraa kutuu qabna," jedheen. Oggaa inni kana jechaa ture Adurreen tokko bosona keessa taa'ee dhaggeeffachaa ture. Erga dhaggeeffatee booda adurrichi sagalee isaa ol fuudhee bakka jiruu, "Sababa kan isaa miidhaa biraatiin irraa citeef isa akka fakkaattaniif isin goyyoomsaa waan jiruuf isa hindhagayinaa," jedheen. Achumaan bineensonni walitti qabaman sun sardiidichatti kolfaanii biraa deeman jedhama. *(Madda: Zinnaayee Mokonnin, Hagayya 23, 2013)*

**Qaaccessa Durdurii 14ffaa**

### A. Haala Jalqabbii (Baninsa)

> *Bara durii sardiidatu kophaa isaa deemaa ture jedhan. Oduma deemaa jiruu eega isaa duubaan wanti ta'e qabe…*

Durduriin kun akkuma durduriiwwan kanneen biroo, "Bara durii…," jechuun eegale. Bara durii maaltu akka ta'e himuuf jalqabbii akkaataa himiinsa oduu durii hordofee jira. Durduriin kun waa'ee sardiidaa kan himu ta'uu isaa haala jalqabbii isaa irraa hubachuun nidanda'ama. Haalli jalqabbii (baninsi) durdurichaa waa'ee maalii dhiyeessuuf akka jiru akeekuun jalqaba irratti maaltu akka ta'e himuun miidhagina durdurichaaf kan gumaachedha.

### B. Haala Dhiyeenyaa

Haala dhiyeenyaa durdurii kanaa yemmuu ilaallu, akkaataa durduriin Oromoo hordofee ittiin dhiyaatuun miidhagee kan himamedha. Seenaan raawwatamu kamuu duraa duuba gochaa eeggatanii raawwataman. Fakkeenyaaf, jalqaba eegee sardiidaa wanti ta'e qabe. Itti aansuun, sardiidichi eegee isaa wanta qabe irraa baafachuuf harkisaa ture. Sana booda, eegeen sardiidichaa incite. Eega citaadhaan bineensota keessa deemuu sodaate. Bineensonni kanneen biroonis akka eegee isaanii ofirraa kutan gorse. Iccitiin isaa jalaa saaxilame. Dhumarratti, bineensonni iccitii dhagahanii eegee isaanii ofirraa kutuu dhiisanii sardiidichatti kolfanii deeman. Gochoonni raawwataman kunneen duraa duuba isaanii eeggataniiti. Duraa duubaan raawwachuun seenaa tokkoo itti aanee maaltu akka dhufu/raawwatu dhagahuuf nama ariifachiisa. Kun immoo xiyyeeffannoon sirriitti akka dhaggeeffatamu taasisa. Kana malees, irra deddeebiin durdurii kana miidhagsee jira. Durduricha keessaa fudhannee yoo ilaalle, "*Eega isaa qabame kana harkaa baafachuuf inuma harkisa; inuma harkisa; harkisee harkisee harkaa baafachuu dadhabe. Amms ittuma deebi'ee humnaan harkisaa*, *inuma harkisaa oduma harkisuu eegeen isaa qimix jedhee cite…*" kan jedhu ni argina. Himoota kannneen keessatti irra deddeebiin jechootafi gaaleewwanii haalaan mul'atu. Irra deddeebiin kun immoo wal unata sagalee uumuun haala himiinsa durdurichaa miidhagina goonfachiisa. Dablataanis, itti fayyadamni jechootaa looga naannichaa kan bu'ureeffate ta'uun isaa dhaggeeffattoonni salphaatti akka hubatanii durduricha duuka bu'an taasisee jira. Walumaagalatti, haalli dhiyeenyaa durdurii armaan olitti dhiyaate kanaa miidhagina durdurichaaf kan gumaacheefi akkaataa durduriin Oromoo tokko ittiin dhiyaatu kan hordofe jechuun nidanda'ama.

### C. Akkaataa Goolabbii (Cufinsa)

> *… Erga dhaggeeffatee booda adurrichi sagalee isaa ol fuudhee bakka jiruu, "Sababa kan isaa miidhaa biraatiin irraa citeef isa akka fakkaattaniif isin goyyoomsaa waan jiruuf isa hindhagayinaa, " jedheen. Achumaan bineensonni walitti qabaman sun sardiidichatti kolfaanii biraa deeman jedhama.*

Durduriin kun akkaataa goolabbii/cufinsa of danda'e qaba. Seeneffamichi dhuma irratti waan jedhamee xumuramu qabaachuu isaa argina. *Achumaan bineensonni walitti qabaman sun sardiidichatti kolfaanii biraa deeman jedhama.* Himni xumura durdurichaa irraa fudhatame kun dhuma irratti maaltu akka ta'e himuun, " *jedhama*" jechuun goolabuu isaa ibsa. Jechi, 'jedhama'

jedhu kun yeroo hedduu xumura durdurii irratti yemmuu dhimma itti bahamu nimul’ata. Seenaa sana nama hime santu uume osoo hintaane durumaanuu akkasitti himamaa turuu ibsa. Kanaafuu, akkaataan goolabbii durdurichaa adeemsa cufinsa durdurii kan hordofedha. Haala kanaan goolabamuun immoo miidhagina durdurichaaf shoora mataa isaa kan qabudha.

D. **Qabiyyee:** waa’ee iccitii dhokfachuu, ofittummaafi dhugaan bahuu

E. **Hiika**

Durduriin kun waa’ee gamnummaa, iccitii dhoksuun nama goyyoomsuu, uummatni dhugaa beekuu, waan ofiif miidhamaniif namoonni biroos akka miidhaman gochuufi kanneen kana fakkaatan kan of keessaa qabudha. Akkuma durduricha irraa hubatamutti, sardiidni eegeen isaa citeen bineensota keessa deemuun waan isa qaanessuuf dursee sababa hintaane dhiyeessuun bineensonni warri kaanis eega akka kutatan gochuu yaale. Kaayyoon isaa bineensonni warri kaan akka isa fakkaatan taasisuudha. Kana irraa kan hubannu, hawaasa keessa jiraatan yoo hinfakkaanne jiraachuun rakkisaa akka ta’eefi jiraachuuf hawaasa fakkaachuun dirqama akka ta’edha. Garuu, seeneffamicha yoo xinxallu, hawaasa fakkaachuun waan itti ulfaateef, hawaasni akka isa fakkaatan gochuutu mul’ata. Kanaaf milkaa’uu hindandeenye. Kana malees, sardiidichi ofiif malee warra kaaniif hin yaadne. Eegeen isaa waan citeef kan bineensota kaaniis akka cituu qabu murteessee raawwachuuf yaaluun isaa kaaniif yaaduu dhabuu agarsiisa. Amala gamnummaas niqabaata. Iccitii dhoksuun goyyoomsuuf yaaluun amma irratti baramutti akka gamnummaatti fudhatamuu mala. Haa ta’u malee, gaafa iccitiin baramee dhugaan mul’ate nama shira sana hojjechaa ture qaanii guddaan akka muudatu durdurii dhiyaate kana irraa hubachuu dandeenya.

F. **Ergaa**

Ergaan durdurichaa, dhugaa dhoksanii nama goyyoomsuuf yaaluun, waan ofiif miidhamaniif nama biroo miidhuuf yaaluun barbaachisaa akka hintaaneefi dhumni isaa qaanii (leeyyoo) akka ta’edha.

G. **Qooddattoota:** Sardiida, adurreefi bineensota biroo

**Durdurii 15**

## Abbaa Manaafi Haadha Manaa

Bara durii Abbaa Manaafi Haadha Manaatu ijoollee horatanii jireenya hoo'ifatanii jiraachaa turan jedhan. Amma oduma wajjin jiraachaa jiranii abbaan manaa dhukkubsate. Isaan lamaanuu baay'ee waljaalatu. Oggaa dhukkubsatu kana waan haati manaa hintaaneef hinjiru. Qorichi isheen hinbarbaadneef hinjiru. Waan qoricha ta'ee fayyisuu danda'a jedhame kanas, sanas, asiiyis, achiiyis inuma itti funaanti. Nyaatas gosa gosaan hojjetteetuma dhiyeessitiif. Dhibeen isaa garuu isa hin nyaachisu. Oduma akkanatti jiranii, dhibeen isaa itti cimee boqote. Firri hundumtuu dhufanii boo'anii boo'anii dhumarratti reenfa bakka awwaalaa geessanii awwaalanii galan. Haati manaa erga awwaalanii galanii yeroo hundumaa oggaa nyaata dhiyeeffatan, nyaata fuutee deemtee awwaala abbaa manaa ishee bira teessee, "Abbaa manaa koo! Nyaanni si malee naaf nyaatamuu dide. Si malee akkamittan kophaa koo nyaadha?" jettee boossi. Har'as, borus, guyyaa hundumaa akkanuma gootee galti. Namichi ollaa ishee tokko haala ishee kana argee akka dhiiftu guyyuma guyyaadhaan gorsa. Inuma gorsa; inuma gorsa; gorsee, gorsee dadhabe. Isheen gorsa isaa fudhachuu hindandeenye. Amma mala tokko male. Odoo yeroon nyaataa hinga'iin bullukkoo uffatee bakka awwaala Abbaa Manaa ishee dhaqee hookkoo qabatee callisee taa'e. Haati manaa sun akkuma yeroo kaanii nyaata baattee dhuftee awwaalicha bira odoo hinga'iin, "Abbaa manaakoo! Nyaanni si malee naaf nyaatamuu dide," akkuma jetteen oggaa awwaalicha achi ilaaltu bullukkoo adii uffatee hookkoo qabatee awwaalicharra taa'a. Amma naatee waan jettu wallaalte. Akkuma naateen dugda duubaan gara duubatti deemuu jalqabde. Yoona namichi awwaalicharra taa'e 'taf' jedhee ka'e. Amma duubatti deebi'uuf ilaallatte. Oggasuma namichi dhaabbate fiigichaan gara isheetti qajeele. Isheen iyya kuttee gadi dhiisaa nyaata achumatti gattee fiigdee fiigdee hafuuraa citaa mana geese. Mana geessee hafuura baafattee teesse. Xiqqoo boqotte. Namichi mana isaatti galee bullukkoo isaa lafa kaa'ee uffatuma yeroo kaan uffatu uffatee mana ishee dhaqe. Oggaa achi gahu, isheen naasuu keessaa akka hinbaane argee, "Maal taate?" jedhee gaafate. "Maaloo! Isa hindubbadhu. Oggaan bakka awwaala sanaa gahu bullukkoo uffatee ka'ee taa'a. Bakka taa'aa jiruu ka'ee na ajjeesuuf natti kaatee ani baqadhee jalaa bahee dhufe," jetteen. "Gorsa koo diduutu akkana si godhe. Lammata bakka sanatti hindeebi'iin," jedheen. Isheenis, "Lammata hindhaqu. Du'uun dhaqaa? Ani jaalalaafan dhaqe. Inni garuu na jibbee na ajjeesuuf natti fiige," jetteenii kanumaan bakka awwaalichaa deemtee boo'uu dhiifte.

“Malaan bishaan waaddu,” kan jedhaniifis kanumaafi. *(Madda: Birhaanuu Tolasaa, Hagayya 24, 2013*)

**<u>Qaaccessa Durdurii 15^ffaa^</u>**

### A. Haala Jalqabbii (Baninsa)

> *Bara durii Abbaa Manaafi Haadha Manaatu ijoollee horatanii jireenya hoo'ifatanii jiraachaa turan jedhan. Amma oduma wajjin jiraachaa jiranii abbaan manaa dhukkubsate…*

Akkuma durduriiwwan kanneen biroo akkaataan jalqabbii durdurii kanaa, *“Bara durii…,”* jechuun jalqabe. Kana malees, durdurichi namaa namatti himamaa kan ture ta'uu isaa agarsiisuuf, “*…jedhan,”* jecha jedhu fayyadamuu argina. Walumaagalatti, yoomessaafi jalqabbii seenichaa ibsuun jalqabuu isaa hubachuun nidanda'ama.

### B. Haala Dhiyeenyaa

Haalli dhiyeenyaa durdurii kanaa akkaataa miidhagina goonfateen dhiyaatee jira. Akkuma durduricha irraa hubatamutti, akkaataan dhiyeenyaa durdurichaa: duraa duubummaa gochaa kan eege, irra deddeebiin kan guutame, seenessaafi dhaggeeffataan walhordoffii cimaa kan qaban, seenessaan sochii qaamaan deeggaramee seenessuu, akkaataa jalqabbii, akkaataa goolabbiifi haala ergaa ittiin dabarsan qabaachuudhaan miidhagina horatee kan dhiyaatedha.

### C. Akkaataa Goolabbii (Cufinsa)

> *…“Gorsa koo diduutu akkana si godhe. Lammata bakka sanatti hindeebi'iin,” jedheen.* Isheenis, *“Lammata hindhaqu. Du'uun dhaqaa? Ani jaalalaafan dhaqe. Inni garuu na jibbee na ajjeesuuf natti fiige,” jetteenii kanumaan bakka awwaalichaa deemtee boo'uu dhiifte. “Malaan bishaan waaddu,” kan jedhaniifis kanumaafi.*

Durduriin kun akkaataa goolabbii mataa isaa qaba. “…*kanumaan bakka awwaalichaa deemtee boo'uu dhiifte. “Malaan bishaan waaddu,” kan jedhaniifis kanumaafi,”* yaada jedhu kan xumura seeneffamichaa irraa fudhatame kana yoo ilaallu, xumura/dhuma irratti maaltu akka ta'e/raawwate ibsee jira. Kana malees, ergaa seeneffamichaa mammaaksaan dabarsuuf dhimma itti bahamee jira. “*Malaan bishaan waaddu,*” mammaaksi jedhu ergaa oduu durichaa isa ijoo akka ta'e hubatama. Kanaafuu, akkaataan goolabbii/cufinsi durdurichaa miidhagina durdurichaaf gahee kan qabu ta'uu isaa hubachuun nidanda'ama.

D. **Qabiyyee:** waa'ee jaalalaa, gargar bahuu, gufuu jaalalaafi tooftaa nama gorsa dide ittiin fudhachiisan

E. **Hiika**

Durduriin kun waa'ee jaalala abbaa manaafi haadha manaa gidduu jiru, namoonni waljaalatan dirqama uumamaatiin gargar bahuu akka danda'an (Fkn.du'aan), yaadannoo nama jaalataniif qaban, waan deebi'amee argamuu hindandeenye tokkoof dhiphachuun faayidaa kan hinqabne ta'uu isaa gorsi kennamuu, nama gorsa dide tooftaa gorsicha ittiin fudhachiisan fayyadamuun barbaachisaa ta'uufi gorsa diduun nama miidhuu akka danda'u kan ibsudha. Seeneffamicha irraa akkuma hubannutti, namoonni waljaalatan yommuu gargar bahan dhiphinaafi gadda keessa akka jiraatan, akkasumas nama sana malee yeroo hundumaa qofummaan kan itti dhagahamu ta'uudha. Namni du'ee awwaalame ka'ee deebi'ee nama wajjin jiraachuu hindanda'u. Yoo kun ta'e raajii addaati. Waan sodaachisaadha. Kanaafi kan haati manaa namicha du'ee naasuu akkasii keessa seente. Nama waljaalatu gidduutti qormaanni ykn gufuun akka uumamuufi kun jireenya dhugaa hawaasaa keessatillee kan mul'atu akka ta'e, gufuun kun immoo jireenya namoota waljaalatanii miidhuu akka danda'u hubanna. Akka aadaa uummata Oromootti nama miidhamaa jiru tokko callisanii hin ilaalan. Akkaataa miidhama isaa irraa dandamatu itti himu; nigorsu; mala bardaaduuf. Kana kan taasisaniif miidhaa irraa oolchuufi. Gorsa diduun yoo gara miidhamuutti kan deemu ta'e mala biroo malu. Malli biroon barbaadamu sun yeroof kan miidhullee yoo ta'e fuula duraaf garuu guutummaa jireenya isaa kan mijeessu ta'uu danda'a. Kana galmaan gahuufis tooftaa barbaachisutti fayydamu. Seenaan durdurii kanaatis kanuma addeessa.

F. **Ergaa**

Ergaan durdurichaas qabiyyeewwan kanneeniin kan walqabatudha. Kunis, haati manaafi abbaan manaa hamma fedhe yoo waljaalatanillee du'a wal oolchuu akka hindandeenye, jaalala waliif qaban irraa kan ka'e wal hir'aanfachuun rakkisaa ta'uufi nama gorsa didu tooftaadhaan gorsicha fudhachiisuun barbaachisaa ta'uu kan agarsiisuudha.

G. **Qooddattoota:** Abbaa manaa, haadha manaafi namicha ollaa isaanii jiraatu

**Durdurii 16**

# Hiriyoota Arfan

Durdur jedhama waraabessa, qeerransa, leencaafi bofa ta'anii jiraachaa turan jedhama. Waliin jiraachuudhaaf yeroo tokko amala keenya walitti himna jedhanii waliigalan jedhan. Jalqaba waraabessi akkas jedheen. "Ani amala koo keessaa waan duutuu yoon arge bira hindarbuu na hinjeeqinaa," jedheen. Leenci immoo, "Ani amala koo keessaa jeequmsa hinjaaladhuu, jeequmsa natti hinkaasinaa," jedheen. Qeerransis, "Ani amala koo keessaa aarii hinjaaladhuu, na hintuqinaa, na hin aarsinaa," jedheen. Dhumarratti bofti, "Ani waan hundumaa keessaa isa mataa namaa irra ejjetanin jibba," jedheen. Hundi isaaniyyuu amala isaanii walitti himan. Haa ta'u malee yaada kanaan odoo wajjin jiraatanii waraabessi bobba'ee guyyeeffatee hafe. Hiriyoonni isaa eeganii eeganii dhabnaan deeman. Erga isaan deemanii waraabessi suuta jedhee garaa isaatti quufee qaxxisaa dhufe. Yoona qeerransi ka'ee, "Yaa waraabu maal hojjechaa turte?" jedhee gaafate. Waraabessi akkas jedheen. "Qeerransa du'e tokko argeen isa nyaachaa ture," jedheen. Qeerransi yeroo kana fira isaaf aaree, "Sanyii eenyutu duunan nyaatama," jedhee mataa waraaburra kore. Jarri lachuu walqabatanii walsukkuumuuu walsukkuumu. Amma kana booda jeequmsa leencatti kaasan. Leenci, "Jeequmsa natti hinkaasinaa isiniin hinjennee?" jedhee lamaan isaanii walitti qabee odoo sukkuumuu mataa bofaarra ejjetan. Bofti, "Isa mataa namaarra ejjetan hinjaaladhu isiniin hinjennee maalif narra ejjettu?" jedhee hunda isaanii hiddee achumatti ajjeese jedhama. *(Madda: Obbo Maammoo Baacaa, Hagayya 24, 2013)*

**Qaaccessa Durdurii 16$^{ffaa}$**

**A. Haala Jalqabbii (Baninsa)**

> *Durdur jedhama waraabessa, qeerransa, leencaafi bofa ta'anii jiraachaa turan jedhama. Waliin jiraachuudhaaf yeroo tokko amala keenya walitti himna jedhanii waliigalan jedhan. Jalqaba waraabessi…*

Durduriin kun akkuma durduriiwwan kanneen biroo akkaataa jalqabbii mataa isaa qaba. Kunis akkuma durduricharraa hubatamu "*Durdur…*" jedhee jalqabe. Haalli jalqabbii isaa yoomessa durdurii (yoom) akka ta'e ibsuuf yaala. Seenichi bara durii ta'uu isaa hubachiisa. Kana malees, gochi jalqaba raawwate maal akka ta'e ibsuuf karaa saaqee jira. Kun duraa duuba gochoota seeneffamicha keessatti raawwatamii ibsuuf gargaara. Haala kanaan jalqabuun isaa miidhagina

durdurichaaf humna ta'uudhaan seeneffamicha fuulduratti hoofuun dhaggeeffatamummaa isaa kan cimsudha.

**B. Haala Dhiyeenyaa**

Haalli dhiyeenyaa durdurichaa duraa duuba gochootaa eeguun, irra deddeebii jechootaafi gaaleewwanii gargaaramuun, seenessaan yommuu durduricha himu sochii qaamaa (sochii harkaa, sochii mormaa, nyaara, kolfuu…) fayyadamuu, namoonni dhaggeeffatan sochii qaamaa kanneenin hawwatamuun miira dhaggeeffachuu isaanii dabaluu, akkasumas seenessaan sagalee jijijjiiruun dhaggeeffattoota hawwachuun kan dhiyaatedha. Qabxiiwwan kunniin hundumtuu miidhagina durdurichaaf baay'ee gumaacha taasisanii jiru. Haala kanaan dhiyaachuun ergaa durdurichaa sirriitti hubachiisuuf nigargaara.

**C. Akkaataa Goolabbii (Cufinsa)**

> *… Leenci, "Jeequmsa natti hinkaasinaa isiniin hinjennee?" jedhee lamaan isaanii walitti qabee odoo sukkuumuu mataa bofaarra ejjetan. Bofti, "Isa mataa namaarra ejjetan hinjaaladhu isiniin hinjennee maalif narra ejjettu?" jedhee hunda isaanii hiddee achumatti ajjeese jedhama.*

Durduriin kun akkaataa durduriin ittiin goolabamu kan hordofedha. Akkuma goolaba durdiriiwwan hedduu irraa ergaa hubachuu dandeenyu durdurii kana irraayis ergaa durdurichaa hubachuu dandeenya. Kunis, hima dhuma durdurichaarratti argamu irraa hubatama. *Bofti, "Isa mataa namaarra ejjetan hinjaaladhu isiniin hinjennee maalif narra ejjettu?" jedhee hunda isaanii hiddee achumatti ajjeese jedhama.* Bofti hunda isaanii hiddee achumatti ajjeesuu ibsa. Sababni du'a isaanis maal akka ta'e akkaataa goolabbii durdurichaa kanarraa hubatama. Dhaggeeffattoonni akkaataa goolabbii kana irraa miira gammachuu/gadda qabaatu. Kunis, seera waliigalanii baasan cabsuu isaanitiin adabamuun kan gammachiisu yoo ta'u, adabbiin sun garuu baay'ee ulfaataa (lubbuu ajjeesuun) goolabamuun isaa miira gaddaa itti uumee jira.

**D. Qabiyyee:** waa'ee hiriyummaa, seera ittiin bultoo baafachuu, seericha hojiirra oolchuufi dhiisuu

**E. Hiika**

Durduriin kun waa’ee hiriyummaa, seera ittiin bultoo baafachuu, seericha hojiirra oolchuufi dhiisuu nu barsiisa. Faayidaafi miidhaa isaanii akka adda baafannu nu taasisa. Kunis, seera ittiin bultoo waliin baafatanii kabajuu dhiisuun (osoo beekaniis ta’ee osoo hinbeekiin) adabbii kan nama saaxilu akka ta’e hubachiisa. Qaamni seericha jalqaba cabse qaamni biroos akka cabsu karaa banuu isaas nimul’isa. Amala walii walitti himachuun (maal akka jaalatan/maal akka jibban) waliif ibsuun hiriyootaaf waliin jireenya isaanii cimsuuf gargaara. Fedhiifi amala walii sana waliif kabajuu dhiisuun garuu walitti bu’insa uumee jibba guddaa irraan nama gahuu akka danda’u durdurii kana irraa ni hubanna. Seerri waliin tumama; seera bahe kabajuun dirqama. Seera cabsuun waraana fida. Waraanni nageenya balleessa; qabeenya mancaasee jireenya balleessa. Seera bahe hojiirra oolchuun kan danda’amu hundumtuu gahee ofii yoo bahedha. Akka durdurii kana irraa hubatamutti, seerri waliin bahe; seericha kan cabse warruma seericha baasedha. Seera ofumaa baasan kabajuu hindandeenye; ofumaa baasan; ofumaa cabsan. Kun mammaaksa Oromoo, “Ofumaa fiddee, ofumaa fixxe,” kan jedhun ibsma.

**F. Ergaa**

Ergaan durdurichaa dhuma durdurichaafi waliigala seeneffamichaa irraa hubatamuu danda’a. Akkuma durdurii kana irraa hubannutti, waliif jiraachuuf amala walii baruun, yaada walii kabajuun barbaachisaa akka ta’eefi fedhii walii waliif kabajuu dhiisuun walitti bu’insa fidee hawaasummaa diiguurra darbee lubbuufi qabeenya irraan miidhaa geessisuu akkka danda’u hubachiisa.

**G. Qooddattoota:** waraabessa, qeerransa, leencaafi bofa

**Durdurii 17**

## Harroota Du'a Ga'ii Waraabessaa Deeman

Durdur jedhama. Waraabessa jalaa daa'imni duunan harroonni waraabessa bira warra du'aa (du'a ga'ii) dhaqan. Akkuma qe'ee waraabessaa ga'aniin, "Yaa waraabu koo! Yaa waraabu koo! Gaara duuban iyya sagaleen keessanii, nooraa Shaggar fakkaata udaan keessanii, maaltu isin jalaa arge daa'ima keessanii," jedhanii boo'an. Harroonni akkasitti boo'anillee waraabessi, "Akkas jettanillee garaa nu hingeessanii, keessummaa dhufe maaliin gaggeessinaa," jedhanii gara harrootaa mimil'atan. Yoona kana dubbichi harrootaf galee jennaan fiigichaan waraabessa jalaa bahuudhaaf fiigicha kutanii fuudhan. Inuma fiigu inuma fiigu inuma fiigu. Oduma fiiganii harroonni xixiqqoofi wadalli harree fiiganii waraabessa jalaa dhokatan. Harree dadhabduun tokko fiiguu dadhabdee waan duubatti hafteef waraabessi dhaqqabee, "Isin kanas, sanas gootan homaa garaa nu hingeenye; nuti isin nyaachuufi," jedheen. Harree dulloomtuun fiigicha dadhabdee jennaan waraabessi oggaa bira gahu, "Silaa nu nyaachuun keessan hin ooluu, harroonni gurguddoofi fufurdoon foon gaarii qaban darbanii jiruu isaan dhaqqabaatii qabadhaa," jetteen. Waraabessi harroota jalaa miliqan sana ari'ee ari'ee dadhabnaan harree jalqaba tuffatee bira darbe sana "nan nyaadha" jedhee gara duubatti yeroo deebi'u isheen immoo jalaa miliqxee eegde. Akkanatti waraabessi foon furdaafi gaarii barbaaduuf jedhee ishee yartuu dhabee harka duwwaa hafe jedhama. *(Madda: Obbo Maammoo Baacaa, Hagayya 24, 2013)*

**Qaaccessa Durdurii 17ffaa**

**A. Haala Jalqabbii (Baninsa)**

> *Durdur jedhama. Waraabessa jalaa daa'imni duunan harroonni waraabessa bira warra du'aa (du'a ga'ii) dhaqan. Akkuma qe'ee waraabessaa ga'aniin, "Yaa waraabu koo! Yaa waraabu koo! Gaara duuban iyya sagaleen keessanii, nooraa Shaggar fakkaata udaan keessanii, maaltu isin jalaa arge daa'ima keessanii," jedhanii boo'an…*

Akkaataan jalqabbii durdurii kanaa haala durduriin Oromoo tokko yommuu himamu ittiin jalqabu hordofeeti. "Durdur.." jechuun eegale. Hirmaattonni (qooddattoonni) seeneffamichaas eenyufaa akka ta'an ibsuun jalqabe. Gocha jalqaba raawwatames ibsee jira. Kun hundi durdurichi miidhagina gonfatee akka dhiyaatuf kan haala mijeessudha.

**B. Haala Dhiyeenyaa**

Durdurichi haala dhiyeenyaa mataa isaa qaba. Kunis, duraa duuba gochootaa eeguun, irra deddeebii jechootaafi gaaleewwanii fayyadamuun, seenessaan sagaleefi sochii qaamatti haalaan gargaaramuun, qabiyyeefi ergaan akkaataa barbaachisuun dhiyaachuun durdurichi kan himamedha. Haalli itti waraabeyyiin walaloo qindeeffachuun boo’an dhaggeeffataa durdurichaa baay’ee ajaa’ibee kolfisiise. *“Yaa waraabu koo! Yaa waraabu koo! Gaara duuban iyya sagaleen keessanii, nooraa Shaggar fakkaata udaan keessanii, maaltu isin jalaa arge daa’ima keessanii,”* jechuudhaan waa’ee waraabessaa dhugaa jiru walaloon miidhagsuun dhiyeessan. Qabxiileen kunneen walsimatanii dhiyaachuun miidhagina durdurichaaf gumaachanii jiru. Kanaafuu, haalli dhiyeenya durdurii kanaa hawwataafi bashannansiisaadha.

**C. Akkaataa Goolabbii (Cufinsa)**

> *… Waraabessi harroota jalaa miliqan sana ari’ee ari’ee dadhabnaan harree jalqaba tuffatee bira darbe sana “nan nyaadha” jedhee gara duubatti yeroo deebi’u isheen immoo jalaa miliqxee eegde. Akkanatti waraabessi foon furdaafi gaarii barbaaduuf jedhee ishee yartuu dhabee harka duwwaa hafe jedhama.*

Akkuma dhuma durdurichaa irraa hubannutti, akkaataan goolabbii (cufinsa) durdurii kanaa gocha xumuraafi ergaa agarsiisuun kan goolabamedha. Jechi yeroo baay’ee dhuma durduriiwwanii irratti itti dhimma bahamuun beekamu (*…jedhama*) kan jedhu goolaba durdurii kanaarrattis nimul’ata. Kun immoo durduriin kun durii kaasee akkas jedhamaa (akkasitti seeneffamaa) turuu ibsuuf kan gargaarudha. Walumaagalatti, akkaataan goolabbii (cufinsa) durdurichaa hawwataafi ergaa barbaachisu dabarsuun kan goolabame yoo ta’u, kunis miidhagina durdurichaaf barbaachisaadha.

**D. Qabiyyee:** waa’ee warra du’aa (du’a ga’ii), akkaataa boo’ichaa, tooftaa diina jalaa ittiin miliqaniifi goyyoomfamuu Qabiyyeewwan kunneen guutummaa durdurichaa keessatti barsiisuuf kan dhiyaatedha.

**E. Hiika**

Akka aadaa uummata Oromootti firri yommuu nama jalaa du’u ollaan, kan nama jaalatus kan wal hinjaalannes mana warra namni jalaa boqotee (du’ee) deemanii hafuura baafachuun (boo’uun) dhumarrati jajjabeessuun barbaachisaafi baratamaadha. Guyyaa gaddaafi gammachuu

jireenyi hawaasummaa hiika qaba. Guyyaa gaddaa waliin gadduun, guyyaa gammachuu waliin gammaduun addunyaa kana keessatti jireenyi gamtaadhaan akka tolu hubachiisa. Raawwilee aadaa kana yommuu raawwatan adeemsa aadaa hasaasichaa eegeen ta'uu qaba. Warri waliif diina turanillee guyyaa gaddaa aaloo walitti qabachuun hinjiru. Durduricha keessatti harroonni kana bu'ureeffataniit deeman. Waraabeyyiin diina isaanii akka ta'an osoo beekanii gadda isaanii hirmaachuuf dhaqan. Waraabeyyiin garuu aadaa cabsan. Keessummaan kabaja qaba. Isaan biratti kabaja dhabe. Amma fedhan yoo nama irraa jibba qabaatanillee mana ofiitti nama miidhuuf hin yaalamu ture. Kun hundumtuu waraabeyyii biratti fudhatama dhabe. Keessummaa mana isaanii dhufe ajjeesanii soorrataaf oolfachuuf yaalan. Keessummaan sunillee qulqullummaafi mala waan qabaniif hammeenya isaan irratti yaadame jalaa miliquu danda'anii jiru. Harroota sana keessaa kan dulloomtee fiigdee baqachuu hin dandeenye tooftaa ittiin lubbuu ishee oolfatterraa kan hubannu, namni yoo humna dhabe malaan akka bulu, malli (tooftaan) jireenyaa namoota umriin bilchaatan biraa argamuu akka danda'udha. Dhumni waraabeyyii sun qaaniifi harka duwwaa ta'uun kan agarsiisu aadaa cabsuun, humnan qaba jedhanii namatti darbuun gatii kan nama kanfalchiisuufi dhumni isaa badaa ta'uu (milkaa'ina malee hafuu) akka ta'udha.

**F. Ergaa**

Ergaan durdurichaa diinni ofii yoomiyyuu diina ta'uu, diina jalaa bahuuf humna qofa osoo hintaane mala fayyadamuun bu'a qabeessa ta'uufi diinni humna ofiitti abdatee miidhaa qaqqabsiisuuf deemu malaan mo'atamuun harka duwwaa ta'ee osoo hinmilkaa'in akka hafuu danda'u kan agarsiisudha. Tooftaa beekuufi itti fayyadamuun cimina guddaa du'a nama oolchuu danda'u ta'uu isaa dhaamsa durdurii kanaarraa ni hubatama.

**G. Qooddattoota:** harrootaafi waraabessa

## 4.2. Miidhagina Durdurii Oromoo Aanaa Abuunaa Gindabarat

Miidhagina durdurii Oromoo beekuuf akka itti dhiyaateefi maalif akka dhiyaate qorachuu gaafata. Kana jechuun namni oduu durii himu dandeettii nama kofalchiisuu, akka namni isa dhaggeeffatu gochuufi hawaasa keessatti nama bashannansiisuudhaan beekamuun oduun durii himamu sun akka miidhagina godhatu taasisa. Akka dhaggeeffatamu taasisa. Oduu durii miidhagsee kan himu nama hunda miti. Nama ijoollummaa irraa jalqabee oduu durii himaafi dhaggeeffachaa guddatetu dandeettii oduu durii himuu qabaata. Miidhagsanii himuuf muuxannoo qabaachuu gaafata jechuudha.

Muuxannoo oduu durii himuu, namoota duraan oduu durii himuu beekan irraa kan argatan yoo ta'u, kunis irra deddeebi'anii shaakaluu(himuudhaan) argama. Muuxannoo oduu durii himuu qabaachuun akkaataa himinsaa qajeelcha. Jalqaba akkamitti akka jalqaban, jechoota akkamiitti akka fayyadaman, akkamitti akka yaada dhaggeeffataa(daawwataa) ofitti harkisan, ergaa akkamii dabarsuuf akka himaniifi akkamitti akka xumuran beekuun barbaachisaadha.Waan dubbatamu gochaan(sochii qaamaan)deeggaruun hundaa olitti oduun durii himamaa jiru akka miidhagee hiika argachaa daawwataa hawwatu taasisa. Sochiin qaamaa bashannansiisuurra darbee ergaa durdurichaa akka hubatan gochuuf gahee guddaa qaba. Oduun durii duraa duuba qaba. Duraa duuba isaaa eeganii himuun dandeettii seenessaa ta'ee miidhagina durdurichaaf kan gumaachuudha. Akkuma dandeettiin seenessaa miidhagina oduu duriitiif gumaachu dandeettiin dhaggeeffataa (daawwataa) miidhagina durdurichaaf barbaachisaadha. Daawwattoonni namoota oduu durii himamaa jiru san dhaggeeffachaa sochii qaamaa seenessaan raawwatu ilaalanii hiika itti kennaa deemanidha. Dubbii seenessaafi sochii qaamaa isaa walitti fidanii hiika itti kennu. Ijaan ilaalaa, gurraan dhaggeeffachaa bashannanaa baratu. Waan baratan deebi'anii walbarsiisu. Dhaggeeffataan(daawwataan) seenessaatti onnee godha. Haamlee kenneefiit akka sirriitti himu godha. Dhaggeeffattoonni jalaa qabu; gaaffii gaafatu; deebii deebisu. Harka rukutuuf. Sochii qaamaan deeggaru. Kanatu waltajjicha guutuu taasisa. Daawwataafi seenessaan walta'aniit miidhagina durdurichaaf gumaachu.Walbashannansiisaa walirraa baratu.

Kanamalees, sagaleen seenessaa miidhagina durdurichaaf iddoo guddaa qaba. Sagalee miidhagu, kan gurra namaatti tolu qabaachuun akka gurra itti qabanii dhaggeeffatan taasisa. Sagalee bineensotaa akkeessuu danda'uunis miidhagina oduu duriif barbaachisaadha.Waa'ee bineensotaa yommuu seenessan bakka barbaachisutti sagalee isaanii fakkeessuuf yaaluun nijira.

Dabalataanis, sagalee namaa (dhiiraafi dhalaa) addaan baasanii fakkeessuun dhiyeessuun beekamaadha. Fakkeessuufi akkeessuun dandeettii seenessaan oduu durii seenessu tokko qabaachuu qabudha. Kun immoo miidhagina durdurichaaf baay'ee barbaachisaadha. Akkasumas, qabiyyeefi ergaan durdurichaa fedhii, hawwiifi miira hawaasa durdurichi keessatti himamuu calaqqisiisuu danda'uun isaa miidhagina kuullatee akka dhiyaatuuf gahee olaanaa qaba. Akkaataan jalqabbii(baninsa), akkaataan dhiyeenyaa, akkaataan goolabbii(cufinsa), akkaataa qabiyyeen ittiin dhiyaateefi akkaataan ergaan ittiin darbe miidhagina durdurichaaf baay'ee barbaachisoodha. Walumaagalatti, miidhagina durdurii Oromoo keessatti dandeettiin seenessaafi dhaggeeffataa (daawwataa) iddoo olaanaa qaba. Muuxannoofi dandeettiin kun immoo fedhii godhatanii irra deddeebi'anii shaakaluudhaan kan argamudha. Sagalee miidhagaa qabaachuunis miidhagina durdurichaa keessatti gahee guddaa qaba. Kanaafuu durduriin Oromoo miidhagina mataa isaa kan qabu yommuu ta'u, miidhagina isaa cimsanii dhiyeessuun barbaachisaadha. *(Madda: Dasii Reebaafi Immaanaa Hordofaa, Waxabajjii, 23/10/2012)*

## 4.3. Yoomessa Durdurii Oromoo

Yoomessi miidhagina durdurii Oromoo keessatti gahee guddaa waan qabuuf yoomessa ibsuun barbaachisaadha. Durduriin Oromoo yoomessa murtaa'aafi dhaabbataa adda ba'e tokko qaba jechuun hindanda'amu. Haata'u malee, oduun durii 'Bara durii' akka raawwatametti fudhatama. Kanas yommuu oduu durii himuuf ka'an, "Bara durii…, Bar tokko…, Gaaf tokko…, Durdur…" jedhanii kan jalqaban irraa hubachuun nidanda'ama. Kanamalees, moggaasuma maqaa, "Oduu durii" jedhurraa yoo hubannu seenaan sun bara durii keessa akka ta'e ibsa. Kun yeroo seenichi raawwate ibsuuf kan yaalu yommuu ta'u, oduun durii yoom akka himamuu danda'u ibsuun barbaachisaadha. Oduun durii yeroo baay'ee galgala galgala yeroo maatiin hundi manatti galanii taa'an (yeroo boqonnaa isaanitti) kan himamudha. Guyyaa maatiin hojii adda addaa iddoo garagaraatii hojjechaa oolu; ijoolleen guyyaa loon eegu. Maatiin ijoollee isaanii guyyaa akka oduu duriis ta'ee tapha adda addaa hintaphanne akeekkachiisu. "Guyyaa yoo hiibboo taphatan gaanfatu namatti baha; waraabessatu nama nyaata," jedhanii ijoollee goyyoomsuun akka isaan guyyaa hintaphanne taasisu. Yoo taphatan Loon dagatanii midhaan dheechisu jedhanii waan yaadaniif. Kanaaf galgala yeroo boqonnaa isaanii oduu duriifi tapha biroon wal bashannansiisaa akka wal barsiisan taasisu. Abidda oo'ifachaa oduu durii walitti himu; waldhaggeeffatu. Iddoon oduun durii itti himamu alas manas ta'uu danda'a.Yeroo baay'ee miseensota maatiitiin yommuu

himamu mana keessatti himama.Yeroo tokko tokko immoo ijoolleen ollaa galgala walitti dhufanii abidda bobeeffatanii bakka bashannananitti ni himama. Kana malees, oduun durii dhimma dubbatamaa jiru wajjin walqabsiifamee ganama, guyyaafi galgala himamuu danda'a. Fakkeenyaaf, namoota wallolan(waldhaban) walitti araarsuuf, namoota firri jalaa du'ee taaziyaa(boo'a/gadda) taa'an gadda isaan dagachiisuuf, akkasumas waanfala(daadoo/dugdee) keessatti dadhabbii ofirraa balleessuun hojiitti waljabeessuuf oduun durii himamuu danda'a.

Durduriin/oduun durii yommuu himamu haala hawaasummaa nibu'ureeffata.Yeroo baay'ee namoota walitti dhufeenya qabantu(hiriyoota, ollaa, maatiifi ijoollee) walitti dhufee oduu durii walitti himu. Oduu durii himuufi dhaggeeffachuuf namni lamaafi isaa ol walitti dhufuun dirqama.Waltajjii barbaada jechuudha. Namoota naannoo tokko jiraatantu walitti dhufee durdurii walitti hima; walirraa dhaggeeffata. Namoota walbeekan yoo ta'an sirriitti keessatti hirmaatu(gaaffii gaafatu; deebii deebisu; sochii qaamaan deeggaru). Namoota hawaasummaa gaarii waliin qaban gidduutti yommuu oduun durii himamu ergaa barbaadame caalmatti dabarsa. Oduun durii hawaasa jiruu walfakkaataa gaggeeffatu keessatti himamuudhaan beekama. Walumaagalatti, oduun durii/durduriin yeroo baay'ee galgala galgala abidda biratti maatiin kan walitti himanii wal bashannansiisaa wal barsiisanidha. *(Madda: Obbo Ayyaano Lammaafi Aadde Dasii Reebaa, Waxabajjii, 18/10/2012)*

## 4.4. Hirmaattota Durdurii Oromoo

Gaheen hirmaattotaa miidhagina durdurii Oromoo keessatti qooda waan qabuuf qorataan waan odeeffate cuunfee akka itti aanutti kaa'ee jira. Durduriin Oromoo haala, yeroofi iddoo garagaraatti waan himamuuf hirmaattota adda addaa qaba.Jaarsummaarratti jaarsolii araaraafi namoota araaramuuf taa'an, galgala galgala maatii mana tokkoo(Abbaa, Haadhaafi ijoollee) ta'uu danda'u.Jaarsummaarratti jaarsa araaraa keessaa tokkotu durdurii dhimma dubbatamaa jiruun wal qabatu (kan garaa laaffisee araaraaf nama qopheessuu danda'u) filatee dhiyeessa. Namootni araaramuuf taa'an durduricha dhaggeeffatanii waa'ee dhimma araara isaaniitiin walitti fidanii buusanii baasanii madaalanii araaramuuf fedhii godhatu.Haala kanaan jaarsi araaraas dubbii fixa.Kanamalees, galgala galgala maatiin mana tokko jiraatan oduu durii walitti himanii walbashannansiisaa walbarsiisuun jira.Kan oduu durii/durdurii ijoolletti himu yeroo baay'ee haadha, abbaafi obbolaa angafa.Ijoolleen taa'aniit dhaggeeffatu.Waan isaanif hin galle ni gaafatu.Kan gaafataman ni deebisu.Ijoollenis oduu durii isaanitti himame deebisanii walitti

himu.Warri isaanii oduu durii duraan ijoolleetti himan akka irra deebi'anii itti himan gaafatu. Akka ijoolleen sammuutti qabatan madaalu. Ijoollee oduu durii yaadattee himuu dandeessu nijaju. Ijoolleen kaanis akkasitti akka cimanii oduu durii qabatanii himan gorsu.Walumaagalatti, oduun durii/durduriin saala osoo hin qoodiin garee hawaasaa kamiinuu (ijoollee, maanguddootaafi gaheessota)'n himamuufi dhaggeeffatamuu danda'a.Oduun durii filatamee dhiyaatu hirmaattota(dhaggeeffattoota) irratti hundaa'a. Safuu beekuufi eeguu gaafata. Hirmaattonni haala kanaan durdurii himamu keessatti hirmaachuun(qooda fudhachuun) durdurichatti miidhagina hora. *(Madda:Obbo Immaanaa Hordofaafi Obbo Hirphaa Sanbataa, Waxabajjii, 23/10/2012*)

## 4.5.Haala Dhiyeenyaa Durdurii Oromoo Aanaa Abuunaa Gindabarat

Haala dhiyeenya durdurii Oromoo akkaataa sadiin hubachuun ni danda'ama.Kan duraa akkaataa ittiin jalqabu. Akkaataa jalqabbii kana keessatti namni oduu durii himu tokko calliseetuma oduu durii beekeef hin himu.Dhimma dubbatamaa jiru wajjin durdurii walqabatu sammuu ofiitiin filata.Erga filatee booda dubbii dubbatamaa jiru irratti, "mee waan kanaan walqabatun isinitti hima…, mee dhaggeeffadhaa…," jedhanii oduu durii filatan san dhiyeessu.Yommuu oduu durii sana dhiyeessanis jalqabni isaa yeroo baay'ee (jalqabni durdurii hedduu), "Bara durii…, Dur…, Durdur…,"jedhee eegala. Tokko tokko immoo, "Bar tokko…, Gaaf tokko…,"jedhee jalqaba. Kun seensa durdurichaa ibsa. Dhaggeeffattoonni akka callisaan dhaggeeffataniif haala mijeessa. Kun akkaataa jalqabbii durdurii Oromoo aanaa kanaa agarsiisa.

Qabxiilee haala dhiyeenya durdurii Oromoo aanaa kanaa agarsiisaan keessaa kan lammaffaa haala qabiyyeen ittiin dhiyaatudha. Durdurichi waa'ee maalii akka ta'e (waa'ee jaalalaa/jibbaa, gadda/gammachuu, gowwummaa/gamnummaa, gootummaa/daboorummaa…) gadi fageenyaan dame adda addaa itti baasanii akkaataan ittiin seenessan iddoo guddaa qaba. Sun haala dhiyeenya qabiyyeeti. Haalli qabiyyee dhiyeessuu durduricharratti hundaa'ee dheerachuus gabaabbachuus ni danda'a. Haala hawwatuun dhiyeessuun garuu dandeettii seenessaarratti hundaa'a.Qabxiin inni dhumaa akkaataa goolabbii ykn akkaataa guduunfuu/xumuruuti. Akkaataan goolabbii durduriiwwan tokko tokkoo walfakkaata."Akkasitti…jedhama,"jedhee goolabama. Waan seenessaa turan bakka tokkotti fidanii hima tokkoon ibsuu fakkaata. Durduriin tokko tokko osuma himamaa jiruu seenaa xumurame dhageenya. Akkaataan goolabbii nama oduu durii sana himaa jiru irrattis ni hundaa'a. Seenessaan tokko tokko ergaa durdurichaa cuunfee

dhaggeeffattootatti ifa taasisee hima.Tokko tokko immoo durduricha qofa himee xumura. Bashannansiisuu qofaaf kan himan yoo ta'e yeroo baay'ee durdurichuma himanii xumuru. Barsiisuuf yoo himan garuu durduricha ergaa isaa baasanii himu. Seenessitoonni tokko tokko itti gaafatamummaa jalaa bahuuf ergaa durdurichaa dhaggeeffattootaaf dhiisu. Dhimma siyaasaa, nama ciiguu(arrabsuu)fi wkf ibsachuu yoo barbaadan oduu durii ergaa sana dabarsuuf gargaaru filatanii dhiyeessanii xumuru.Dhaggeeffataan ofiif hiika itti kennata.Walumaagalatti, akkaataan dhiyeenya durdurii Oromoo Aanaa A/Gindabarat haala jalqabbii, qabiyyee dhiyeessuufi akkaataa goolabbii kan mataa ofii qabaachuu isaa hubachuun ni danda'ama. *(Madda: Obbo Immaanaa Hordofaafi Obbo Hirphaa Sanbataa, Waxabajjii 23/10/2012)*

## 4.6. Faayidaa Durdurii Oromoo

Durduriin Oromoo faayidaa hedduu qaba. Faayidaan inni jalqabaa bashannansiisuudha. Namni oduu durii/durdurii himu haala nama hawwatee bashannansiisuun hima. Dhaggeeffataan (daawwataan) dubbii dubbatamuufi sochii qaamaa seenessaan raawwatuun bashannana. Durdurichi ofuma isaatii waan nama kofalchiisee gammachiisu of keessaa qabaata. Kun immoo akka seenessaafi dhaggeeffataan bohaaran taasisa. Faayidaan durdurii kan biroon barsiisuudha. Kaayyoon durduriin himamuuf keessaa barsiisuun isa olaanaadha. Ijoollee ittiin barsiisu.Kan hin beekne ittiin beeksisu. Dhaloota(labata) ittiin qaru. Safuu barsiisu. Aadaabarsiisu. Hawaasumaa hubachiisu.Siyaasa barsiisu.Seenaa yaadachiisu.Gootummaa jabeessu.Miira namaa gara waa beekuufi hubachuutti fidu. Kanaaf oduun durii barsiisuuf meeshaa filatamaadha. Kanamalees, oduun durii tokkummaa hawaasaa cimsa. Namootni walitti dhufanii yommuu oduu durii walitti himan gidduu isaanitti jaalalatu uumama.Waliin bashannanaa walbarsiisu.Kun hawaasummaan isaanii akka cimu godha. Kan hin beekne walirraa barachuuf, kan beeku kan hinbeekne barsiisuuf walbarbaadu.Walitti dhufanii walitti odeessu. Kanaafuu, oduun durii/durduriin walitti dhufeenya namootaa cimsuuf, barsiisuufi bashannansiisuuf faayidaa guddaa qaba. *(Madda: Obbo Qananii Turaafi Obbo Qajeelaa Nagahoo, Waxabajjii 24/10/2012)*

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA,  ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaa kana jalatti kan dhiyaatu cuunfaa (goolaba), argannoo (yaada qorataan qorannicha keessatti bira gahee)fi yaboo (fuulduratti waan hojjetamuu qabuu)fi eenyuun akka hojjetamuu qabutu dhiyaate.

## 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun Miidhagina Durdurii Oromoo Keessatti godina Shawaa Lixaa Aanaa Abuunaa Gindabaratitti qorachuu irratti kan fuulleffatedha. Sababni qorataan mata duree kana irratti xiyyeeffateef dagatamaa jiraachuu durduriifi mata durichi kanaan dura bal'inaan kan hinqoratamne ta'uu isaati. Kana malees, durduriiwwan Aanicha keessatti afaanin himamaa turan yeroo ammaa sadarkaa hir'aanfa-tamuurra gahaa waan jiraniif qoratanii barreeffamaan kaa'uun barbaachisaadha. Durduriin gosa seeneffama afoolaati. Kalaqa uummataa barsiisuufi bashannansiisuuf gargaarudha. Qorataan miidhagina durdurii Oromoo keessatti yommuu qoratu mala qorannoo akkamtaatti fayyadamuun madda ragaa 1ffaafi 2ffaatti gargaaramee jira. Tooftaalee funaansa ragaalee kanneen akka daawwannaa, af-gaaffiifi marii garee fayyadamuun ragaaleen argaman ibsuu, addeessuufi hiikuun qaacceffamanii jiru. Qabxiileen qorannicha keessatti xiyyeeffatamanis miidhaginni durdurii Oromoo keessatti haala kamiin akka dhiyaatu, wantoota miidhaginichaaf gumaachan, akkaataa jalqabbii, haala dhiyeenya qabiyyee, akkaataa goolabbiifi akkaataa ergaan ittiin darbu fa'i. Walumaagalatti, qorannoon kun kaayyoo qorannichaa bu'ureeffachuun kan gaggeeffameedha.

## 5.2. Argannoo

Miidhagina durdurii Oromoo keessatti Aanaa Abuunaa Gindabaratitti qorataan qorannoo taasisuudhaan kaayyoolee gooree bu'ureeffachuun yaadota itti aananii dhiyaatan bira gahee jira. Miidhaginni durdurii Oromoo keessatti Aanaa A/Gindabaratitti haala adda addaatiin dhiyaata. Kana jechuun, wantoota miidhagina durdurichaaf gumaachantu jiru jechuudha. Miidhagina durdurii Oromoof wantoonni gumaachan kanneen akka fayyadama jechootaa, sochii qaamaatiin deeggaruu, sagalee miidhagaa qabaachuu, akkeessuufi fakkeessuu, hirmaattonni haalan keessatti qooda fudhachuu, yoomessa eegee dhiyaachuu, dhimma dubbatamaa jiru wajjin kan walqabatu ta'uu, duraa duubni isaa sirriitti eegamee dhiyaachuu, irra deddeebii, akkaataa jalqabbii (baninsa), haala dhiyeenyaafi akkaataa goolabbii(cufiinsa) qabaachuufaati. Seenessaan miidhagina itti horee dhiyeessuu keessatti gahee guddaa qaba. Dandeettiin seenessuu miidhagina

durdurichaaf murteessaadha. Dandeettiin kun immoo durdurii himuufi dhaggeeffachuuf fedhii qabaachuufi yeroo yeroodhaan irra deddeebi'anii shaakaluudhaan kan argamudha. Durduriin tokko yommuu himamu namaa namatti garaagarummaa qabaachuun seenessitoonni dandeettii adda addaa qabaachuu isaanii agarsiisa.

Jalqaba durdurii Oromoo Aanaa Abuunaa Gindabarat keessatti seensa durdurichaatu dhiyaata. Seensa (baninsa) kana keessattis qooddattoota gurguddoo seeneffamichaafi yoomessatu dhiyaata. Akkaataan jalqabbii isaa, "Bara durii…, Dur…,Durdur…, Bar tokko…, Gaaf tokko…"jedhamee jalqabama. Durduriin hedduun isaanii haala kanaan jalqabu. Kun akka dhaggeeffataan qalbiin dhaggeeffatuufi ergaa seeneffamichaa waan yeroo ammaa ta'aa jiru wajjin walitti fidee hiikkatu taasisa.

Dhiyeessa durdurii keessatti seenessaan miidhagina itti horee dhaggeeffataa(daawwataa) hawwatee dhiyeessa. Durduriin dhiyaatu dheerina ykn gabaabbina qabuun bakki itti dhiyaatu dhiyeessa keessatti. Haalli dhiyeenyaa miidhagina durdurichaaf iddoo guddaa qaba. Sochii qaamaan deeggaruu, akkeessuufi fakkeessuu, duraa duuba eeguufi gochoonni miidhagina durdurichaaf gumaachan haala dhiyeenyaa irraa calaqqisu.

Durduriin akkaataa goolabbii (cufinsa) mataa isaa qaba. Goolabni yeroo baay'ee ergaa durdurichaa himuuf akeeka. Yeroo tokko tokko ergaa durdurichaa dubbii dubbatamaa jiru wajjin walqabsiisuun hiikuun nimul'ata. Kanaafuu, ergaan durdurii tokkoo waliigala seeneffamichaafi dhuma durdurichaa irraa hubatama. Durduriin hedduun dhuma irratti, "… jedhama," jechuun xumurama.

Durdurii Oromoo Aanaa A/Gindabarat keessatti qabiyyeen guutummaa seeneffamichaa keessatti haala adda addaatiin dhiyaata. Qabiyyeewwan dhiyaatan waa'ee jaalala/jibba, gadda/ gammachuu, gamnummaa/gowwummaa, amanamummaa qabaachuu/amanamummaa dhabuu, waliin jireenyaafi kanneen kana fakkaatani. Qabiyyee durdurii tokkoo guutummaa durdurichaafi ergaa isaa hubachuun adda baasuun nidanda'ama. Walumaagalatti, miidhagina durdurii Oromoo keessatti hubachuuf wantoota (gochoota) miidhagina durdurichaaf gumaachan gadi fageenyaan xinxaluun hubachuu barbaachisa.

## 5.3. Yaboo

Durduriin (Oduun durii) Oromoo Aanaa A/Gindabarat miidhagina isaa eeggatee dhalootaa itti aanutti akka darbuuf:

- Dhaloonni si'anaa aadaafi duudhaa Oromoo deebisuuf fedhii godhatanii kutannoon gahee ofii bahuu keessatti hirmaachuu qabu.
- Waajjirri Aadaafi Tuurizimii Aanaa Abuunaa Gindabarat durduriiwwan aanaa kana keessatti hawaasni dhimma itti bahaa tureefi jiru funaanuun qoratee jildeessuun barbaachisaadha.
- Dhaabbilees ta'ee namootni dhuunfaa sadarkaa adda addaatti qorannoo aadaa uummataarratti gaggeessuuf kaayyeffatan durdurii/oduu durii Oromoo osoo gadi fageenyaan qoratanii maxxansanii gaariidha.
- Ogeeyyiin sirna barnoota Afaan Oromoo qopheessan qabiyyeewwan keessatti tooftaa adda addaatiin caalmatti osoo afoola Oromoo keessumaa durduriitti xiyyeeffatanii qopheessanii barbaachisaadha.
- Barsiisonniifi barattoonni mana barumsaatti durdurii/oduu durii himuufi dhaggeeffachuu osoo barattoota shaakalsiisanii,
- Durduriin/oduun durii dandeettii ijoollee cimsuu (gabbisuu) keessatti gahee guddaa waan qabuuf maatiin ijoollee isaaniitti durdurii/oduu durii himaa guddisuu qabu.
- Mootummaan federaalaas ta'ee kan naannoo Oromiyaa akkasumas, bulchiinsi magaalaa Finfinnee bu'uura heera biyyaatiin afaan, aadaafi seenaa uummataa qorachiisuun galmeessuurratti xiyyeeffannoon hojjechuu qabu.

## WABIILEE


Abarraa Nafaa. (1995).*Wiirtuu, Jildii 7ffaa*: Finfinnee

Abdurrahmaan Abdulqaadir. (2008). *Qaaccessa Afoolaa Ogummaa Afaanii Gurguddoo Afran Barsiisuu Keessatti*: Waraqaa Qorannoo Digrii 2ffaa (MA). Yuunivarsiitii Finfinnee.

Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa: Qorannoo Hujoo.*Finfinnee:Mega printing press.

Alamaayyoo Hayilee. (1999). *Sirna Gadaa Siyaasa Oromoo Tuulamaa,* Jildii 1ffaa. Finfinnee: Berhanenaselam enterprise.

Asafaa Tafarraa. (1991). *Wiirtuu Jildii-4.Barruulee Waaltina Afaan Oromoo*. Finfinnee: Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaa

Asafaa Tafarraa. (2009).*Eela*.Finfinnee: Far-East trading PLC.

Birhanu Mathewos. (1999). *Fundamentals of literature.* Addis Ababa University press.

Chinua Achebe. (2003). *Things Fall Apart*. A casebook. New York: Oxford University Press.

Dastaa, January (2018). *Akkaataa Himiinsa Durdurii Oromoo Tuulamaa*. Gadaa Journal/Barruulee Gadaa Volume 1, No. 1 pp 78-92

Dastaa Dassaalany. (2013). *Bu'uura Qorannoo.* Finfinnee: Far East Trading PLC

Dirribii Damusee. (2012). *Ilaalcha Oromoo*.Finfinnee: Printing and publishing s.c.

Dorson, R. (1972). *Folklore and Folklife*: *An introduction.* Chicago: Chicago University press.

Dundes A. (1965). *The Study of folklore.* Berkley: Prentice Hall Inc.

Filee Jaallataa. (2021). *Beekumtaa Oromoo (Oromo Foklore).* Keyline printing.

Gada Melba.(1988). *Oromia: An introduction to the History of the Oromo People.*Khartoum, Sudan: Minensota printing press.

Geetachoo Rabbirraa. (2011). *Furtuu. Seerluga Afaan Oromoo.* Addis Ababa. Kuraz International

Isaacs Alan. (1981). *The Macmillan Encyclopiedia*. USA. Laurence Wrda Associates LTD.

Jaarraa, W.fi Wasanee Bashaa.(2008). *Bantuu Haaraa, seerlugaafi ogbarruu Afaan Oromoo.* Finfinnee: EMAY Printer

Jane Ritchie and Jane Lewis.( 2003). *Qualitative Research Practice: A Guide for Social Science Students and Researchers.* London • Thousand Oaks • New Delhi : SAGE Publications

J. O. J. Nwachukwu-Agbada. (1991). *The Igbo Folktale: Performance Conditions and Internal Characteristics.* Abia State University, Nigeria

Leech, G. N. & Short, M. H. (1981). *Style in Fiction: A Linguistic introduction to English Fictional Prose.* New York: Longman Inc

Martin Kyiileyang.( December, 2016). Literary Aesthetics in the Narration of Dagara Folktales. *Advances in Language and Literary Studies: Australian International Academic Centre, Australia.* ISSN: 2203-4714 Vol. 7 No. 6

Mercy Nnyigide Nkoli & Adaobi Ngozi Okoye. (*July* 1, *2016). Mgbakoigba, Journal of African Studies.* Igbo Folktales and Igbo Youths Development: The Need For Revitalization Of Igbo Folktales. *Vol.6 No.1.*

Misgaanuu Gulummaa.(2011). *Dilbii.* Finfinnee,Oromiyaa.

Mohammed Kedir. (September, 2015). An Interpretation of Two Oromo Folklore Genres. *Ethiop. J. Educ. & Sc. Vol. 10 No 1*

Mulugeetaa Nagaasaa. (1999). *Wirtuu Jildii-8.Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo*. Finfinnee: Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa

Mulugeetaa Nagaasaa. (2005). *Raagoowwan Oromoo (Oromo Oral Narratives).*Yuunivarsiitii Addis Ababa: Kan hin maxxanfamne

Nuuraddiin Ibraahim. (2020). *Qubee Harmee. Kitaaba Gabbina Barnoota Afaan Oromoo.* Finfinnee: ESAYAS General Trading & Printing.

Okpewho Isidore. (1992). *African Oral Literature: Background, Character and Continuity.* Indian University Press. Bloomington and Indianapolis

Oring E. (1986). *Folk Group and falklore Generes, An Introduction:* Longman Utah Sate University.

Sesan, Azeez Akinwumi. (2014). *Khazar Journal of Humanities and Social Sciences Vol 17, №2,* Yoruba Folktales, the New Media and Postmodernism. Al-Hikmah University, Nigeria

Steven.A. .(1976). *Concise Oxford English Dictionary*. Oxford University Press.

# DABALEEWWAN

## DABALEE (A)

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORII KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII YUUNIVARSIITII FINFINNEETTI**

**Cheeklistii Oduun Durii Yommuu Himamu Daawwannaan Ittiin Gaggeeffame**

| T/L | Dhimmoota nita'u ykn niraawwatu jedhee qorataan eegu | Bu'aa raawwii dhimmoota eegamanii | |
|---|---|---|---|
| | | Eeyyee | Lakkii |
| 1. | Seenessaafi dhaggeeffataan fuulaa fuulatti wal argu. | ✓ | |
| 2. | Seenessaan sochii qaamaan deeggarama. | ✓ | |
| 3. | Dhaggeeffattoonni itti hirmaatu. | ✓ | |
| 4. | Oduun durii tokko namaa namatti garaagarummaa qabaata. | ✓ | |
| 5. | Miidhaginni oduu durii tokkoo dandeettii seenessaatiin walqabata. | ✓ | |
| 6. | Oduun durii dhimma dubbatamaa jiru wajjin walqabsiifamee himama. | ✓ | |
| 7. | Namni oduu durii himu dandeettii dubbii qaba. | ✓ | |
| 8. | Iddoofi yeroon oduu durii himuuf barbaachisaadha. | ✓ | |
| 9. | Oduun durii akkaataa jalqabbii, qabiyyee dhiyeessuufi xumura mataa isaa qaba. | ✓ | |
| 10. | Oduu durii himamu tokko ergaa isaa hubachuuf sirriitti dhaggeeffachuufi sochii seenessaa daawwachuun barbaachisaadha. | ✓ | |

## DABALEE (B)

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORII KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII YUUNIVARSIITII FINFINNEETTI**

## Gaaffilee Af-Gaaffiif Qorataan Namoota Odeeffannoo Irraa Funaannatuuf Dhiyeesse

Dursa yeroo keessan aarsaa gootanii odeeffannoo naaf kennuuf eeyyamamoo ta’uu keessaniif guddaa galatoomaa.Gaaffiin isiniif dhiyaatu jireenya dhuunfaa keessaniirratti kan xiyyeeffatu osoo hintaane, ragaa qorannoof qofa kan na barbaachisu waan ta’eef, dhugummaa odeeffannichaatti fuulleffachuun gaaffii isiniif dhiyaatu akka naaf deebiftan kabajaanan isin gaafadha.

1. Naannoo jiraattan kanatti oduun durii yoomiifi eessatti himama? Maalif yeroo kana himama? Eenyutu hima?

2. Namni oduu durii himu jalqaba maal jedhee jalqaba? Dhuma isaa hoo akkamitti xumura?

3. Oduun durii faayidaa akkamii qaba?

4. Oduu durii himuu eessaa baratu?

5. Namni tokko oduu durii himuu danda’a kan jedhamu yoo akkamitti himedha?

6. Yeroo ammaa naannoo kanatti oduun durii himamaa jiraa?

7. Oduun durii dhugaadha moo kalaqa? Seenaa dhugaa ykn kalaqa ta’uu isaa akkamitti beekna?

8. Oduu durii yommuu dhaggeeffannu yoo akkamitti himame namatti toluu ykn bashannansiisuu danda’a?

9. Haala amma irra jiru yommuu ilaallu oduun durii gara fuulduraatti babal’achaa (guddachaa) deemamoo badaa (dhabamaa) deema? Yoo badaa kan deemu ta’e, furmaatni isaa maali jettu?

10. Oduun durii tokko nama lamaan yoo himame garaagarummaa qabaata moo namootni lamaanuu haaluma tokkoon himu? Garaagarummaa yoo qabaate maaltu garaagarummaa sana uume?

## DABALEE (C)

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORII KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII YUUNIVARSIITII FINFINNEETTI**

### Gaaffilee Marii Gareef Qorataan Namoota Gareen Odeeffannoo Kennaniif Dhiyeesse

Dursa odeeffannoo naaf kennuuf eeyyamamoo ta'uu keessaniif galatoomaa.Odeeffannoon isin gaaffiin ani isin gaafadhuuf naaf kennitan dhugummaan isaa barbaachisaa waan ta'eef sirriitti irratti mari'attanii odeeffannoo akka naaf kennitan isiniin jechaa gara gaaffileetti dabarra.

1. Akka naannoo kanaatti oduun durii himamaa jiraa?

2. Baay'inaan (yeroo baay'ee) oduu durii eenyutu hima?

3. Namni oduu durii sirriitti himuu beeku tokko beekumsa isaa eessaa argata?

4. Faayidaan oduu durii himuu maali?

5. Namni oduu durii himu tokko akkamitti jalqaba? Akkamitti xumura?

6. Oduun durii maalif "Oduu Durii" jedhame?

7. Oduun durii akkamitti aadaa uummata tokkoo ibsuu danda'a?

8. Oduu durii akka dagatamaa deemu maaltu taasise?

9. Oduun durii akka babal'achaa deemuufi akka hin badne gochuuf eenyutu maal gochuu qaba jettu?

10. Oduu durii miidhagsanii himuuf dandeettii akkamii nama barbaachisa? Dandeetticha hoo akkamitti argatu?

## DABALEE (D)

**Suuraawwan Namoota Odeeffannoo Kennanii Muraasa**



**Fakkii 1:** (Yommuu qorataan af-gaaffii Obbo Ayyaano Lammaa wajjin gaggeessu, Ganda Gaajoo Baddeessaa, Waxabajjii18/10/2012, Suurri gargaaraa qorataatiin)



**Fakkii 2:** (Yommuu qorataan Darg.Dajanee Ammasaa, Darg.Mootii Abdiisaa, Darg.Abbabaa Baay'isaafi Obbo Diroo Tolasaa wajjin Ganda Gaajoo Baddeessaatti marii garee taasisuun ragaaleefi durdurii funaannatu, Waxabajjii 24/10/2012 suurri gargaaraa qorataatin)

## DABALEE (E)

**Iddoowwan Hawwata Tuurizimii Aanaa Abuunaa Gindabarat**



**Fakkii 3:** (Tulluu Muxxee: Ganda Gaajoo Baddeessaa, Waxabajjii10/10/2012 suurri qorataadhaan)



**Fakkii 4:** (Laga Gaajoo/Laga Urgaahaa: Aanaa Abuunaa Gindabaratiifi Aanaa Meettaa Roobii gidduu Waxabajjii 20/10/2012 suurri qorataadhaan)



**Fakkii 5:** (Gimbii Iddoosaa: Alangee, Ganda Gaajoo Baddeessaa, Waxabajjii 19/10/2012 suurri qorataadhaan), Iddoo Waaqeffannaa ture.

## Namoota Odeeffannoo Qorataaf Kennan Muraasa

| T/L | Maqaa | Saala | Umrii | Gahee Hojii | Bakka Jireenyaa | Beekumsa |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1. | Aabbuu Bordee | Dhi | 45 | Qotee Bulaa | A/Gindabarat | Jaarsa Biyyaa |
| 2. | Abbabaa Baay'isaa | Dhi | 25 | Barataa | A/Gindabarat | Afoolee |
| 3. | Almaaz Dirribaa | Dha | 38 | H/Mootummaa | A/Gindabarat | Afoolee |
| 4. | Amanuu Hirphaa | Dhi | 37 | Qotee Bulaa | A/Gindabarat | Afoolee |
| 5. | Ayyaano Lammaa | Dhi | 87 | Qotee Bulaa | A/Gindabarat | Jaarsa Biyyaa |
| 6. | Birhaanuu Tolasaa | Dhi | 58 | Qotee Bulaa | A/Gindabarat | Afoolee |
| 7. | Birqii Hordofaa | Dha | 77 | Qottee Bultuu | A/Gindabarat | Afoolee |
| 8. | Dajanee Ammasaa | Dhi | 20 | Barataa | A/Gindabarat | Afoolee |
| 9. | Dasii Reebaa | Dha | 75 | Qottee Bultuu | A/Gindabarat | Ayyaantuu |
| 10.. | Dassaalanyi Caalaa | Dhi | 11 | Barataa | A/Gindabarat | Afoolee |
| 11. | Diroo Tolasaa | Dhi | 26 | Qotee Bulaa | A/Gindabarat | Afoolee |
| 12. | Dharruu Yaadasaa | Dha | 41 | Qottee Bultuu | A/Gindabarat | Afoolee |
| 13. | Fayisaa Bultoo | Dhi | 35 | Qotee Bulaa | A/Gindabarat | Afoolee |
| 14. | Guutaa Hundee | Dhi | 33 | H/Mootummaa | A/Gindabarat | Afoolee |
| 15. | Hirphaa Sanbataa | Dhi | 84 | Qotee Bulaa | A/Gindabarat | Jaarsa Biyyaa |
| 16 | Iddoosaa Qaxxalaa | Dhi | 56 | Qotee Bulaa | A/Gindabarat | Ayyaantuu |
| 17. | Immaanaa Hordofaa | Dhi | 85 | Qotee Bulaa | A/Gindabarat | Jaarsa Biyyaa |
| 18. | Lataa Qaxxalaa | Dhi | 47 | Qotee Bulaa | A/Gindabarat | Ayyaantuu |
| 19. | Maammoo Baacaa | Dhi | 38 | Qetee Bulaa | A/Gindabarat | Afoolee |
| 20. | Mootii Abdiisaa | Dhi | 19 | Qotee Bulaa | A/Gindabarat | Afoolee |
| 21. | Qajeelaa Nagahoo | Dhi | 48 | Qotee Bulaa | A/Gindabarat | Jaarsa Biyyaa |
| 22. | Qananii Turaa | Dhi | 78 | Qotee Bulaa | A/Gindabarat | Jaarsa Biyyaa |
| 23. | Taaddaluu Deebisaa | Dha | 42 | Qottee Bultuu | A/Gindabarat | Afoolee |
| 24. | Warqii Tarrafaa | Dha | 35 | Qottee Bultuu | A/Gindabarat | Afoolee |
| 25. | Zinnaayee Mokonnin | Dha | 23 | Hoj/Mootummaa | A/Gindabarat | Afoolee |

## DABALEE (F)

## Durduriiwwan hinqaacceffamin

### Leencaafi Jaldeessa

Dur, haadha warraa leencaa abbaan warraa irraa du'eefi kootama jaldeessaa tokkotu naannoo tokko waliin jiraachaa ture jedhama. Utuma waliin jiraachaa jiranii waa'ee du'a abbaa warraa isheetiif deddeebi'ee yeroo dheeraatiif erga jajjabeessaa ture. Gaaf tokko, "Atis qophaa taatee, abbaan warraa keetis deebi'ee hingalu; aniifi ati walfuunee yoo waliin jiraanne maal ta'a?" jedhee gaaffii dhiyeesse. Leencis, salgiin jaldeessaa dabbasaa abbaa warraa ishee waliin waan walfakkaatuuf gaaffii inni dhiyeesseef tole ittiin jette. Gaaftokko leenci foon dharraatee jaldeessaan, "Dallaa saawwanii cabsii sa'a /sangaa ajjeesii fidii foon na nyaachisi," jettee abboomte. Kanaan booda gaaffii haadha warraa isaa hojiitti hiikuuf galgaleeffatee gara dallaa loonii deemee utuu karra dallaa sanaa banaa jiruu, cufaan mooraa jalaa jiguun yommuu walirratti lafa dhahu, abbaa moonaa saniitu natti dhufe jedhee naasuu guddaadhaan fiigee baqate. Dhuma irratti, dargaggeessi leenci dhalte immoo, ka'ee gara moonaa Sanaa dhaquudhaan dallaa cabsee jibicha tokko ajjeesee harkisee fiduudhaan haadha isaa biraan yoo baasu, jaldeessimmoo, "Akkamiin seentee fidde?" jedhee gaafate. Yoowwana leencichi "Sanyiin kan facaasan marga," jedhee deebiseef. Kana jechuun sanyiin gootaa goota, sanyiin dabeessaammoo dabeessa jechuusaati. Haati warraa jaldeessaas, "Jalduu bifaan koorii dhugumaanuu 'Sanyiin kan facaasan marga,' gita kee barbaaddadhuu waliin jiraadhu, kan nafaanaa kanumaaan haaraawwatu," jettee ofirraa gaggeessite jedhama.

## Sangoota Sadiifi Waraabessa

Bara durii sangoota sadiitu waliin jiraachaa turan. Bifti isaanii adii, gurraachaafi burree ture. Isaan sadanuu guyyaa tokkollee gargar bahanii hinbeekan. Walumaan oolu; walumaan bulu. Waraabessi tokko garuu akkaataa sangoota kanneen addaan baasee nyaatu dhabee rakkachaa ture. Gaaf tokko tooftaa ittiin gargar baasee nyaatu barbaaddatee sangoota sadan keessaa isaan gurraachaafi burree ofitti waamee, “Sangaa adii kana yoo of biraa ariitan malee bineensonni isin nyaatu; isa of biraa ari’aa,” jedheen. Achumaan isaanis sangaa isa adii sana of biraa ari’an. Sangaa adii kophaatti argatee waraabessichi nyaate. Ammas guyyaa biraa sangaa isa gurraacha ofitti waamee, “Sangaa isa burree kana irraa fagaadhu bineensonni sin arganii dhufanii sin nyaatuu,” jedheen. Ammas sangaa burree ofirraa fageesse inni gurraachi. Sangaa burree sanas waraabessichi kophaatti nyaate. Dhumarratti, sangaa gurraachas kophaattii argate nyaate. Akkasitti sangoota gamtaan jiraachaa turan gargar baasee sadan isaaniiyyuu kopha kophaatti waraabessi gamin nyaatee jedhama.

## Sardiida

Gaaf tokko sardiidniifi waraabessi laga keessatti walitti dhufnaan waraabessi sardiida qabatee takka, ‘Bishaan naaf fidi, iddoo taa’umsaa naaf tolchi,” jedhee baay’ee rakkifnaan sardiidni, “Odoon ani nama ta’ee akkanatti na hinrakkiftu,” jetteen. Innis, “Namni maali?” jennaan sardiidnis namni maal akka ta’e itti agarsiisuuf waraabessa duuka deemte. Oduma deemanii oduma deemanii nama dulloome tokkotti dhufan. Waraabessichi, “Kun namaa?” jennaan sardiidni, “Waawuu! Kun nama ture malee nama miti,” jetteen. Ammas ittuma fufanii odoo deemanii mucaa tokko argee, Kunoo namaa?” jedheen. Sardiidnis, “Waawuu! Nama ta’uufi malee nama miti,” jetteen. Ammas oduma deemanii dargaggeessa qawwee qabatee jiru tokkotti dhufan. Waraabessi, “Kunoo maali?” jedheen. Sardiidnis, “ Inni kunillee namaa, yoo goota taate itti utaalii qabadhu,” jetteen. Waraabessichi dargaggeessicha qabachuuf oggaa itti utaalu dargaggeessichi qawweedhaan dhahee kuffisee ajjeese. Sardiidni yoona kana jalaa baddee deemte jedhama.

## Leencaafi Sardiida

Dur Leenci na dhukkuba jedhee malaan sardiida qabatee nyaachuuf dhukkubsataa fakkaatee manatti hafe jedhan. Achumaan sardiidni akkuma bineensota warra kaanii gaafachuu deemte. Gaafa duraa gaafatteetuma nagaan galte. Gaafa lammaffaas gaafatteetuma nagaan galte. Gaafa sadaffaa irratti sardiidni dhaqxee, "Eda akkamitti isin bulche?" jennaaniin, inni immoo, "Akkanatti na hiixachiisa," jedhee gara isheetti qabachuuf yommuu hiixatu sardiidnis, "Anaan immoo akkanatti na utaalchisa," jettee utaaltee jalaa bade jedhama.

## Obbolaawwan Sadan

Bara durii obbolaawwan baay'ee wallolantu ture. Wal hinjaalatan; yeroo hunda wallolu. Gaaf tokko abbaan isaanii obbalaawwan sadan walitti waamee akka ulee tokko fidan ajaje. Achumaan ulee tokko fidan. Jaarsi ulee sana ni cabse. Ammas ulee lama akka fidan ajaje. Ammas jaarsi (abbaan isaanii) kun isaanuma fuulduratti cabse. Amma ulee baay'isanii akka fidan ajaje. Isaanis baay'isanii fidan. Amma cabsuuf jennaan uleen baay'ee waan ta'eef cabuu dide. Jaarsichi, "Agartanii uleen kun baay'ee waan jiruuf bakka tokkotti cabuu dide; isinis waltaatanii tokkummaadhaan humna yoo waliif taatan diina keessaniif hinmoo'amtan," jedheen. Kanumaan obbolaawwan sadan waljibbaa turan dhiifama walgaafatanii jaalalaan tokkummaadhaan waliin jiraatan jedhama.

## Namicha Jaamaafi Haadha Manaa Isaa

Bara durii namicha jaamaafi haadha manaa isaatu jiru jedhan. Waggaa baay'ee wajjin jiraatan. Oduma wajjin jiraatanii abbaan manaa isheekun jaamee argee deemuu dadhabe. Achumaan niitiin isaa waggaa amma kanaa wajjiin jiraannee nan gataaree jettee kadhattee nyaachisuu jalqabde. Kana booda harka ishaa qabdee gadi buusti; olbaasti. Hojiin ishee kanuma ta'e. Akkanumatti odoo wajjin jiraatanii gaaf tokko isheen mana namaa deemtee galuu diddee jennaan rukute. Achumaan wallolan. Isheen, "Ani siif jedheen waggaa amma kanaa wajjin dabarsine jedheen yaraafi gaarii hunda danda'ee kadhadhee si nyaachisee si obaase, ati immoo na rukuttaa?" jettee gattee deemte. Innis odoo muka jala taa'uu waraabessi itti dhufee, "Maal hojjettaa?" jedhee gaafate. Namichis, 'Nan taa'a," jedhee deebiseef. Waraabessi itti dabalee, "Maarree, fayyaa mitimoo? Maal rakkatte?" jennaan, namichis, "Ijji koo hin argu; dhala

hinqabu; niitiin koo immoo odoo na jiraachiftuu gaaf tokko mana namaa deemtee galuu didnaanan rukute. Kana booda na dhiiftee badde," jedhee itti hime. Waraabessis, "Akkas taanan dhugaa qabdi; yoo amma feete balleessiteyyuu ni obsita malee rukutuu hinqabdu. Kanaaf, balleessaan kan keeti waan ta'eef si nyaachuun qaba," jedhee namicha nyaate jedhama.

## Warra Wal Busheesse

Bara durii miila, harka, ilkaan, ija, gurraafi funyaan ta'anii walii galanii garaa busheessuu (yakkuu) jalqaban. "Ati bu'aa hinqabdu," jedhaniin. Garaanis, "Maalan balleesse?" maalif na yakkitu jedhee gaafannaan, "Ati odoo hin hojjetin waan nuti dhamaanee fidne nyaatta," jedhaniin. Sana booda, "deemi nurraa," jedhaniin. Garaanis dubbiin kun mana murtiitti dhiyaatee akka ilaalamuuf gaafate. Tole jedhanii walii galanii mana murtiitti geeffatan. Amma mana murtii dhaqan. Hundumtuu rakkoo isaanii himatan. Abbaan murtii, "erga walii galuu dadhabdanii beellaman isinii qabaa amma gaafa beellamaatti akkuma duraatti waliigalaatii tokkummaadhaan jiraadhaa," jedheenii hundinuu gara manaatti dacha'an. Oduma deemanii ijji sangaa fuullee gamaatti argee miilaan, "Koottu dhaqnee fidnaa," jedheen. Harka wajjin dafanii fidanii qalanii akka gaaritti qopheessanii garaadhaan, "Koottu ni nyaannaa," jedhaniin. "Hmman murtii argadhutti hin nyaadhu," jedhee dide. Amma hundumtuu beelan dadhabanii jennaan garaa dhiifama gaafatan. Garaanis dhiifama isaanii godhee akka durii isaanitti jiraachuu jalqaban jedhama.

## Hiyyeessaafi Sooressa

Bara durii namoota lamatu waliin jiraata jedhan. Tokko sooressa. Tokko immoo hiyyeessa.Inni sooressi hoolota, harroota, fardeeniifi loon baay'ee qaba ture. Hiyyeessi immoo saroota waan qabuuf isaanumaan adamsuudhaan nyaata argata ture. Gaaf tokko sooressi, "Saroonni namicha hiyyeessaa hoolota kiyya nyaatan," jedhee jaarsoliitti himate.  "Saroota isaa hunda qalaa keessa naaf ilaalaa," jedheen. Jaarsoliin dhiisif jedhanii kadhannaanis dhiisuu dide. Akkuma sooressichi jedheen saroota hunda qalanii keessa ilaalaniifii homaa dhabanii dhiisan. Guyyaa biraa immoo midhaan hiyyeessi harkaan qotate horiin sooressaa itti yaa'anii dheedanii jalaa fixan. Hiyyeessichis jaarsota walitti waamee itti himate. "Akkuma saroota kiyya qaltanitti horii isaa hunda qalaa keessa naaf ilaalaa," jedheen. Jaarsi garuu, "isin lachuu hiyyoomuurra," jedhanii

waan sooressi qabu hunda addaan qoodaniifii, “murtiin ilma hiyyeessaa sooressa hin hanqatu,” jedhaniin jedhama.

## Namichaafi Qeerransa

Bara durii namichi tokko qonna oolee galgala gara mana isaa deemaa odoo jiruu bosona keessaa qeerransi itti bahe. Namichis, naasuudhaan utaalee eegee qeerransaatti rarra’e. Eegee gadi lakkisuuf lubbuu taanaan odoo muddamuu akkasumatti qabatee bule. Gana yeroo lafti bari’u, namichi tokko itti dhufnaan, “Maaloo eegee isaa qabeen jiraa  rukutii ajjeesi,” jedheen. Namichi, “Ani waan lubbuu qabu ajjeesee hinbeeku,” jedheen. Achumaan, “ Erga akkas ta’ee, koottuu eegee isaa naaf qabi nan ajjeesaa,” jedheen. Namichi gowwoomee tole jedhee eegee qeerransaa dhaqee qabee harkisee dhaabbateef. Achumaan namichi duraanuu karaa harkaa bahu dhabee, “Anis waan lubbuu qabu ajjeesee hin beeku,” jedhee itti dhiisee fiigichaan baqatee bade jedhama.

## Kormaa Handaaqqoofi Hantuuta

Durdur jedhama kormaa handaaqqoofi hantuunni hanna loonii dhaqan. Hantuunni kan balballi loonii ittiin hidhame nyaattee kutte. Loon yaafatanii odoo deemanii laga guddaatti dhufnaan hantuunni, “eenyutu ceesisa?” jetteen. Kormaan handaaqqoo, “waliin yaafnee silaa ceesisikaa,” jennaan hantuunni ceesisuuf jettee loon hooftee bishaan lixnaan bishaan ishee nyaate. Handaaqqoon immoo loon irra u’utaalee bishaanicha ce’ee loon fudhatee gale jedhama.